

Leeksikolojiifi Leeksikogiraafii (Lexicology and Lexicography)

Seensa

Koorsii kana keessatti yaadrimaifi maalummaa leeksiikooloojii (lexicology) fi leeksiikoogiraafii (lexicography), maalummaa galmee jechootaa, seenaa dhufaatii galmee jechootaa, seenaa guddina galmee jechootaa Afaan Oromoo, faayidaa galmee jechootaa, kutaalee galmee jechootaa, ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf gargaaran, gosoota galmee jechootaa, galmee jechootaa qopheessuufi galmee jechootaa qeequu baratta.

Boqonnaa isa jalqabaa keessatti yaadrimaifi maalummaa leeksiikooloojiiifi leeksiikoogiraafii, boqonnaa lammaffaa keessatti maalummaa galmee jechootaa, seenaa dhufaatii galmee jechootaa, seenaa guddina galmee jechootaa Afaan Oromoo, faayidaa galmee jechootaa, kutaalee galmee jechootaa, ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf gargaaran, gosoota galmee jechootaa, boqonnaa sadaffaa keessatti qabiyyee galmee jechootaa, boqonnaa arfaffaa keessatti galmee jechootaa qopheessuufi boqonnaa isa dhuma keessatti immoo galmee jechootaa qeequu baratta.

Barsiisaa/tuu! Jalqabaafi dhuma mata dureewan koorsii kanaatti gilgaaloni adda addaa siif kennamaniiru. Gilgaaloni kennaman kunneen hubannoo kee hedduu waan siif cimsaniif sirriitti hojjechuu qabda. Kana malees, xumura xumura boqonnaawwan koorsii kaanaatti gaaffileen of madaallii siif kennamaniiru. Isaanis hubannoo kee siif cimsuu irratti shoora olaanaa waan taphataniif haalaan hojjechuutu sirraa eegama. Deebiwwan gaaffilee gilgaalotaafi ofmadaalliif kennaman immoo xumura koorsii kanaarratti siif kennamanii jiru. Kanaaf, osoo deebiwwan kanneen hinilaaliin gaaffilee siif kennaman hojjechuu yaali. Sanaan booda deebii kee mirkaneeffachuuuf deebiwwan kennaman waliin

wal bir a qabii ilaali. Deebii ati kenniteefi kan xumura koorsii kanaarratti kennaman yoo wal hinsiman ta'e gara mata duree gaaffichi keessaa ba'eetti deebi'ii sirriitti dubbisuun hubadhu. Yoo kana taasistees yaadi isaa siif galuu dide hiriyoota kee koorsii kana si duukaa fudhataa jiran yookiin kanneen kanaan dura fudhatanii darban gaafadhu. Ammayyuu yaadichatti yoo amanuu dadhabde yookiin deebiin hiriyooni kee siif kennanis si quubsuu yoo dide gaafficha yaadannoo kee irratti qabadhuu gaafa ganna itti aanu deebitee barnoota keef dhuftu na gaafachuu ni dandeessa.

Kaayyoo

Xumura koorsii kanaatti:

- Yaadrimeefi maalummaa leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii ni hubatta.
- Tokkummaafi garaagarummaa leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii ni hubatta.
- Maalummaa gal mee jechootaa ni hubatta.
- Kutaalee gal mee jechootaa ni hubatta.
- Ulaagaalee gal mee jechootaa quoduuf gargaaran ni tarreessita.
- Gosoota gal mee jechootaa ni tarreessita.
- Tokkummaafi garaagarummaa gosoota gal mee jechootaa ni hubatta.
- Qabiyyee gal mee jechootaa ni tarreessita.
- Gal mee jechootaa ni qopheessita.
- Gal mee jechootaa ni qeqxa.

BOQONNAA TOKKO

LEEKSIIKOOLOOJIIFI LEEKSIIKOOGIRAAFII

(LEXICOLOGY AND LEXICOGRAPHY)

Seensa

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan barnoota boqonnaa tokkoffaa koorsii kanaatti dhufte. Boqonnaa tokkoffaa koorsii kanaa keessatti yaadrimee leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii, tokkummaafi garaa garummaa jechoota kanneenii, hiika jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii seenaa dhufaatii leeksiikoogiraafii baratta.

Barsiisaa/tuu! Gidduu gidduu barnoota boqonnaa kanaatti immoo gilgaalonni adda addaa siif kennameeru. Gilgaalonni siif kennaman kunneenis hubannoo ati boqonnaa kana keessatti argattu baay'ee waan siif cimsaniif sirriitti hojjechuutu sirraa eegama. Kana malees, xumura boqonnaa kanaatti gaaffileen of madaallii adda addaa siif kennamaniiru. Gaaffilee kanneenis haalaan hojjechuutu sirra jira. Deebiwwan gilgaalota kanneeniif kennaman immoo xumura koorsii kanaa irratti kennamanii jiru. Kanaafuu, osoo deebiwwan kanneenii hinilaaliin gaaffilee siif kennaman hojjechuuf yaali. Sanaan booda deebiin kee siirrii ta'uun mirkaneeffachuuuf deebiwwan gaaffilee boqonnaa kanaaf kennamaniin wal bira qabii ilaali. Deebii ati kenniteefi kan xumura koorsii kanaarratti kennaman yoo wal hinsiman ta'e, gara mata duree gaaffichi keessaa ba'eetti deebi'ii sirriitti dubbisuun hubadhu. Yoo kana taasistes yaadni isaa siif galuu dide hiriyoota kee koorsii kana si duukaa fudhataa jiran yookiin kanneen kanaan dura fudhatanii darban gaafadhu. Kana gootees ammayyuu yaadichatti yoo amanuu dadhabde yookiin deebiin hiriyooni kee siif kennanis si quubsuu yoo dide

gaafficha yaadannoo kee irratti qabadhuu gaafa ganna itti aanu deebitee barnoota keef dhuftu na gaafachuu ni dandeessa.

1.1. Yaadrimee Leeksiikooloojiifi Leeksiikoogiraafii (Concepts of Lexicology and Lexicography)

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan barnoota mata duree kanaatti dhufte. Ani mata duree kana baay'een jaalladha. Yeroon si barsiisus hedduun itti gammada. Sababni isaas tokkummaafi garaagarummaa jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii waan nama barsiisuuf. Kana malees, yaadrimee jechoota kanneeniinis sirriitti waan nama hubachiisuuf.

Kaayyoo

Xumura boqonnaa kanaatti:

- Yaadrimee leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii ni ibsita.
- Maalummaa leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii ni himta.
- Tokkummaafi garaagarummaa leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii adda baasta.
- Seenaa dhufaatii leeksiikoogiraafii ni ibsita.

Barsiisaa/tuu! Mata duree kana jalatti yaadrim ee leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhuu baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffilee armaan gadii deebisuuf yaali.

- Jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhaman kanneen dhageessee yookiin argitee beektaa?
- Yoo deebiin kee ‘Eyyee’ ta’e waa’ee jechoota kanaa gabaabsii ibsi.
- Jechi leeksiikoogiraafii jedhu yoom hojiirra oole jettee yaaddaa?

Jechoonni leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii (lexicology and lexicography) jedhaman lamaanuu jecha Girikii leeksiikoo (lexiko) jechuunis jecha (word) kan jedhurraa dhufan. Xiyyeffannoonaanisaanii lamaanuu jechadha.

Gama biroon leeksiikooloojiin jecha 'lexico' jechuunis (jechoota)fi 'logos' jechuunis barachuu ykn saayinsii jedhurraa dhufe. Kana jechuunis leeksiikooloojiin saayinsii jechoota qoratu jechuudha.

Leeksiikoogiraafiin immoo jecha 'lexico' jechuunis jechoota 'graph' jechuunis barreessuu jedhurraa dhufe. Kana jechuunis leeksiikoogiraafiin waa'ee jechoota barreessuu qorata jechuudha. Hiikni madda jechoota kanaa matumti isaa bal'ina damee xiinqooqa kanneenii ibsa. Kana jechuunis leeksiikooloojiin saayinsii jechoota qoratu yommuu ta'u, leeksiikoogiraafiin immoo jechoota unka qabatamaa ta'een jechuunis haala gal mee jechootaatiin barreessuu ilaala. Jechoonni leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhaman kunneenis kan baay'ee walfakkaataniifi leeksiikoogiraafiin leeksiikooloojii irraatti kan hirkatudha. Gama biroon leeksiikoogiraafiin hojiirra oolmaa leeksiikooloojii (applied lexicology) jedhamuu danda'a.

Leeksiikoogiraafiin akkuma leeksiikooloojii jechoota qorata. Haa ta'u malee leeksiikooloojiin irra guddaa amaloota waliigalaa jechootaa irraatti xiyyeffata. Leeksiikoogiraafiin immoo amala tokko tokkoo jechoaa qorachuu barbaadee irraatti xiyyeffata. Walumaagalatti leeksiikoogiraafiin gal mee jechootaa barreessuu yookiin qopheessuu, ogummaa gal mee jechootaa barreessuu ykn saayinsii gal mee jechootaa qopheessuuti.

Jechi leeksiikoogiraafii jedhamu akka lakkoofsa Awurooppaatti bara 1680 keessa dhimma itti ba'amuu eegalame.

Namni hojii leeksiikoogiraafii hojjetu qopheessaa galmee jechootaa /lexicographer/ jedhama. Leeksiikooloojiin bu'uura yaaddiddama leeksiikoogiraafiif kenna. Leeksiikooloojii keessatti qorannoon jechootaa akka waliigalaatti (objective) ta'ee yaaddiddama hiika jechootaafi himaa (semantic) fi uumama jechootaatiin geggeeffama. Leeksiikoogiraafii keessatti hiikni baay'een yaada dhuunfaa irratti hundaa'a. Kana jechuun loogii qopheessaa galmee jechootaarraa bilisa miti jechuudha. Leeksiikooloojiin irra caalaa yaaddaiddamarratti hundaa'a. Haata'u malee, leeksiikoogiraafiin immoo irra caalaa hojiirra oolmaa yaaddiddama kanaarratti xiyyeffata.

Leeksiikoogiraafiin hojiirra oolmaa leeksiikooloojiiti. Leeksiikoogiraafiin yaaddiddama yoo of keessaa qabaateyyuu hojiirra oolmaa irratti yommuu xiyyeffatu, leeksiikooloojiin immoo irra caalaa yaaddiddama irratti xiyyeffata.

Leeksiikoogiraafiin haala jechoonni galmee jecchoota keessssatti hammatamanii irratti xiyyeffata. Kanaafuu, leeksiikoogiraafiin yaaddiddamaafi hojiirra oolmaa qophii galmee jechootaati.

Walumaagalatti, leeksiikoogiraafiin qophii, itti fayyadamaafi madaallii galmee jechootaa irratti xiyyeffata.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti yaadrimee leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhamanii hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 1

1. Yaadrimee leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jecha mataa keetiin ibsi.

2. Leeksiikoogiraafiin hojiirra oolmaa leeksiikooloojiiti yommuu jedhu maal jechuu akka ta'e ibsi.

1.2. Maalummaa Leeksiikooloojiifi Leeksiikoogiraafii

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti yaadrimeen leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhamanii barattee jirta. Kunis maddi jechoota kanneenii maal akka ta'e, tokkummaafi garaagarummaa isaaniifi seenaa jecha leeksiikoogiraafii jedhuu ilaaltee jirta. Kanaafuu, qabxiilee as jalatti ka'an kanneen sirriitti hubatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo maalummaa leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsa mata duree kana jalatti dhiyaateetti hinseeniin gaaffilee itti aanee jiru kana deebisuuf yaali.

- Jechootni leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhaman kunneen maal jechuu akka ta'an tilmaamuu dandeessa?

- Garaagarummaan leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii maal jettee yaaddaa?

Hayyoонни adda ddaa jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii haala garaa garaatiin hiiku. Kanneen keessaa muraasa isaanii akka armaan gaditti ibsu. Kitaabni ‘Oxford Advanced learners dictionary’ jedhamu jecha leeksiikooloojii yommuu ibsu, “*Lexicology is the study of the form, meaning and behaviour of words*” jedha. Akkuma ibsa kanarraa hubatamu leeksiikooloojiin kan unka, hiikaafi amala jechootaa qoratudha. Akkasumas, kitaabni ‘Macmillan English dictionary’ jedhamu yommuu hiiku, “*Lexicology is the study of the form and meaning of*

words" jedha. Yaada kanarraas akkuma hubatamu leeksiikooloojiin kan unkaafi hiika jechootaa qoratudha. Odeeffannoon toora interneetiirraa argame immoo yommuu ibsu, leeksiikooloojiin dame xiinqoqaa ta'ee kan waa'ee jechootaa, amalaafi hiika isaanii, walitti dhufeunyaafi garee isaanii qoratudha.

Gama biroon kitaabni 'Oxford Advanced learners dictionary' jedhamu immoo jecha leeksiikoogiraafii yommuu ibsu, "*Lexicography is the theory and practice of writing dictionaries*" jedha. Akkuma yaada kanarrraa hubachuun danda'amu, leeksiikoogiraafiin yaaddiddamaafi hojirra oolmaa gal mee jechootaa barreessuuti. Akkasumas, kitaabni 'Macmillan English dictionary' jedhamu yommuu hiiku, "*Lexicography is the job of writing a dictionary*" jedha. Yaada kanarra akkuma hubatamu, leeksiikoogiraafiiin hojii gal mee jechootaa qopheessuuti. Itti dabalees, kitaabni 'Longman dictionary of contemporary English yeroo ibsu, "*Lexicography is the skill, practice, or profession of writing dictionaries*" jedha. Ibsa kanarraas akkuma hubatamu leeksiikoogiraafiiin dandeettii, hojirra oolmaa ykn ogummaa gal mee jechootaa barreessuuti.

Walumaagalatti hayyooni armaan olitti ibsaman kunneen jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhaman karaa adda addaan haa ibsan malee yaadni bu'uuraa isaanii walfakkaata. Kunis leeksiikooloojiin saayinsii jechoota qoratu yommuu ta'u, leeksiikoogiraafiiin immoo ogummaa gal mee jechootaa qopheessuu ilaala.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti maalummaa jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhamanii hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 2

1. Maalummaa jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhamanii jecha mataa keetiin ibsi.

2. Tokkummaafi garaagarummaa jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii ibsi.

Cuunfaa

Barsiisaa/tuu! Barnoota boqonnaa kana keessatti baratteraa hubannoo guddaa akka argatte abdiin qaba. Qabxiileen bu'uuraa boqonnaa kana keessattis dhiyaatanis kanneen armaan gaditi.

Inni jalqabaa yaadrimée leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii. Kunis jechoonni leeksiikooloojii fi leeksiikoogiraafii jedhaman kunneen lamaanuu jecha Giriikii leeksiikoo (lexiko) jechuunis jecha (word) kan jedhurraa dhufan.

Gama biroon leeksiikooloojiin jecha 'lexico' jechuunis (jechaa)fi 'logos' jechuunis barachuu ykn saayinsii jedhurraa dhufe. Kana jechuunis leeksiikooloojiin saayinsii jechoota qoratu jechuudha.

Leeksiikoogiraafiin immoo jecha 'lexico' jechuunis jechaafi 'graph' jechuunis barreessuu jedhurraa dhufe. Kana jechuunis leeksiikoogiraafiin waa'ee jechoota barreessuu qorata jechuudha.

Inni lammaffa immoo maalummaa jechootaa leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafiiti. Innis leeksiikooloojiin saayinsii jechoota qoratu yommuu ta'u, leeksiikoogiraafiin immoo ogummaa galmee jechootaa qopheessuuti. Namni hojii leeksiikoogiraafii hojjetu immoo qopheessaa galmee jechootaa /lexicographer/ jedhama.

Mirkaneeffannoo

Barsiisaa/tuu! Amma boqonnaa tokkoffaa koorsii kanaa xumurtee jirta. Kanaaf, boqonnaa itti aanutti osoo hindarbiin barnoota boqonnaa tokkoffaa kana keessatti hordofaa turte sirriitti hubachuu kee mirkanneeffachuu qabda. Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatanis hubannoo ga'aa argachuufi dhiisuu kee mirkanneeffachuu si gargaaru. Waan kana ta'eef, hubannoo argachuufi dhiisuu kee mirkanneeffachuu yoo hubatteetta ta'e, deebii **Eeyyee** jalatti mallatoo (✓), yoo hinhubanne ta'e immoo deebii **Lakkii** jedhu jalatti (X) kaa'uun erga agarsiistee booda kan hinhubanne haalaan hubachuuf duubatti deebi'uun sirriitti dubbisi. Erga sirriitti irra deddeebitee dubbistee booda, ammas gara gaaffichaatti deebi'uun hubachuu kee mirkanneeffadhu.

Lakk.	Gaaffilee	Deebii	
		Eyyee	Lakki
1.	Yaadrimee leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii hubatteettaa?		
2	Maalummaa leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii ni ibsita?		
3.	Tokkummaafi garaagarummaa leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii ni ibsita?		

Gaaffilee of Madaallii

Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni.

1. Leeksiikooloojiin bu'uura yaaddiddama leeksiikoogiraafii kenna yommuu jedhu maal jechuu barbaadeetii?

2. Namni hojii gal mee jechootaa hojjetu maal jedhama?

3. Leeksiikoogiraafii keessatti hiikni baay'een yaada dhuunfaa irratti hundaa'a. Yaadni kun maal jechuu akka barbaade ibsi.

4. Jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhaman keessaa caalaa kan yaaddiddama irratti xiyyeffatu isa kami?

BOQONNAA LAMA GALMEE JECHOOTAA /DICTIONARIES/

Seensa

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan barnoota boqonnaa tokkoffaa koorsii kanaa xumurtee gara barnoota boqonnaa lammaffaa koorsii kanaatti dhufte. Boqonnaa tokkoffaa koorsii kanaa keessatti yaadrimnee leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii, tokkummaafi garaa garummaa jechoota kanneenii, hiika jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafiifi seenaa dhufaatii leeksiikoogiraafii barattee jirta. Kanaaf, waa'ee qabxiilee kanneenii hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Boqonnaa lammaffaa koorsii kanaa keessatti immoo waa'ee maalummaa galmeed jechootaa, seenaa dhufaatii galmeed jechootaa, seenaa guddina galmeed jechootaa Afaan Oromoo, faayidaa galmeed jechootaa, adeemsa itti fayyadama galmeed jechootaa, caasaalee gurguddaa galmeed jechootaa,

jecha bu'uuraa, caasaalee xixiqqaa gal mee jechootaa, gosoota gal mee jechootaa, ulaagaalee gal mee jechootaa qooduuf barbaachisan, kutaalee gal mee jechootaa, tokkummaafi garaagarummaa gal mee jechootaa afaan dhalootaafi gal mee jechootaa barattootaa baratta.

Barsiisaa/tuu! Gidduu gidduu barnoota boqonnaa kanaatti immoo gilgaaloni adda addaa siif kennameru. Gilgaaloni siif kennaman kunneen hubannoo ati boqonnaa kana keessatti argattu baay'ee waan siif cimsaniif sirriitti hojjechuutu sirraa eegama. Kana malees, xumura boqonnaa kanaatti gaaffileen of madaallii adda addaa siif kennamaniiru. Gaaffilee kanneen haalaan hojjechuutu sirra jira. Deebiwwan gilgaalota kanneeniif kennaman immoo xumura koorsii kanaa irratti kennamanii jiru. Kanaafuu, osoo deebiwwan kanneenii hinilaaliin gaaffilee siif kennaman hojjechuuf yaali. Sanaan booda deebiin kee siirrii ta'uun mirkaneeffachuuf deebiwwan gaaffilee boqonnaa kanaaf kennamaniin wal bira qabii ilaali. Deebii ati kenniteefi kan xumura koorsii kanaarratti kennaman yoo wal hinsiman ta'e, gara mata duree gaaffichi keessaa ba'eetti deebi'ii sirriitti dubbisuun hubadhu. Yoo kana taasistes yaadni isaa siif galuu dide hiriyoota kee koorsii kana si duukaa fudhataa jiran yookiin kanneen kanaan dura fudhatanii darban yookiin kanneen dhimma kanarratti hubannoo qabu jettee yaaddu gaafadhu. Kana gootees ammayyuu yaadichatti yoo amanuu dadhabde yookiin deebiin hiriyooni kee siif kennanis si quubsuu yoo dide gaafficha yaadanno kee irratti qabadhuu gaafa ganna itti aanu deebitee barnoota keef dhuftu na gaafachuu ni dandeessa.

Kaayyoo

Xumura boqonnaa kanaatti:

- Maalummaa gal mee jechootaa ni ibsita.
- Seena dhufaatii gal mee jechootaa ni himta.

- Seenaa guddina galmee jechootaa Afaan Oromoo ni himta.
- Faayidaa galmee jechootaa ni tarreessita.
- Caaasaalee xixiqqaafi gurguddaa galmee jechootaa ni himta.
- Maalummaa jecha bu'uuraa galmee jechootaa ni ibsita.
- Kutaalee galmee jechootaa ni tarreessita
- Faayidaa tokkoo tokkoo kutaalee galmee jechootaa ni tarreessita.
- Ulaagaalee galmee jechootaa quoduuf gargaaran ni tarreessita.
- Gosoota galmee jechootaa ulaagaalee adda addaa irratti hundooftee ni himta.
- Tokkummaafi garaagarummaa galmee jechootaa afaan dhalootaafi galmee jechootaa barattootaa ni himta.
- Adeemsa itti fayyadama galmee jechootaa ni ibsita.

2.1. Maalummaa Galmee Jechootaa

Basiisaa/tuu! Baga nagaan gara baroota mata duree kanaatti dhufte. Mata duree kana jalatti waa'ee maalummaa galmee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hinseeniin gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan deebisuuf yaali.

- Jecha ‘Galmee jechootaa’ jedhu Afaan Oromoo keessatti namoonni adda addaa maal maal jechuun waamuu?

- Galmee jechootaa jechuun maal jechuu akka ta'e barreeffamaan ibsi.

Jecha ‘Galmee jechootaa’ jedhu Afaan Oromoo keessatti namoonni garaa garaa maqaa adda addaan waamu. Namootni gartokko ‘kuusaa jechootaa’ yommuu jedhan kan biroon immoo ‘Guuboo jechootaa’ jechuun waam’u. Namoonni kunneen jechoota garaa garaaniyuu haa waaman malee yaadni bu’uraa isaanii tokkodha.

Galmee jechootaa kanas hayyoonni adda addaa haala garaa garaan hiiku. Galmeen jechootaa ‘Oxford Advanced Learner’s Dictionary’ jedhamu yommuu hiiku, “*Dictionary is a book that gives a list of the words of a language in alphabetical order and explains what they mean, or gives a word for them in a foreign language*” jedha. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda’amu, galmeen jechootaa kitaaba tarreeffama jechoota afaan tokkoo tartiiba qubeetiin kaa’uifi maal jechuu akka ta’an kan ibsu yookiin kan jecha afaan tokkoo afaan alaatti hiikudha. Yaada kana deeggaruun galmeen jechootaa ‘Longman Dictionary of

Contemporary English' (2005) jedhu yommuu hiiku, "Dictionary is a book that gives a list of the words of a language in alphabetical order and explains their meanings in the same language or another language" jedha. Ibsa kanarraa hubachuun akkuma danda'amu, galmeen jechootaa kitaaba tarreeffama jechoota tartiiba qubeetiin kaa'uufi hiika isaanii afaanuma sanaan yookiin afaan biroo ibsudha. Akkasumas, galmee jechootaa 'Macmillan English Dictionary' jedhamus yommuu ibsu, "Dictionary is a book that gives an alphabetical list of words with their meanings or translation," jedha. Akkuma ibsa kanarraa hubachuun danda'amu, galmeen jechootaa kitaaba tarreeffama jechoota tartiiba qubeetiin kaa'uun hiika yookiin jijiirraa isaanii kennudha. Kana malees, kitaabni 'The New Encyclopeadia Britannica' jedhu yommuu ibsu, "Dictionary is a reference book that lists words in order and gives their meanings" jedha. Ibsa kanarraa hubachuun akkuma danda'amu, galmeen jechootaa kitaaba wabii jechoota tartiibaan kaa'uufi hiika isaanii kennudha.

Itti dabalees, Jackson (2003) yommuu ibsu, "A dictionary is a reference book about words. It is a book about language" jedha. Yaada kanarraa akkuma hubatamu, galmeen jechootaa kitaaba wabii waa'ee jechootaati. Gama biroon galmeen jechootaa kitaaba waa'ee afaniiti jechuun ni danda'ama.

Galmeen jechootaa hojii xumuraa kan ogommaa galmee jechootaati. Kunis haala armaan gadiitti hayyootaan ibsameera:

A dictionary is only a finished product, the result of a complex process. It is a reference book or list of words usually in an alphabetical order together with a guide to their meanings, pronunciations, spelling or equivalents in other languages or in simple words in the same language (Siyalifi Jindal, 2005:50).

Waraabbi armaan oliirraa akkuma hubatamu, galmeen jechootaa, adeemsa walxaxaa sirna galmeen jechootaa ittiin qophaayu mara darbuudhaan bu'aa argamu. Bu'aan argame (galmeen jechootaa) kunis

odeeffannoo namni luga baratu barbaadu of keessatti hammata. Odeeffannoo galmeen jechootaa hammatus caasaalee lama akka qabu hayyooni akka (Brumfit, 1985fi Bejoint, 1994) niibsu. Isaanis: caasaa gurguddaafi caasaa xixiqlaati (Macro and Micro structure).

Waliigalaatti galmeen jechootaa kitaaba jechoota afaan tokkoo yookiin kan afaan tokkoo olii ta'anii tartiiba qubeetiin kaa'aman, kan odeeffannoo akkaataa itti fayyadama afaanii ofkeessaa qabu, akkasumas, kan odeeffannoo kanneen akka hiika jechootaa, madda jechootaa, xiinqooqa, sagaleessuufi kan biroo kan kennudha.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti maalummaa galmee jechootaa hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 1

1. Afaan Oromoo keessatti jecha 'Galmee jechootaa' jedhu namoonni maal maal jedhanii akka waaman tarreessi.

2. Maalummaa galmee jechootaa jecha mataa keetiin ibsi.

2.2. Seenaa Dhufaatii Galmee Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti maalummaa galmee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kana hubatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo seenaa dhufaatii galmee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hindeemiin gaaffilee armaan gadii deebisuuf yaali.

- Jechi galmee jechootaa ‘dictionary’ jedhu afaan maalirraa dhufe jettee yaadda?

- Galmee jechootaatti fayyadamuun yoom eegale jettee yaaddaa?

Jechi galmee jechootaa ‘dictionary’ jedhu jecha Afaan Laatinii ‘dictio’ jechuunis haala dubbannaafi ‘dictionarius’ jechuunis walitti qabama jechootaa jedhurraa dhufe. Jecha galmee jechootaa ‘dictionary’ jedhamuttis jalqaba jaarra 13^{ffaa} keessa akka ‘dictionarius’tti kan dhimma itti ba’e nama lammii biyya Ingilizii kan ta’e ‘John Garland’ ture. Jecha ‘dictionarim’ jedhamutti immoo jaarraa 14^{ffaa} keessa dhimma itti ba’ame. Kitaabni jalqaba galmee jechootaa Afaan Ingiliziitiin barreeffame galmee jechootaa ‘Latin_ English dictionary’ jedhamu yommuu ta’u, namni kitaaba kana barreeses ‘Sir Thomas Elyot’ jedhama. Barri galmeen jechootaa kun itti barreeffames akka lakkofsa Awurooppaatti 1538 keessa ture. Akka hayyoota baroota giddugaleessaatti (medieval scholar) galmeen jechootaa namoota Afaan Laatinii barachuu barbaadaniif jechoota filatamoo yookiin gaaleewwan filatamoo walitti qabuu ture. Faayidaan galmee jechootaa baroota giddugaleessaa ‘glossing text’ fi hiika walfakkii kennuufii ture.

Walumaagalatti, jechi gal mee jechootaa jedhu jalqaba jaarraa 13^{ffaa} irraa eegalee maqaalee adda addaatiin mogAAFamuun tajaajilaa ture. Fakkeenyaaaf, maqaan jalqaba bakka jecha gal mee jechootaa ‘dictionary’ jedhamuu dhimma itti ba’amaa ture ‘dictionarius’ kan jedhamu yommuu ta’u, itti aanee immoo jecha ‘dictionarim’ jedhamutti dhimma ba’amaa ture. Sanaan booda, jecha ‘dictionary’ jedhamuun bakka bu’uun hanga har’aatti tajaajilaa jira.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti seenaa dhufaatii gal mee jechootaa hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 2

1. Galmeen jechootaa inni jalqabaa afaan maaliin qophaa’e?
Eenyuunis qophaa’e? Barri isaa hoo yoomi?

2. Faayidaan gal mee jechootaa baroota giddu galeessaa maal ture?

3. Jechi gal mee jechootaa jedhu dura maal maal jedhamuun waamamaa ture?

2.3. Seenaa Guddina Galmee Jechootaa Afaan

Oromoo

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti seenaa dhufaatii gal mee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo gaarii argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo seenaa guddina galmee jechootaa Afaan Oromoo baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kennname deebisuuf yaali.

- Gal mee jechootaa Afaan Oromoo amma yoonaatti barreeffaman barreessaa isaanii waaliin hamma beektu barreessi.

- Galmee jechootaa Afaan Oromoo kanneen keessaa kan itti fayyadamtee beektu maal maal fa'i?

Afaan Oromoo afaan dubbattoota hedduu qabu yoo ta'eyyuu kan yeroo dheeraaf/jaarrraa tokkoo oliif/ hacuuccaa jala ture ta'uun isaa ni yaadatama. Waa'ee bal'ina afaan kanaa ilaachisee Abarraa (1997) Gragg (1982) fi Gadaa (1988) wabeeffachuun yommuu ibsu, Afaan Oromoo afaanota bal'inaan Afrikaa keessatti dubbataman keessaa isa tokko yommuu ta'u, lafa bal'aafi uummata baay'ee gara miliyoona 24 ol ta'uun akka afaan jalqabaatti ittiin dubatama. Afaan Oromoo afaanota bal'inaafi baay'inaan ardi Afrikaa keessatti dubbatamuun beekaman keessaa Afaan Arabaafi Hawsaatti aanee sadarkaa sadaffaarratti argama. Afaan Oromoo kan uummata Oromoo hinta'iiniin akka afaan lammaffaatti dubbatan miliyoona lamaa gadi hintaanetu argama.

Dhugaan jiru kana haata'u malee, afaan kun hanga yeroo dhiyootti afaan ogbarruufi afaan barnootaa ta'uun carraa guddachuu hinargatiin

ture. Sababoota beekamaafi hinbeekamiiniin Afaan Oromoo ta'e jedhamee jaarraa tokkoo oliif akka hinguddanne taasisameera.

Guddina Afaan Oromootiif hojiin yeroo dhiyoo asitti hojjetame jiraatus, barreeffamoonni qormaata afaanii, keessattuu hojiin qophii galmee jechootaa ilaachisee maxxansaman baay'ee muraasadha. Hojiwwan muraasni hojjetaman kunneenis fakkeenyaaaf,

- Xilahuun Gamtaa (Dr) (1989) **Oromo-English Dictionary**
- Mahaadii Hamiid Muuddee (1988) **English-Oromo Dictionary**
- Akkaadaamii Afaanoota Saboota Itoophiyaatiin kan maxxansame (1988) **Galmee Jechootaa Afaan Oromoo: Afaan Oromoo Afaan Oromootiin kan hiiku.**
- Abarraa Nafaaffaa (1987) **Galmee Jechootaa Afaan Amaaraa-Afaan Oromoo**
- Abarraa Nafaa (1997) **Galmee Jechootaa Afaan Oromoo-Afaan Amaaraa-Afaan Ingilizii**
- Hinseenee Makuriyaa (2006) **Galmee Jechootaa Afaan Oromoo-Afaan Amaaraa-Afaan Ingilizii**
- Hinseenee Makuriyaa (2007) **Galmee Jechootaa Afaan Ingilizii-Afaan Oromoo-Afaan Amaaraa**
- Legese Geleta (2007) **Galmee Jechootaa Afaan Ingilizii-Afaan Oromoo-Afaan Amaaraa fi kkfdha.**

Haata'u malee, yaaliin taasisame kan hintufatamne yoo ta'eyyuu fedhiin namoota galmee jechootaa afaan kanaatti fayyadaman waan dabalaan deemaa jiruuf dhimma kanarratti hojii baay'een hojjetamuu qaba.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti seenaa guddina galmee jechootaa Afaan Oromoo hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 3

1. Afaan Oromoo afaanota ardi Afrikaa keessatti bal'inaan dubbataman keessaad sadarkaa meeqaffaarratti argama?

2. Afaan Oromoo hanga yeroo dhihootti afaan ogbarruufi barnootaa ta'uun maaliif hinguddanne jettee yaaddaa?

-
-
-
3. Galmeen jechootaa Afaan Oromoo amma yoonaatti barreeffamee jiru keessaa kan beektu barreessaa isaanii waliin tarreessi.
-
-
-
-
-
-
-

2.4. Faayidaa Galmee Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti seenaa guddina galmee jechootaa Afaan Oromoo barattee jiirta. Kanaafuu, yaada kana hubatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo faayidaa galmee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kennname deebisuuf yaali.

- Ati galmee jechootaatti ni gargaaramta? Deebiin kee ‘Eeyyee’ yoo ta’e sababa maal maaliif dhimma itti baataa?

- Akka waliigalatti galmeen jechootaa faayidaa akkam akcamii qaba jettee yaaddaa?

Galmeen jechootaa dagaaginaafi babal'ina afaan tokkoo keessatti shoora olaanaa taphata. Yaada kana ilaachisee Abarraa (1997) yommuu ibsu, galmeen jechootaa guddinaafi hojiiwwan qormaataaf gargaaruurra darbee afaanichi dhaloota itti aanuuf akka lubbuun turuuf gumaacha guddaa taasisa. Galmeen jechootaa barnoota babal'isuufi quunnamtii cimsuuf, akkasumas, hojii saayinsiifi qaroomaa tamsaasuufi kkf tajaajiluu danda'a jedha.

Akkasumas, odeeffannoon toora interneetiirraa argame yommuu ibsu, “*Dictionaries can be used to check spelling, to learn new words, to find or double-check the meaning of a word you encounter, or to find the right word to use,*” jedha. Akkuma ibsa kanarraa hubachuun danda'amu, galmeen jechootaa qubee jechi tokko ittiin barreeffame sirrii ta'uun mirkanoeffachuuf, jechoota haaraa barachuuf, hiika jecha dhimma itti ba'uun barbaannuu tokkoo baruuf, hiika jechaa nu mudate tokkoo

baruuf, hubannoo jechoota sirrii yookiin mijatoo ta'anitti gargaaramuu argachuufi kkf tajaajiluu danda'a jedha.

Kana malees, kitaabni 'The New Encyclopediad Britannica' jedhamu faayidaa gal mee jechootaa yommuu ibsu, galmeen jechootaa faayidaa isaa bu'uuraa kan ta'e hiika jechootaa kennurratti dabalatee odeeffannoo waa'ee haala sagaleessuu, unkaalee seerlugaafi tajaajila isaanii, maddaafi seenaa jechootaa, haala qubeessuu, gabaajeewan beekamoo, hiika walfakkiifi hiika faallaa jechootaa kennuu danda'a. Itti dabalees, haala itti fayyadama jechootaas agarsiisuu danda'a. Kun immoo faayidaa jechootaa beekamoo haala yeroo waliin deeman hubachisuuf oola.

Itti dabalees, galmeen jechootaa fedhii qabatamaa namootaa guutuuf qophaa'a. Itti fayyadamaan yookiin dubbisaa gal mee jechootaa faayidaalee armaan gadii irraa argachuuf dhimma itti ba'a. Isaanis:

1. Akka kitaaba wabii odeeffannoo adda addaatti:
Kunis waa'ee jechootaa ilaalcissee odeeffannoo adda addaa kanneen akka sagaleessuu, maddaa, akkaataa itti fayyadamaa fi kkf argachuuf
2. Akka kitaaba wabii haala itti fayyadama gaarii itti fayyadama dogoggoraarraa adda baafachuufi
3. Akka kitaaba odeeffannoo ittiin qulqulleeffatannuttis gargaaruu danda'a.

Kana malees, Jackson (2003) faayidaa gal mee jechootaa yommuu ibsu, itti fayyadamtooni gal mee jechootaa gal mee jechootaatti kan gargaaraman hiika jecha hinbeekne tokkoo barbaaduufi haala qubeessuu isaa adda baafachuu yookiin mirkanoeffachuu ni caala. Akkasumas, jecha hinbeekne tokko akkamitti akka sagaleeffamu baruuf isaan gargaara. Kana malees, barattooni afaanii waa'ee seenaafi madda jechootaa yookiin waa'ee baay'ina hiika jechi sun qabu hubachuuf isaan

tajaajila. Itti dabalees, galmeen jechootaa akka kitaabilee wabiittis tajaajiluu danda'a.

Walumaagalatti faayidaan galmee jechootaa inni guddaan hiika jechootaa kennuu yoo ta'eyyuu faayidaa hedduu qaba. Kunis akkaataa qubeessuu, haala sagaleessuu, garee jechootaa, haala itti fayyadama jechootaa, uumama jechootaa, madda jechootaafi kkf kennuu danda'a.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti faayidaa galmee jechootaa hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 4

1. Faayidaa galmeen jechootaa kallattii garaa garaa qabu ibsi.

2. Galmeen jechootaa dagaaginaafi babal'ina afaan tokkoo keessatti shoora maalii akka qabu ibsi.

2.5. Adeemsa Itti Fayyadama Galmee Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti faayidaa galmee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee adeemsa itti fayyadama galmee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Yeroo galmee jechootaatti fayyadamtu gochaalee maal maal akka raawwatu duraa duubaan ibsi.

- Galmee jechootaatti fayyadamuu keessatti wantoota maal maaltu raawwatamuu qaba jettee yaadda?

Waa'ee adeemsa galmee jechootaatti fayyadamuu keessatti wantoota raawwatamuu qabanii ilaachisee Jackson (2002) Scholfield (1999) wabeeffachuun yommuu ibsu, adeemsa galmee jechootaatti fayyadamuu keessatti sadrkaalee shantu jira jedha. Isaanis:

1. Barattooni jechoota ilaaluu barbaadan adda baafachuudha. Kana jechuun jecha yookiin gaalee hiikni isaa hinbeekamne adda baafachuudha.
2. Barattooni galmee jechootaatti kan gargaaraman rakkoo isaaniif fala argachuuf akka ta'e murteessuu
3. Barattooni jecha yookiin gaalee hiika isaa galmee jechootaa keessaa barbaadaniif jecha bu'uuraasaa adda baafachuu qabu.
4. Barattooni jechi bu'uuraa inni sirriin isa kam akka ta'e agarsiisuu qabu.
5. Odeeffannoo hiika jecha argametti gargaaramuudha.

Qabxiilee armaan olitti ibsaman keessaa kan sadarkaa 3ffaafi 4ffaa irratti ibsaman walduraa duubaan caasaalee gurguddaafi caasaalee xixxiqqaa jedhamuun beekamu.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti Waa'ee adeemsa gal mee jechootaatti fayyadamuu keessatti wantoota raawwatamuu qabanii ilaachisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 5

1. Adeemsa gal mee jechootaatti fayyadamuu keessatti sadarkaalee keessa darbamuu qaban ibsi.
-
-
-
-
-
-

-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
2. Sadarkaalee kanneen keessaa isaan kamtu caasaalee xixiqqaafi caasaalee gurguddaa jalatti ramadamu?
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-

2.6. Caasaalee Gurguddaa Galmee Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee adeemsa itti fayyadama galmeec jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee caasaalee gurguddaa galmee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Ka'umsi galmee jechootaa maal jettee yaaddaa?

- Caasaalee gurguddaa gal mee jechootaa yom muu jedhu maal jechuudha jettee yaadda?
- Caasaalee gurguddaa gal mee jechootaa warri jedhaman maal maal fa'i jettee yaadda?

Caasaalee gurguddaa gal mee jechootaa warri jedhaman jechi bu'uuraa maal akka bakka bu'uufi jechoonni bu'uuraa akkamitti akka tartiibeffaman kan ilaaludha.

Galmeen jechootaa ka'umsi isaa caasaa gurgudaadha. Kana yoo hin taane, gal mee jechootaa jedhamuu hindanda'u. Yaada kana deeggaruun Kadir (2007) Bejot (1994) wabeeffachuun yom muu ibsu,

It is totally impossible to imagine a dictionary without a macro-structure: all dictionaries necessarily have a list of entry- words, and if the list is not structured at all the book is clearly not dictionary, jedha (Fuula 12).

Kitaabni tokko caasaa gurguddaa yoo hinqabu ta'e gal mee jechootaa jedhamuu tasumaa hindanda'u. Kitaabichi gal mee jechootaa jedhamuuf jechoonni bu'uuraa tartiiba qubeetiin tarreeffamanii taa'uu qabu.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti Waa'ee caasaalee gurguddaa gal mee jechootaa ilaachisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 6

1. Caasaalee gurguddaa gal mee jechootaa warra jedhaman tarreessi.
-
-
-
-
-
-
-
-

-
-
2. Galmeen jechootaa tokko galmee jechootaa jedhamuuf maal ta'uu qaba?
-
-
-
-
-
-
-

2.6.1. Jecha Bu'uuraa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee caasaalee gurguddaa galmee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo maalummaa jecha bu'uuraa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Jecha bu'uuraa yommuu jedhu maal jechuudha jettee yaadda?

- Jechi bu'uuraa akkamitti barreeffamuu qaba jettee yaaddaa?

Maalummaa jecha bu'uuraa ilaachisee Kadir (2007) Landau (1984) wabeeffachuun yommuu ibsum, “Every word or phrase that is explicitly or implicitly defined, so long as it is clearly identifiable usually by appearing in bold face type is an entry” jedha. Akkuma ibsa kanarraa hubachuun danda’amu, jechi yookaan gaaleen gurraacha’ee barreeffamuun karaa ifaa yookiin dhokataan hiikni kennamuuf jecha bu'uuraa jedhama.

Haalli jechi bu'uuraa ittiin barreeffamu seera mataa isaa qaba. Isaanis:

1. Gurraacha’uun barreeffamuu qaba.
2. Maqaa dhuunfaarrraa kan hafe kanneen biroon qubee xiqqaan eegalamuu qabu.
3. Salphaatti akka mul’atuuf, gara bitaatti siqee barreeffamuu qaba.

4. Jechoonni bu'uraa haala tartiiba qabee afaanichaa eegee barreeffamuu qaba.

Jechi bu'uraa tartiiba qabee afaanichaa eeguun barreeffamuun faayidaa mataa isaa qaba. Yaada kana Kadir (2007) Bejoint (1994) eeruun yommuu ibsu,

The alphabetical arrangement has several advantages. One is that splitting up the information word by word, paragraph condenses subject matter of the dictionary into short texts that are easily digestible....Another advantage is the fact that it gives the dictionary user the impression that they master the totality of the lexis of the language, in a form whose completeness is immediately apparent to the senses, jedha (Fuula 13).

Jechoota bu'uraa tartiiba qubeetiin kaa'uun faayidaa hedduu qaba. Faayidaa isaa keessaa inni duraa odeeffannoo jecha jechaan yookiin keeyyata keeyyataan qoqqooduun haala salphaa ta'een akka hubatamu taasisa. Inni lammaffaa immoo itti fayyadamtoonni guutummaa jechoota afaanichaa akka isaan gargaara.

Akkasumas, Jackson (2002) waa'ee jecha bu'uraa tartiibaan kaa'uu ilaalchisee yommuu ibsu, galmeen jechootaakkuma kitaabilee wabii ta'an biroo kanneen akka galmee bilbilaa, insaaykiloopidiyaafi indeksii jechoota tartiiba qubeetiin kaa'an, galmee jechootaa jechoota bu'uraa tartiiba qubeen kaa'uutu irraa eegama. Faayidaan isaas itti fayyadamtoonni galmee jechootaa waan barbaadan haala salphaa ta'een akka argatan isaan gargaara.

Haata'u malee, dursa ibsa jechootaa hunda tartiiba qubeetiin kaa'uun gaarii ta'uufi dhiisuu ofgaafachuu qabna. Lammaffaa immoo itti fayyadamtoonni galmee jechootaa akka galmeen jechootaa kun haala kanaan qophaa'u barbaadan jiraachuufi dhiisuu isaanii mirkanoeffachuu qabna.

Gama biroon jechoota bu'uuraa tartiiba qubeen kaa'uun miidhaa mataa isaa qaba. Kunis jechoota tokko tokko kan garee xiinjechaa tokko jalatti ramadaman gargar baasa. Fakkeenyaaaf, jechoonni maxxantoota duraan uumaman hundee isaaniirraa adda ba'an ta'u.

Fakkeenyaaaf,

Idilee → alidilee
Mootummaa → mitimootummaa
Loogummaa → alloogummaa
Asoosama → alasoosama

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti Waa'ee jecha bu'uuraa ilaalchisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 7

1. Seera jechi bu'uuraa ittiin barreeffamuu qabu ibsi.

2. Faayidaan jecha bu'uuraa tartiiba qubeetiin kaa'uu maal maal akka ta'e ibsi.

3. Jechoota Afaan Oromoo kanneen maxxantoota duraa ofirraa qaban yoo xiqqaate sadii barreessi.

4. Miidhaa jechoota bu'uuraa tartiibaan kaa'uun qabu ibsi.

5. Qophii gal mee jechootaa keessatti jechoota bu'uuraa tartiiba qubeetiin kaa'uuf qabxiileen hubatamuu qaban maal maal fa'i?

2.7. Caasaalee Xixiqqaa Galmee Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee jecha bu'uuraa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee caasaalee xixiqqaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Caasaalee xixiqqaa galmee jechootaa yommuu jedhu maal jechuudha jettee yaadda?

- Caasaalee xixiqqaa gal mee jechootaa warri jedhaman maal maal jettee yaaddaa?

Caasaa xixiqqaan odeeffannoo jecha bu'uuraa booda dhufu hunda hammata. Yaada kanas Kadir (2007) Bejoint (1994) wabeeffachuun yommuu ibsu, “*Micro structure is the set of piece of information, which are meant to be read horizontally after the entry word,*” jedha (Fuula 14). Akkuma ibsa kanarraa hubatamu, Caasaa xixiqqaan gal mee jechootaa warri jedhaman, odeeffannoo jecha bu'uuraa booda dalga kaa'amanidha. Caasaan xixiqaan qabxiilee hedduu of keessaa qaba. Qabxiilee caasaa kana keessatti hammataman Kadir (2007) Bejoint (1994), Landau (1984) fi Barumfit (1985) wabeeffachuun haala armaan gadiin ibsee jira.

Isaanis:

1. Sagaleessuu
2. Looga biroo yoo jiraate
3. Odeeffannoo seerlugaa
4. Hiikaa jechaa
5. Hundee jechichi irraa dhufe
6. Jecha moggoo (synonym), jechoota hiikaan walfakkaatan

7. Ibsa, fakkii yookiin hima hiika jechichaa ifa taasisuuf kennamu
8. Walbira qabuu (cross- references)dha.

Caasaalee xixiqqaafi gurguddaa armaan olitti ibsamaniin alatti wanti gal mee jechootaa keessaa hafuu hinqabne kutaalee gal mee jechootaa kan akka kutaa fuulduuraa, qaamaafi dabaledha.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee caasaalee xixiqqaa gal mee jechootaa irratti hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 8

1. Caasaalee xixiqqaa gal mee jechootaa jechuun maal jechuu akka ta'e ibsi.
-
-
-

2. Qabxiilee caasaaleen xixiqqaa gal mee jechootaa qabachuu qabu ibsi.
-
-
-

2.8. Kutaalee Galmee Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti faayidaa galmee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kana hubatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo kutaalee galmee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Kutaaleen galmee jechootaa maal maal fa'i jettee yaaddaa?

- Kutaalee galmee jechootaa kanneenitti ni gargaaramta?

- Deebiin kee ‘Eeyyee’ yoo ta’e isaan kamitti gargaaramta? Maaliifis itti gargaaramtaa?

Gosa odeeffannoo gal mee jechootaa kennurratti hundaa’uun kutaalee gal mee jechootaa aftokkee haala armaan gadiin quoduun ni danda’ama.

Isaanis:

- Kutaa fuulduraa
- Qaama gal mee jechootaafi
- Dabaleedha.

a) Kutaa Fuulduraa

Kutaan jalqabaa gal mee jechootaa aftokkee kun qola gal mee jechootaa, seensa waliigalaa, odeeffannoo seerluga afaanii gal mee jechootaa sun irratti qophaa’ee, qajeelfama waa’ee itti fayyadama gal mee jechootaa sanaa, odeeffannoo waa’ee itti fayyadamaafi akkaataa, gosa mallattoolee gal mee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba’amanii, gabaajewwaniifi mallattoolee haala afaan gal mee jechootaa sun irratti qophaa’ee itti sagaleeffamuu kanneen gal mee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba’amanii, odeeffannoo haala caagochiifi olka’insiifi gadi bu’insi sagalee afaan galmeen jechotaa sun irratti qophaa’ee sanaa kanneen gal mee

jechootaa sana keessatti hammatanii ittiin agarsiisameefi kkf ofkeessatti qabata.

Waa'ee kutaan fuulduraa kana ilaachisee kadir yommuu ibsu, kutaan fuulduraa kutaa jalqabaa gal mee jechootaa yoo ta'u, faayidaan isaas, gaaffii gal mee jechootaa kana keessa odeeffannoo maaltu jira? Maal jechuudha? fi akkamittis odeeffannoo kana argadha? kan jedhuuf deebii laata. Qabiyyeen ijoo kutaa kana keessatti argamus gal mee jechichaaf qajeelfama kennuudha.

Waa'ee tajaajilaafi faayidaa kutaa fuulduraa kana Kadir (2007) Landau (1984) eeruun yeroo ibsu,

--to guide to the use of the dictionary, which is only part of the front matter of demonstrable practical importance and the only one that most readers ever use-- most guides describe every part of the dictionary article entry word, syllabication, pronunciation, inflected forms, various kinds of labels, cross-references, etymologies, synonyms and usage notes. The purpose of the guide is to describe as clearly as possible all the kinds of information included in the dictionary, show the reader how to interpret the data given, provide clues for locating as quickly as possible particular items of information, jedha (Fuula 15).

Akkuma waraabbii kanarraa hubachuun danda'amu kutaan fuulduraa gal mee jechootaa haala itti fayyadama gal mee jechootaa sana itti fayyadamtootaaf qajeelfama kennuudha. Qajeelfamni kun baay'een isaa tokkoo tokkoo kutaa gal mee jechootaa kan akka jecha bu'uuraa, birsaga, sagaleessuu, unkaa horsiisaa, madda jechootaa, hiika walfakkaataafi yaadannoo haala itti fayyadamaafi kkf ibsa kenna. Faayidaan qajeelfama kanaa odeeffannoo gal mee jechootaa keessatti hammataman haala ifaa ta'een ibsuudha. Akkasumas, itti fayyadamtooni tokkoo tokkoo odeeffannoo kanaa haala salphaa ta'een dafanii akka argataniif kallattii agarsiisuudha.

b) Qaama Galmee Jechootaa

Kutaan lammafaan galmee jechootaa aflamee qaama galmee jechootaa jedhama. Kutaan kun akkuma maqaan isaa ibsu kutaa guddaa yookiin kutaa bu'uuraa galmee jechootaa ta'ee bakka odeeffannoona waa'ee haala qubeffama sirrii jechoota bu'uuraa hundaa, sagaleessuu sirrii jechoota bu'uuraa, ga'ee tokkoo tokkoon jechoonni bu'uuraa hima kessatti qabaniifi uumama isaanii, hiikaafi kkf jechoota bu'uuraa galmee jechootaa itti argamanidha.

Jechi bu'uuraa tokko kanneen akka hiikaa, uumamaa, sagaleessuu, fakkeenyawwan haala itti fayyadamaafi kkf waliin dhiyaachuu qaba.

Kutaa galmee jechootaa kana keessatti jechoonni bu'uuraa galmee jechootaa gurraacha'uun gara harka bitaatti siqanii barreeffamu.

C) Dabalee (Appendix)

Kutaan kun immoo gara dhuma galmee jechootaatti kan argamudha. Kanaaf, dabaleen kutaa isa sadaffaafi isa xumuraati.

Dabaleen waa'ee galmee jechootaa odeeffanno gaarii yoo qabaateyyuu, akka kutaa fuulduraafi qaamaa baay'ee barbaachisaa miti. Odeeffannoona waa'ee xumuraa, gabaajeeawan beekamoo, uumama jechootaa, wantoota lakkofsaan ibsamani, safartuuwwan, maqaalee biyyaa/ bakkawwaniifi kkfn kutaa kana keessatti argamuu danda'u.

Waa'ee dabalee ilaachisee Kadir (2007) Landau (1984) eeruun yeroo ibsu, dabaleen odeeffanno kutaa A-Z booda dhufu ta'ee faayidaa armaan gadii qaba.

The back matter may include sections listing biographical and geographical names if they are not included in the A-Z section and a miscellany of practical guides to writing, covering

punctuation, grammar, Style, forms of addresses contains various linguistic aids specifically for the foreign learner, spelling guides, tables of ordinal and cardinal numbers etc, jedha (Fuula 15).

Akkuma ibsa kanarraa hubachuun danda'amu, dabaleen kutaalee seenaa nama biroofi maqaalee bakkawwanii yoo qaama keessatti hinammatamne ta'e of keessaa qaba. Akkasumas, qajeelfama barreessuu kan akka sirna tuqaalee, seerluga, haala qubeessuu, gabatee lakkoofsaafi kkf of keessatti qabata.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti kutaalee gal mee jechootaa hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 9

1. Faayidaalee kutaa fuulduraa gal mee jechootaa ibsi.

2. Faayidaalee qaama gal mee jechootaa ibsi.

3. Faayidaalee dabalee galmeed jechootaa ibsi.

2.9. Ulaagaalee Galmee Jechootaa Qooduuf Gargaaran

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee gosoota galmee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffiilee armaan gadiitti siif kennname deebisuuf yaali.

- Ulaagaaleen galmee jechootaa qooduuf barbaachisan maal maal fa'i jettee yaadda?

- Ulaagaalee kanneeniif fakkeenya gosa gal mee jechootaa kennuu ni dandeessa?

Ulaagaaleen gal mee jechootaa qooduuf barbaachisan hedduudha. Kanneen keessaa muraasni isaanii kan armaan gaditti tarreeffamanidha.

1. Baay'ina jecha bu'uuraa ofkeessaa qabuu: kunis, jechoonni tarreeffamn jechoota qophaa'anii kan waliigalaa ykn murtaa'aafi dhimma addaa ta'uu adda baafachuudha. Akkasumas, jechoota loqoda naannoo tokkoo yookiin hawaasaa, kan garee hawaasa tokkoofi bakka murtaa'aa ta'uusaa adda baafachuudha. Fakkeenyaaf, galmeewan jechootaa 'Longman Contemporary English Dictionary, Oxford Advanced Learners Dictionary,' Elleefi kkf gal mee jechootaa jechoota baay'ee dhimma garaa garaarratti xiyyeffatan hedduuf hiika adda addaa waan kennaniif gal mee jechootaa waliigalaa jalatti ramadamu. Gama biroon immoo, galeewan jechootaa kanneen akka saayinsii fayyaa, qonnaa, biqiltootaafi kkfn jechoota dhimma murtaa'aa irratti xiyyeffatanii hiika waan kennaniif gal mee jechootaa dhimma murtaa'aa jalatti ramadamu.

2. Baay'ina afaanota ittiin qophaa'uu: kuni immoo galmeen jechootaa sun aftokkee, aflame, afsadeefi kkfn barreeffamuu isaa beekuu. Fakkeenyaaaf, galmeewwan jechootaa kanneen akka Elellee, Hirkoofi kkfn afaanota sadiin waan qophaa'aniif galmee jechootaa afsadee jedhamu. Galmeewwan jechootaa kanneen akka 'Merit, Oromo-English Dictionary, English-Oromo Dictionary,' Galmee Jechootaa Afaan Amaaraa-Afaan Oromoo immoo afaan lamaan waan qophaa'aniif galmee jechootaa aflamee yommuu jedhaman, galmeewwan jechootaa kanneen akka 'Macmillan English Dictionary, Longman Contemporary English Dictionary, Oxford Advanced Learners Dictionary,' Galmee Jechootaa Afaan Oromoofi kkfn afaan tokkoon waan qophaa'aniif galmee jechootaa aftokkee jedhamu.

3. Amala jechoota galmee jechootaa: sanaa hiika jechaaa qofa yookiin waa hundaa kan ofkeessatti kan hammatu ta'uu isaa adda baafachuu.

4. Haala yeroo: kun jechoonni galmee jechootaa keessatti dhiyaatan kan haala yeroorratti hundaa'anii tajaajilaniifi kan yeroo hunda dhaabbatanii tajaajilan ta'uu isaanii adda baafachuu. Fakkeenyaaaf, galmeewwan jechootaa dhimma siyaasaa mootummaa tokkoo galmee jechootaa haala yeroo jalatti ramadamu.

5. Tartiiba jechoonni itti dhiyaataan: kuni immoo galmeen jechootaa qophaa'u tartiiba qubeen, hiikaan ykn sababaafi bu'aan ta'uusaa adda baafachuudha. Galmeewwan jechootaa yeroo ammaa qophaa'aa jiran baay'een isaanii ulaagaa kanneen keessa ulaagaa tartiiba qubeerratti hundaa'uun qophaa'u. Fakkeenyaaaf, galmeewwan jechootaa kanneen akka 'Longman Contemporary English Dictionary, Oxford Advanced Learners Dictionary,' Elelleefi kkfn tartiiba qubeen waan qophaa'aniif galmee jechootaa tartiiba qubeetiin dhiyaatan jalatti ramadamu.

- 6. Kaayyoo:** galmeen jechoota kun akka wabitti kan tajaajiluu ykn oddeeffannoo adda addaa kennuuf ta'u ta'uusaa adda baafachuudha.
- 7. Haala fayyadamtootaa:** kun immoo, dubbisaan dhimma maaliif akka gargaaramu irratti kan xiyyeefatudha. Kunis, dubbisaan tokko galmee jechaa sana odeeffannoo xiinqooqa waliigalaa ykn dhimma addaa kan akka ogbarruu qofa, madda jechaa ykn galmee jechaa oguma addaaf ta'uusaa adda baafachuudha. Fakkeenyaaaf, fayyadamtoonni galmee jechootaa aadaa hawaasa tokkoo baruu barbaadu yoo ta'e galmeen jechootaa qophaa'uu qabu dhimma aadaa hawaasa sanaa qofarratti kan xiyyeeffate ta'uu qaba.

Ulaagaaleen armaan ollitti tarraa'an qofa qofaan yookiin kan biroo waliin qindaa'uun tajaajilu danda'u. Fakkeenyaaaf, galmeen jechoota 'Hirkoo' afaan sadin kan barreeffame ta'ee, tartiiba qabee Afaan Oromoona taa'e. Akkasumas, jechoota dhimma waliigalaaf hiika kenneera. Galmee jechootaa tokko gosaan qooduun barbaachiisaa yoo ta'eyyuu, gosa kana qofa jechuun daangessuun ulfaataadha. Daangaafi bal'ina isaa kaa'uun adda baasuunis ulfaataa yoo ta'eyyuu, galmeen jechootaa dhimma afaaanii tokko irratti caalaatti xiyyeefatu ni jiru.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisanirratti hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 10

1. Ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan yoo xiqqaate afur tarreessuun jecha mataa keetiin ibsi.

2. Galmee jechootaa Afaan Oromoon qophaa'an keessaa tokko filadhuu ulaagaalee kanneen keessaa kam kamitti akka gargaaramee barreeffame ibsi.

3. Ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan kanneen armaan olitti ibsamani irratti hundaa'uun galmee jechootaa beektu gosa adda addaatti qooduun kaa'i.

2.10. Gosoota Galmee Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti kutaalee galmee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo gosoota galmeec jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Gosooni galmeec jechootaa maal maal fa'i jettee yaaddaa?

- Gosoota galmeec jechootaa keessaa isa afaan meeqaan qophaa'e filattaa? Maaliifi?

- Sababonni galmeen jechootaa gosti adda addaa akka qophaa'u taasisan maal maal fa'i jettee yaadda?

Fedhiin dhala namaa bal'aafi adda adda waan ta'eef galmeen jechootaa gosti tokko fedhii nama hundaa kana guutuu hindanda'u. Kanaaf, akka fedhii dhala namaa kana guutuuf galmee jechootaa gosoota adda addaatu qophaa'uu qaba. Haata'u malee, waa'een adda addummaa galmee jechootaa kun yeroo dheeraadhaaf hinhubatamiin ture. Sababni isaas galmee jechootaa hundi faayidaa tokko yookiin walfakkaataa qaba jedhamee waan itti amanamaa tureef.

Galmee jechootaa qopheessuun duras gosa galmee jechootaa kami qopheessuuf akka yaadame adda baafachuun barbaachisadha. Galmee jechootaa immoo gosa adda addaatti qooduuf dursa ulaagaalee barbaachisoo ta'an adda baafachuun qopheessaa galmee tokkorraa eegama.

Galmee jechootaa gosa gosaan qooduun qophii galmee jechootaaf baay'ee dhimma barbaachisaa ta'edha. Sababiin isaas hojii galmee jechootaa keessatti sadarkaa karoorsuu kaasee hanga maxxansiisuutti meeshaalee

barbaachisoo ta'an filachuuf, taartiiba jechoota bu'uura kaa'uufi hiikni kan kennamu goса galmee jechaa sanarratti hundaa'eetu. Amala jecha bu'uuraafi dubbisa abdatamurratti hundoofnee galmeen jechootaa goса adda addaatti quoduun ni danda'ama.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee gosoota galmee jechootaa hamma tokko hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 11

1. Galmeen jechootaa hundi faayidaa tokko yookiin walfakkaataa qaba yaada jedhu deeggaruun yookiin mormuun yaada kee ragaan deeggaruun ibsi.
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-

2. Galmee goса garaа garaа qopheessuun maaliif barbaachisee?

3. Sababni adda addummaan galmee jechootaa yeroo dheeraaf akka hinhubatamne godhe maali?

2.10.1. Galmee Jechoota Waahundaafi Xiinqooqaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisanii barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee galmee jechootaa waahundaafi xiinqooqaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmeen jechootaa waahundaafi xiinqooqaa waa'ee maalirratti kan xiyyeffatan sitti fakkaatu?

- Galmeen jechootaa waahundaafi xiinqooqaa ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan keessaa irra caalaa isa kamitti dhimma ba'uun qophaa'u jettee yaadda?

Galmeen kunis, uwvisa jechoota xiinqooqaafi waantota kan biroo irratti odeeffannoo galmee jechootaa keessatti mul'atan kan ilaallatudha. Galmeen jechootaa xiinqooqaa odeeffannoo waa'ee jechootaafi sagaleessuu, hiika, madda, garee jechaa dabalata. Galmeen jechootaa waahundaa immoo amaloota armaan gaditti jiran of keessatti hammata. Isaanis:

- a) Maqaa namootaa, bakkawwaniifi gochaalee ogbaruu
- b) Dameewwan beekumsa dhala namaa hunda
- c) Maqaalee bineensotaa, biqilootaa, bakkawwaan seenaafi kkf ibsuurratti xiyyeefata.

Galmeen jechoota waahundaa yaadota galmee jechoota xiinqooqaallee ofkeessatti hammachuu danda'a. Kana malee, galmeen jechoota waahundaa dhimma jechootarratti qofa kan xiyyeefattu miti. Galmeen jechaa kun kitaaba wantoota jedhama. Fakkeenyoota galmee jechoota hundaa kan ta'an, Oxford English Dictionary, Malayalam Lexicon, Tamil Lexicon fi kkfdha. Galmeen jechoota xiinqooqaa immoo amaloota xiinqooqa jechoonni qaban agarsiisa. Amaloonni kanneenis, sagaleessuu,

hiika, madda, garee, caaslugafi kkf ibsuurratti xiyyeffata. Galmeen jechootaa xiinqooqaa dhimma/amaloota jechoonni qabanirratti xiyyeffata. Kana jechuun, jechoota dubbii ykn kitaaba jechaa jedhama.

Galmeen jechoota xiinqooqaa amala gal mee jechoota waa hundaa yommuu agarsiisu ni jira. Kunis,

- a) Yeroo hiikni xiinqooqa jecha sana ibsuuf barbaachisaa hintaanetti, fakkeenyaaaf, dhimma addaa ilaallattu yoo ta'e, qopheessittoonni gal mee jechootaa odeeffannoo waahunda gargaaramu.
- b) Hiika xiinqooqa jecha tokkoo kennuuf hiikti waahunda yeroo murteessuu ni mul'ata.
- c) Yoo hiika jecha tokkoo bakka adda addaatti garaagar ta'e, garee beekumsa dhala namaa kan biro keessatti hiika biro akka qabu mul'isuuf ni gargaaramna.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee galmeen jechootaa waahundaafi xiinqooqaa hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 12

1. Qabiyyeen gal mee jechootaa xiinqooqaa maal maal fa'i?

2. Qabiyyeen galmee jechootaa waahundaa maal maal fa'i?

3. Galmeewan jechootaa amma yoonaatti Afaan Oromootiin qophaa'an keessaa kanneen gosa galmee jechootaa waahundaa jalatti ramadamuu danda'an barreessaa isaanii waliin tarreessi.

4. Galmeen jechootaa waahundaafi galmeen jechootaa xiinqooqaa ulaagaalee galmee jechootaa quoduuf barbaachisan keessaa irra caalaa isa kamitti dhimma ba'uun qophaa'uu? Maaliifi?

5. Qabxiilee gal mee jechootaa waahundaafi galmeen jechootaa xiinqooqaa adda taasisan ibsi.

2.10.2. Galmee Jechoota Seenaafi Maddaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechootaa waahundaafi xiinqooqaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee galmee jechootaa seenaafi maddaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmeewan jechootaa seenaafi maddaa waa'ee maaliirratti kan xiyyeffatan sitti fakkaatuu?

- Galmeewan jechootaa seenaafi maddaa ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan keessaa irra caalaa isa kamitti dhimma ba'uun qophaa'u jettee yaadda?

Galmee jechootaa kun seenaafi madda jechootaa dhiyeessu. Addaa addummaan isaanii haala dhiyaannaa isaanirratti hundaa'a. Kunis, galmeen jechoota seenaa haala dagaagina ykn guddina jechootaa haala uunkaafi hiikaan qaama jechaa adda ta'e galmeessee yoo kaa'u, galmeen jechoota maddaa immoo, madda jechoota jiranii dhiyeessa. Kunis, madda jechoota ammayyaa uunka maddi isaanii duraa qabanirratti xiyyeffachuun kaa'a.

Kana malees, galmeen jechoota seenaa jijiirama qaama jechaarratti kanneen dhiibbaa fidan qo'ata. Kun immoo, qopheessitooni galmee jechootaa, jijiirama uunkaafi hiikaa jiru mul'isuuf ogafaan/ogbaruu guddina afaanichaa akka ragaatti gargaaramu. Qopheessitooni kun kana gochuuf, duraan dursa haalli argama jechootaa akkuma jirutti qoratama. Kunis, hiikni duraafi ammaa walbira qabamee madaalamu. Itti aansuun, hiikni jechootaa kaa'uuf qaama jechaa jijiiramni irratti raawwataman akka jirutti waraabamee taa'a.

Galmeen jechootaa maddaa jechootaafi haala seenaa jechoota afaan tokkoo duraan turaniiratti xiyyeffata. Kunis, seenaan afaanichaa duraan maala akka ture addeessa. Galmeen jechoota maddaa, jechoota ergifamaanii afaan tokko keessatti mul'ataniif madda kaa'uun hiikkaafi uunka jalqabaa walbira qabee ibsa.

Akkasumas, galmeen jechoota ergifatamanii garee galmee madda jechootaa ergifamanii, garee galmee madda jechootaa jalatti ramadamu. Sababiin isaas, galmeen jechootaa kun waa'ee madda jechootaa seenaa odeeffannoo kenna.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee galmeen jechootaa seenaafi maddaa hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 13

1. Tokkummaafi garaagarummaan galmee jechootaa seenaafi maddaa maal maal fa'i?

-
-
2. Galmeen jechootaa seenaafi maddaa ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan keessaa irra caalaa isa kamitti dhimma ba'uun qophaa'u?
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-

2.10.3. Galmee Jechootaa Waliigalaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechootaa seenaafi maddaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee galmee jechoota waliigalaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmeen jechootaa waliigalaa waa'ee maaliirratti kan xiyyeffatu sitti fakkaataa?

- Galmeen jechootaa waliigalaa ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan keessaa irra caalaa isa kamitti dhimma ba'uun qophaa'a jettee yaadda?

Galmeen jechoota waliigalaa jechoota tajaajila waliigala afaan tokkoof oolan ta'ee dhimma afaan tokkoratti ibsa kan kennudha. Kana jechuunis, galmeen jechootaa kun jechoota afaan tokkoo ykn saba tokkoo ibsuurratti kan xiyyeffatu ta'uusaa agarsiisa. Galmeen jechootaa kunis bakka lamatti qoodama. Isaanis:

- a) Galmee jechootaa dhimma barnootaa hammatuufi
- b) Galmee jechootaa waahundaa qabatu jedhamu.

- a) Galmee Jechootaa Dhimma Barnootaa Hammatuufi:** galmeen jechootaa kun jechoota waalta'oo ta'an qofa kan ofkeessatti hammatudha. Galmeen jechootaa kunis afaan tokko akka hinbadneef tajaajila. Kunis, haala fayyadama afaanichaa gara fuulduraarratti xiyyeffatee kan qophaa'udha. Jechoonni bu'uuraa galmee jechootaa kana keessatti hammataman jechoota bal'inaan saayinsii ogbaruu ammayyaafi durii, gaazexaa, barruuleefi kan biroof hiika kan kennudha. Akkasumas, galmeen jechootaa kun

jechoota looga yookiin naannoo ofkeessatti hinhammatu. Haata'u malee, jechoonni loogaa akka waalta'an yoo barbaadaman itti dabalamuu danda'u.

- b) **Galmee Jechootaa Waahundaa Qabatu:** galmeen jechootaa kun kaayyoo ifa ta'e hinqabu. Kana jechuunis jechoonni galmee jechootaa kana keessatti hammataman jechoota dubbiifi barreeffamaa adda addaa keessaa kan walitti qabamanidha. Akkasumas, galmeen jechootaa kun jechoota loogaa adda addaafi haala garaa garaaf hiika kenna.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee galmeen jechootaa waliigalaa hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 14

1. Galmeen jechootaa waliigalaa maalirratti akka xiyyeffatu ibsi.

2. Galmeewan jechootaa amma yoonaatti Afaan Oromo qophaa'an keessaa kanneen gosa galmee jechootaa waliigalaa jalatti ramadamuu danda'an barreessaa isaa waliin tarreessi.

2.10.4. Galmee Jechoota Dhimma Murtaawaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechoota waliigalaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee galmee jechootaa dhimma murtaa'aa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmeen jechootaa dhimma murtaa'aa waa'ee maalirratti kan xiyyeffatu sitti fakkaata?

- Galmeen jechootaa dhimma murtaaa'aa ulaagaalee gal mee jechootaa qooduuf barbaachisan keessaa irra caalaa isa kamitti dhimma ba'uun qophaa'a jettee yaadda?

Galmee jechoota dhimma murtaawaa qophii itti fayyadamaafi madaallii tajaajila afaan tokkoo dhimma murtaa'aaf qaburratti kan xiyyeffatudha. Fakkeenyaaaf, galmeen jechoota dhimma murtaawaa haala tarreeffama jechootaarratti hundaa'uun bakka shanitti qodama. Kanneenis,

1. Galmee jechootaa looga hawaasaa, naannoo ykn gochaalee dhala nammaa hammatan
2. Galmee jechoota haala dhiyeenya kutaalee jechaa
3. Haala hiikaafi walitti dhufeenyaa.
4. Galmee jechootaa jechoota waliin deemanii
5. Galmee jechootaa kutaalee /garee afaanii

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee galmeen jechootaa dhimma murtaa'aa hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 15

1. Galmeen jechootaa dhimma murtaa'aa maal akka ta'e jecha mataa keetiin ibsi.

2. Galmeewan jechootaa amma yoonaatti Afaan Oromoon qaphaa'an keessaa kan gosa gal mee jechootaa dhimma murtaa'aa ta'an tarreessuun sababa jetteef ibsi.

3. Fakkeenya gosa gal mee jechootaa dhimma murtaa'aa afaan biroon qophaa'anii yoo xiqqaate sadii kennuun sababa jetteef ibsi.

2.10.4.1. Galmee Jechootaa Looga Hawaasaa, Naannoofi Gochaalee Dhala namaa Ilaalan.

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechootaa dhimma murtaa'aa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee galmeeki jechoota looga hawaasaa, naannoofi gochaalee dhala namaa ilaalan baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmee jechootaa looga hawaasaa, naannoofi gochaalee dhala namaa ilaalan yommuu jedhu maal jechuudha jettee yaaddaa?
 - Galmeen jechootaa looga hawaasaa, naannoofi gochaalee dhala

namaa ilaalan ulaagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan keessaa irra caalaa isa kamitti dhimma ba'uun qophaa'u jettee yaadda?

Galmee jechoota kun galmee jechootaa armaan gadii of keessatti hammata.

a) Galmee Jechootaa Loogaa

Galmeen jechootaa loogaa jechoota naannoo tokkoo ykn garee hawaasa tokkoo of keessatti hammata. Galmeen jechootaa kun jechoota afaan waalta'aa keessatti hinargamne, kanneen hiikni isaanii naannoo tokkorratti daanga'e qabata.

Qophiin galmee jechootaa kun kallattiidhaan sakattaa loogaa waliin walqabata. Jechoonni bu'uraa madda xiinqooqaafi garaagarummaa jechootaa naannoo adda addaarra walitti qabamu. Haalli dhiyeenyi jechoota kana jechoota irra deddeebbi'anii argaman, fudhatama, kanneen biro hammachuurratti hundaa'eetti. Odeeffannoон kan biro galmee jechoota loqodaa keessatti argamu gaalee caaslugaa, hiikaafi fakkeenyota haala fayyadama jechichaa kan mul'isanidha. Galmeen jechootaa loqodaa faca'insa naannoo adda addaa ykn kan garee tokko qofa mul'isuu danda'a.

b) Galmee Jechoota Moggaasaa

Galmeen jechoota moggaasaa jechoota dhimma tokkoo qofa ykn jechoota waliigalaa dhimma murtaa'aa dabalata. Galmeen jechootaa kun jechoota afaan tokko keessatti kanneen baay'ee barbaachisoo ta'anidha. Akkasumas, galmee jechootaa kana kan qopheessuu namoota dirree qorannoo sanarratti beekumsa addaa qaban. Galmeen jechootaa kan biroo kana waliin baay'ee walitti dhiyaatu galmee jechoota ogummaa adda addaa kan daldalaa, ispoortii, kan qonnaa, qurxummii kiyyeessuufi kkf of keessatti hammata.

c) **Galmee Jechootaa Garee**

Galmeen jechootaa garee jechoota gareen hawaasaa tokko kan bakka murtaawaa jiraatu kan itti fayyadamudha. Galmeen jechootaa aadaa, siyaasaafi kkf galmee jechoota gareetti ramadamu.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee galmee jechootaa looga hawaasaa, naannoofi gochaalee dhala namaa ilaalan hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 16

1. Galmee jechootaa looga hawaasaa, naannoofi gochaalee dhala namaa ilaalan jechuun maal jechuu akka ta'e jecha mataa keetiin ibsi.
-
-
-
-
-

2. Galmee jechootaa hanga ammaatti Afaan Oromoon qophaa'an keessaa kanneen gosa galmee jechoota looga hawaasaa, naannoofi gochaalee dhala namaa ilaalan tarreessuun sababa jetteef ibsi.

3. Galmeen jechootaa kun gosa galmee jechootaa akkam akkamii ofkeessatti hammataa?

2.10.5. Gosoota Galmee Jechootaa Garee

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechoota looga hawaasaa, naannoofi gochaalee dhala namaa ilaalan barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee gosoota galmee jechoota garee baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmee jechootaa garee yommuu jedhu maal jechuudha jettee yaaddaa?

- Gosooni galmee jechootaa garee jedhaman maal maal fa'i jettee yaaddaa?

Galmee jechootaa kun akaakuwwan galmee jechootaa armaan gadii ofkeessatti hammata.

i) Galmee Jechoota Qubeessuu

Galmeen jechootaa qubeessuu qabee jechoonnii itti barreeffamaniifi xiinsaga isaanii waliin kaa'a. kana jechoonii, bu'aa ba'ii sagalee, caagochaafi haala dubbanna jechootaa ibsuurratti qofa xiyyeffata. Akkasumas, akkaataa jechoonni walitti dhiyaatanii ykn walirraa fagaatanii barreeffamaniifillee odeeffannoo ni kenna.

ii) Galmee Jechootaa Haala Sagaleessuu

Galmeen jechootaa kun akkaataa jechoonni itti seeraan sagaleeffaman ibsuurratti xiyyeffata. Akkasumas, haala sagaleessuu jechi tokko looga adda addaa keessatti qabu ni mul'isa. Fakkeenyaaaf, haala sagaleessuu Afaan Inglizii looga Ameerikaafi Inglizzi keessa jiruu

iii) Galmee Jechootaa Uumamtee

Galmee jechootaa kun akkaataa jechoonnii adda addaa jecha tokkorraa ykn kanneen birooraa itti uumaman ibsurratti xiyyeffata. kunis, jechoota dur-duubefi adda addaa qaban mul'isa.

iv) Galmee Jechootaa Hiika Walfakkaatan Qabanii

Galmee jechootaa kun jechoota hiika walfakkatu qaban ibsuurratti xiyyeefachuuun dhiyaata.

v) Galmee Jechootaa Seerlugaa

Galmeen jechootaa seerlugaa kan qophaa'u dubbisaan seerluga sirrii afaan sanaa akka hubatuuf keessumaayyu, afaanoota caasluugni isaanii walxaxa ta'e hubachiisuuf dhiyaata. Galmee jechootaa seerlugaa keessatti caasaan afaanichaa seensa keessatti ibsama. Gareen caasluga adda addaa bifa lakkofsaan adda ba'amee taa'a.

vi) Galmee Jechootaa Qabee Dhumaa Jechaarratti Walfakkataniin Tarraa'u

Galmeen jechootaa kun akkaataa qabee dhuma jechaarratti argamuun walfakkataniin kan qindaa'udha. Galmeen jechootaa kun kitaabilee barnootaa qopheessuuf guddaa tajaajilu. Qophii galmee jechootaa kana keessatti yeedalloon sagaleessuu jechootaa keessatii mul'atu bakka olaanaa qaba.

vii) Galmee Jechootaa Gabaajeeewwanii.

Galmee jechoota kun gabaajeeewwanifi kottoonfachiistoota afaan tokko keessatti mul'atan dhiiyeessa.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee gosoota gal mee jechoota garee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 17

1. Galmee jechootaa garee jechuun maal akka ta'e jecha mataa keetiin ibsi.

2. Gosoota gal mee jechootaa garee tarreessuun jecha mataa keetiin ibsi.

2.10.6. Gosoota Galmee Jechoota Hiikaafi Walitti Dhufeenyaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti gosoota galmee jechootaa garee barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee galmee jechoota hiikaafi walitti dhufeenyaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmeen jechootaa hiikaafi walitti dhufeenyaa maal jettee yaaddaa?
 - Galmeen jechootaa hiikaafi walittidhufeenyaa gosoota galmee jechootaa akkam akkamii ofkeessatti hammata jettee yaaddaa?

Galmeen jechootaa kun galmee jechoota adda addaa of keessatti hammata. Fakkeenyaaaf,

a) Galmee Jechootaa Hiika Walfakkaatan Qabanii

Galmeen jechootaa kun jecha tokkoof hiika ta'uu danda'an adda addaa tarreessa. Galmeen jechootaa kun barreessaan kitaaba barreessu jecha isa barbaachiisu filatee gargaaramuu akka danda'u taasisa.

b) Galmee Jechootaa Faallaa

Galmeen jechootaa faallaa jechoota afaan tokko keessatti faallaa waliif ta'an dhiyeessa. Galmeen jechootaa kun jecha bakka adda addaatti hiika adda addaa qabuuf hinqabne adda baasuuf gargaara.

c) Galmee Jechootaa Jechoota Irradeddeebii Mul'atanii

Galmeen jechootaa kun kutaalee jechaa haasaa ykn barreeffama kessatti irra deddeebi'amanii mul'atan tarreessa.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee gal mee jechoota hiikaafi walittidhufeenyaa hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 18

1. Galmee jechootaa hiikaafi walitti dhufeenyaa jecha mataa keetiin ibsi.

2. Gosoota gal mee jechoota hiikaafi walitti dhufeenyaa tarreessuun jecha mataa keetiin ibsi.

2.10.7. Galmee Jechootaa Jechoota Waliin Deemanii

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechoota hiikaafi walitti dhufeenyaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo galmee jechootaa jechoota waliin deemanii baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmeen jechootaa jechoota waliin deemanii maal jettee yaaddaa?

- Xiyyeeffannoo galmee jechootaa jechoota waliin deemanii maal maal fa'i jettee yaaddaa?

Galmeen jechootaa kun tarree jechoota jecha bu'urraa waliin deemanii hunda dhiyeessa. Haata'u malee, xiyyeffannoo guddaa maqaa, xumuraafi maqibsa qofaarratti kenna.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee galmee jechootaa jechoota waliin deemanii hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 19

1. Galmee jechootaa jechoota waliin deemanii maal akka ta'e jecha mataa keetiin ibsi.

2. Xiyyeffannoon guddaan galmee jechootaa jechoota waliin deemanii maal maal akka ta'e ibsi.

2.10.8. Galmee Jechootaa Addaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechootaa jechoota waliin deemanii barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo galmee jechootaa addaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmee jechootaa addaa maal jettee yaaddaa?

- Xiyyeffannoon galmee jechootaa jechoota waliin deemanii maal maal fa'i jettee yaaddaa?

Galmeen jechoota addaa ibsa gaaleewwanii dubbii qolaa, jechoota haaraa afaan tokko keessatti uumaniifi afaan biroo keessaa ergifatamanii tarreessuurratti xiyyeefata

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee gal mee jechootaa addaa hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 20

1. Galmee jechootaa addaa maal akka ta'e jecha mataa keetiin ibsi.

2. Xiyyeefannoon gal mee jechootaa addaa maal maal akka ta'e ibsi.

2.10.9. Gosoota Galmee Jechootaa Haala Guddina Isaaniitiin

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechootaa addaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee gosoota galmee jechootaa haala guddina isaaniitiin maal akka fakkaatan baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kennaman deebisuuf yaali.

- Gosooni galmee jechootaa haala guddina isaaniitiin bakka meeqatti qoodamu jettee yaadda?
 - Galmee jechootaa bakka tokkoo bakka biraatti baatamee hindeemne argitee beekta? Yoo beekta ta'e maqaa galmeec jechichaa fakkeenya kenni.

Galmee jechootaa haala guddina isaaniin bakka sadiitti qoodamu.
Isaanis:

1. Galmee Jechootaa Guddaa

Galmeen jechootaa kun qabiyyeen isaa baay'ee kan bal'aa ta'ee, kan baatamee hin deemamne kan mana kitaabaa qofa taa'udha.
Fakkeenyaaf, Webster, Encyclopedia

2. Galmee Jechootaa Gidduu Galeessaa

Galmeen jechootaa kun bakka tokkoo bakka biraatti kan batamuu danda'udha. Akkasumas, hangi jechootaa galmee jechootaa kana keessatti hammatamanii kan galmee jechootaa kana kessatti hammatamanii kan galmee jechootaa guddaa gadi. Fakkeenyaaf, Oxford fi Longman

3. Galmee Jechootaa Xiqqaa

Galmeen jechootaa kun kan baay'ee xiqqoo ta'eefi kan kiisii kees keesssatti ergaa baay'ee satti qabachuun danda'amudha. Jechoonni galmee jechoota kana keessatti argaman baay'ee xiqqoo yoo ta'an,fakkeenya adda addaan deeggaramanii hindhiyaatan.

- ❖ Galmeen jechootaa kamiyyuu jechoota afaan tokko keessatti tajaajilan hunda qabaachuu waan hin dandeenyeef qopheessitoonni galmee jechootaa jechoota galmee jechootaa keessatti hammatamuu

qaban filachuun fedhii fayyadamtootaarratti hundaa'uun gal mee jechoota adda addaa qopheessuun irraa eegama.

Akkasumas, dubbisaan tokko kaayyoo itti gargaaramuu barbaaderratti hundaa'uun gal mee jechootaa gosa adda addaatti dhimma ba'uun bu'aa qabeessadha.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti gosoota gal mee jechootaa haala guddina isaaniitiin maal akka fakkaatan hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 21

1. Gosoota gal mee jechootaa haala guddina isaanii irratti hundaa'uun erga tarreessitee booda tokkoon tokkoo isaanii maal akka ta'an jecha mataa keetiin ibsi.

2. Tokkoo tokkoo gal mee jechootaa armaan olitti haala guddina
isaaniitiin ibsiteef fakkeenya kenni.

2.10.10. Galmee Jechootaa Afaan Dhalootaafi

Galmee Jechootaa Barattootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee gosoota galmee jechootaa haala guddina isaaniitiin maal akka fakkaatan barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo galmee jechootaa afaan dhalootaafi galmee jechootaa barattootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmeen jechootaa afaan dhalootaafi galmeen jechootaa barattootaa maal jettee yaaddaa?

- Galmeen jechootaa hundaa qabiyee walfakkaatu qaba jettee yaaddaa? Maaliifi?

Galmeen jechootaa afaan dhalootaa galmee jechootaa barattootaa irraa adda. Kana jechuun, galmeen jechootaa afaan dhalootaa namoota afaan sanatti afaan hiikkataniif kan qophaa'u yommuu ta'u, galmeen jechootaa barattootaa yookiin afaan lammaffaa/afaan alaa immoo namootaa afaan sana akka afaan lammaffaatti yookiin afaan alaatti barataniif qophaa'a. Akkasumas, qabiyyen isaaniis garaagra. Fakkeenyaaaf, sagaleessuun galmee jechootaa afaan dhalootaa keessatti hammachiisuun baay'ee barbaachisaa miti. Galmee jechootaa warra afaan sana akka afaan lammaffaa yookiin afaan alaatti qophaa'uuf garuu baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas jechoonni afaan sanaa haala kamiin akka sagaleeffaman barsiisuuf waan gargaaruuf. Jechoonni galmee jechootaa afaan dhalootaa caalaa kan afaan lammaffaa keessatti gadi fageenyaan ibsamuu qaban jiru. Fakkeenyi haala itti fayyadama galmee jechootaas irratti galmee jechootaa afaan dhalootaaf kennamuun baay'ee barbaachisaa miti. Garuu galmee jechootaa afaan alaa keessatti baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas, namoonni afaan tokko akka afaan alaatti baratan carraa namoota afaan dhalootaa argachuu waan hinqabneef fakkeenyi galmee jechootaa keessatti kennamuuf akka isaan afaan sana haala qabatamaan baratan isaan taasisa. Akkasumas, jechi tokko bakka kamitti tajaajiluu akka qabu akka adda baafatan isaan gargaara. Kun immoo dogoggora hedduu irraa akka isaan baraaraman taasisa.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee gal mee jechootaa afaan dhalootaafi gal mee jechootaa barattootaa irratti hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname haalaan hojjedhu.

Gilgaala 22

1. Galmeen jechootaa afaan dhalootaa eenyuuf qophaa'a?

2. Galmeen jechootaa barattootaa yookiin afaan lammaffaa eenyuuf qophaa'a?

3. Tokkummaafi garaagarummaan gal mee jechootaa afaan dhalootaafi galmeen jechootaa barattootaa maali?

2.10.11. Galmee Jechootaa Aflameefi Aftokkee

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee galmee jechootaa afaan dhalootaafi galmee jechootaa barattootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo galmee jechootaa aflameefi aftokkee baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf carraaqi.

- Galmeen jechootaa aflameefi aftokkee jedhaman kunneen ulaagaa maaliirratti hundaa'uun qoodamanii?

- Gosoota galmee jechootaa kanneen keessaa isa kamitti irra caalaa gargaaramuu jaallattaa? Maaliif ?

i) Galmee Jechootaa Aflamee

Galmee jechoota aflamee (galmee jechoota jijiirraa) gaaleewwan ykn jechoota afaan tokkooraa gara afaan birootti jijiiruuf kan tajaajiludha. Galmeen jechootaa kun galmee jechaa kan kallattii tokkoodha. Kana jechuunis, hiika jechootaa afaan tokkorraa gara afaan birootti jijiiree kan kaa'u ykn galmee jechoota kallatti lamaadha. Kunis afaanota lamaaniin jijiiree kan kaa'u ta'uu danda'a. Fakkeenyi tokkoffaan, Afaan Oromoorraa gara Afaan Ingilizziitii akkasumas, Afaan Ingilizziirraa gara Afaan Oromootti jijiiree kaa'a yoo ta'e kallattii jijiirraa gamlamee jechuu dandeenya. Fakkeenyi lammaffaa immoo, Afaan Oromoorraa gara Afaan Ingilizziitti ykn Afaan Ingilizziirraa gara Afaan Oromootti kitaabum tokkorratti jijiiree kaa'a yoo ta'e jijiirraa kallatti lamaa jechuudha.

Galmeen jechootaa aflameen kutaaLEE adda addaa qaba. Kanneen, tokkoon tokko isaanii hiika jechootaafi gaaleewwana afaan tokkoo tartiiba qubeefi jijiirraa hiikaa waliin kan kaa'uudha. Itti dabalees, galmeen jechootaa kun kutaa garee jechaa(parts of speech), saala, serluga, akkaataa sagaleessuufi kkf namoota afaanicha akka afaan lammataatti tajaajilamaniif ibsaafi odeeffannoo kennuuf kan tajaajiludha.

Kanneen malees, wantonni galmee jechootaa keessatti mul'atan gaaleewwan adda addaa, qajeelfamoota akkaataa itti fayyadama gabateewwanii, maappiwwaniifi wabiilee seerlugaati.

Bu'aa Galmee Jechoota Aflamee

- Hiika jechootaa haala salphaan hubachuu danda'amuun ni kaa'a.
- Hiika jechoota hedduu ni dhiyeessa.
- Nama afaan biraan baruuf tajaajila kenna.
- Fayyadamtootaaf baay'ee ifaadha.
- Dandeetti jechoota afaan baramuu barbaadamee cimsuuf tajaajila.
- Hiikaa jechootaa haaraa baay'ee ta'an baruuf tajaajila.
- Hiikoo jechootaa ilaaluun salphaatti ibsuun ni danda'ama.

Miidhaa Galmee Jechoota Aflamee

- Jijiirraan kallattii mul'atuun qofa waan ta'eef, hiika jechi tokko qabu barbaadamu ta'uu dhiisuu danda'a.
- Dhiyaannaa gadi fageenyaan odeeffannoo kan kennu miiti.
- Liqinfamanii afaan barachuu hin afeeru.
- Meeshaalee arga yaadaa (qabatamoo) deeggaramee hin dhiyaatu.
- Hiikni kallattiin kennamu aadaa afaan itti hiikamuu faallessuu danda'a.

ii) Galmee Jechootaa Aftokkee

Bu'aa Galmee Jechoota Aftokkee

- Ibsa haala salphaan kenna.
- Odeeffannoo gadifageenyaan dubbistootaaaf dabarsa. Kanas, fakkeenyota adda addaan deeggaree dhiyeessa.
- Dubbistoonni waa'ee afaan galmeen jechaa itti qophaa'ee akka yaadan taasiisa.
- Afaan keessa liqinfamuun barachuu afeera

Miidhaa Galmee Jechoota Aftokkee

- Jechoota xiqqoo ta'aniif hiika kenna
- Dandeetti jechootatti fayyadamuu xiqqeessaa. Kunis, hiika jecha afaan tokkoo afaanuma sanaan waan kaa'uuf
- Dubbistoonni afaanichatti baay'ee akka tajaajilaman hintasisu.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee gal mee jechootaa aflameefi aftokkee irratti hubannoo gaarii argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala araan gaditti siif kenname haalaan hojjedhu.

Gilgaala 23

1. Tokkummaafi garaagarummaa gal mee jechootaa aflameefi aftokkee ibsi.

2. Bu'aafi miidhaa gal mee jechootaa aflamee jecha mataa keetiin ibsi.

-
-
-
-
3. Bu'aafi miidhaa galmee jechootaa aftokkee jecha mataa keetiin ibsi.
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-

-
-
-
-
4. Galmeewan jechootaa hanga yoonaatti Afaan Oromoon qophaa'anii jiran yoo xiqqaate ja'a tarreessuun galmee jechootaa aflameefi aftokkeetti quoduun kaa'i.
-
-
-
-
-
-
-
-
-
-

2.10.11.1. Galmee Jechoota Aftokkeefi Galmee Jechootaa Aflamee Barattootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti galmee jechootaa aflameefi aftokkee barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee galmee jechootaa aftokkeefi galmee jechootaa aflame barattootaa waliin madaaluu baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaa hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Galmeen jechootaa aftokkeefi galmeen jechootaa aflamee barattootaa maal jettee yaaddaa?

- Tokkummaafi garaagarummaan galmee jechootaa aftokkeefi galmeen jechootaa aflamee barattootaa gidduu jiru maal maal jettee yaaddaa

Galmeen jechootaa hundaa wantoota armaan gadii hunda yookiin muraasa of keessatti hammachuu danda'a. Isaanis:

1. Jechoota bu'uuraa afaan tokko keessatti argamanii yookiin afaan biroorraa ergafatamanii
2. Akkaataa qubeessuu
3. Akkaataa sagaleessuu
4. Garee jechaa jechoota bu'uuraa galmee jechootaa sana keessatti hammatamanii
5. Xiinjecha
6. Xiinhima yookiin caashima
7. Ibsa jechoota bu'uuraa galmee jechootaa sana keessatti hammatamanii
8. Fakkeenya haala itti fayyadamaa, jechoota waliin deemanifi jechamoota garaa garaa
9. Tarreeffama jechoota bu'uuraa ibsa ga'aa waliin yookiin ibsa ga'aa isaanii malee
10. Walfakkii jechoonni bu'uuraa walii isaanii wajjin qaban
11. Xiinhiika
12. Xiinhaala (stylistic) bakka barbaachisaa ta'etti dhimma itti ba'u
13. Akka yaadni tokko caalaatti ifa ta'uuf meeshaalee tokko tokkotti dhimma ba'u
14. Madda jechoota afaan biroorraa ergifatamanii galmee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba'amani

Qabxiileen lakkoofsota 2, 3, 4, fi 9 irratti kennaman galmee jechootaa aftokkeefi aflamee irratti garaagarummaa baay'ee hinqaban. Qabxiin lakkoofsa 13 irratti kenname immoo galmee jechootaa yeroo ammaa

qophaa'aa jiran keessatti darbee darbee malee hinmul'atu. Kanneen biroo hafanirratti garuu galmeen jechootaa aftokkeefi aflameen garaagarummaa guddaa qabu.

1. Jechoota Bu'uuraafi Uumama Jechootaa

Galmeen jechootaa aftokkeefi aflamee barattootaa haala dhiyaannaa jechoota tarreessuu irratti garaagarummaa qabu. Galmee jechootaa aftokkee keessatti jechoonni afaan tokkoo hundi barreeffamuu hinqaban. Sababni isaas barataan jechoota afaan sanaa yeroo baay'ee dhimma itti ba'aman yoo bare suuta suuta gara galmee jechootaa afaan dhalootaatti darbuu danda'a. Galmeen jechootaa aflameen jechoota tarreessuurratti dhiyaannaa jijiiramaa kan jechoota afaan tokkoo yeroo baay'ee irra deddeebiin dhimma itti ba'amani muraasa (kan namoota sadarkaa gadiif tajaajiluu) hanga galmeen jechootaa afaan dhalootaa qabachuu qabuu qabachuu danda'a. Haata'u malee, galmeen jechootaa aflameen tarreeffama jechootaa afaan lammaffaafi tokkoffaa qaba.

2. Qoodinsa Seerlugaafi Haala Inni Jechoota Bu'uuraa Waliin Qabu

Galmeen jechootaa kan inni fudhatama qabaatu akka bu'uura qoodinsaatti yoo seerlugni hiikarra (yookiin faallaa isaa) dursa argatedha. Kunis, galmee jechootaa baay'ee keessatti dhiyaannaa waalta'aadha.

Fakkeenya Galmee Jechoota Aftokkee

- Adda** (M) 1. qaama ijaa olitti argamu
Inni **adda** ishee rukute
2. walfakkaachuu dhiisuu
Amalli ishee **addadha**.

- Kennaa** /M/ 1. Kan laatame
Inni **kennaa** naaf kenne.

2. Maqaa namaa
- Kennaan** kottu!
3. Gumaata/gumaacha

Dhahe (X) 1. Kufe

- Inni mukarraa lafa **dhahe**.
2. rukute
 - Inni mucaa uleen **dhahe**.
 3. hojjete
 - Inni gaagura **dhahe**.
 4. calleesse
 - Inni midhaan **dhahe**.
 5. hordofe
 - Inni bineensa faana dhahe
 6. qabe
 - Hagabuu waan manaa ba'eef beelli **dhahe**.
 7. furmaata barbaade
 - Inni isheef fala **dhahe**.
 8. safare
 - Inni bullukkoo dhumdhumaan **dhahe**.

Tume (X) 1. reeve, dhaane

- Tulluun Caaltuu **tume**.
2. sangoomse
 - Inni korma **tume**.
 3. itti robe, tortorse
 - Bokkaan isa **tume**.
 4. bulleesse
 - Inni buna **tume**.
 5. qara baase
 - Inni sibiila **tume**.

Fakkeenya Galmee Jechootaa Aflamee

Alert (n, adj.) alerti

1. ofeegannoo
2. si'aawaa
3. qophaa'aa

Bad (adj.) baadi

1. waan badaa/yaraa
2. hamaa
3. gara jabeessa

Bang (vt) baangi

1. walitti buusuu
2. itti bu'uu
3. rukutuu
4. tumuu

Filash (V) filaashii

1. Ibsuu
2. Dhuka'uu
3. Calaqqisiisuu

Letter (n) leeter

1. Xalayaa
2. Qubee

Light (adj) laayit

1. Salphaa
2. Haphii
3. Adii
4. Ifa

Manage (V) maanej

1. Bulchuu
2. Danda'uu
3. To'achuu

Maximize (vt) maaksimaayiz

1. Guddisuu
2. Gabbisuu
3. Hafarsuu

Discontinue (v) diiskoontiiniyu

1. Adda kutuu
2. dhiisuu

3. Ibsa Isaanii Waliin Garee Hiikaatti Qoqqooduu

Garaagarummaan bu'uuraa galmee jechootaa aftokkeefi galmee aflamee gidduu jiru, galmeen jechootaa aftokkeen hiika jechootaa afaanuma sanaan yommuu kenu, galmee jechootaa aflamee immoo hiika jechootaa gara afaan birootti jijiiruun kenna. Kanaaf, barattooni galmee jechootaa aftokkee caalaa galmee aflamee jechootaa filatu. Sababni isaas galmeen jechootaa kun kallattiin hiika jechootaa afaan lammaffaa gara afaan isaan beekanitti yookiin afaan tokkoffaa isaaniitti jijiiruun waan kaa'uuf.

4. Haala Itti Fayyadamaarratti Fakkeenyaa Kennuu

Galmeen jechootaa tokko tokko akka dubbisaaf ifa ta'utti haala itti fayyadamaarratti fakkeenyaa kennuu barbaachisaadha. Fakkeenyi kennamu keessattuu warra afaan lammaffaa isaanii ta'eef ifaafi salphaa ta'uu qaba. Haala itti fayyadamaarratti yeroo baay'ee kan fakkeenyaa kennu galmee jechootaa aftokkee yoo ta'eyyuu darbee darbee galmeen jechootaa aflameenis ni kenna.

5. Afaan Afaan Biroon Ibsuu (Metalanguage)

Itti fayyadama galmee jechootaa aftokkeef odeeffannoон kennamu afaanuma sanaanidha. Gama galmee jechootaa aflamee keessatti odeeffannoон itti fayyadamaа tokkoon barbaadamu, itti fayyadamaа biroon hinbarbaadamu. Fakkeenyaaaf, galmeen jechootaa aflameen Afaan Oromoo gara Afaan Ingiliziitti hiiku nama Afaan Oromoo beekutu Afaan

Ingiliziitiin maal akka jedhamu baruu barbaada malee nama Afaan Ingilizii qofa beeku miti.

Gabaabumatti garaagarummaan gal mee jechootaa aftokkeefi gal mee jechootaa aflamee barattootaa:

➤ **Tarreeffama Jechootaa**

Tarreeffamni jechootaa gal mee jechootaa aftokkee keessatti gabaabaa yommuu ta'u, kan aflamee keessatti immoo dheeraadha.

➤ **Ibsa Jechootaa**

Gal mee jechootaa aftokkee keessatti jecha afaan tokkoo garuma afaan sanaatti yommuu hiikamu, kan gal mee jechootaa aflame immoo gara afaan itti hiikamu barbaadameetti jijiirama.

➤ **Haala Itti Fayyadamaarratti Fakkeenyaa Kennuu**

Gal mee jechootaa aftokkee keessatti fakkeenyi haala itti fayyadamaa yommuu kennamu kan gal mee jechootaa aflamee keessatti immoo yeroo baay'ee gara afaan itti hiikamuutti jijiirama.

➤ **Haala Jechoonni Waliin Deemanifi Jechamoonni gal mee Jechootaa Ittiin Ibsaman**

Gal mee jechootaa aftokkee barattoota afaan lammaaf qophaa'e keessatti jechoonni waliin deeman yookiin jechamoonni afaanuma sanaan yommuu hiikaman kan aflame keessatti garuu yeroo hundaa ni jijiirama, darbee darbee garuu jechama walgitu afaan itti hiikamu keessaa barbaaduun bakka bu'a.

➤ **Odeeffannoo Haala Itti Fayyadamaafi Hiikaa**

Odeeffannoona haala itti fayyadamaa gal mee jechootaa aftokkee keessatti afaanuma sanaan yommuu kennamu gal mee jechootaa aflamee keessatti garuu afaan dhaloota barattootaatiin kennama.

Walumaagalatti galmeen jechootaa aftokkeefi aflameebarattootaa lamaanuu afaan lammaffaa yokiin alaa ittiin barachuuf gargaara. Galmeen jechootaa aftokkee keessatti barattoonni akka afaan lammaffaa yokiin alaa hubachuuf akka afaan lammaffaan yokiin afaan alaan dhimma ba'aniif dirqamu. Galmee jechootaa aflamee keessatti garuu afaan lammaffaa yokiin afaan alaa hubachuuf afaan tokkoffaa isaaniitti dhimma ba'u.

Yommuu jijiirraan afaan tokkoffaarraa gara afaan lammaffaatti taasisamu, galmeen jechootaa aflamee gaariin barattoonni akka isaan afaan lammffaa hubaniif odeeffannoo ga'aa kennaaf. Gama kanaan galmeen jechootaa aftokkeen faayidaa xiqqoo qaba. Akkasumas, yommuu barattoonni yaada isaanii barreeffamaan yokiin dubbiin ibsachuu barbaadan, galmeen jechootaa aftokkeen faayidaa muraasa kennaaf.

Galmeen jechootaa aftokkee gaariin itti fayyadamtootaaf hiika jechootaa kennuu caaluu danda'uu qaba. Akkasumas, galmeen jechotaa aflamee gaariinis afaan tokkoffaa gara afaan lammaffaatti hiikuu caaluu danda'uu qaba. Galmeen jechootaa kamiyyuu qabiyee isaa haala sirrii ta'een ibsuu danda'uu qaba. Kitaabichis kan dubbifamuufi kan yeroo dheeraa turu, gatii gaarii ta'eenis gabaa irratti dhiyaachuu qaba. Kana malees, galmeen jechootaa gaariin wantoota dubbisaan beekuufi hinbeekne adda baasuun kan dubbisichi barbaadu ofkeessatti hammachuu qaba. Waan hunda caalaa immoo galmeen jechootaa kamiyyuu dhugaa afaanichaa dhiyeessuurratti amanamaa ta'uu qaba.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti gosoota galmee jechootaa hubatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 24

1. Tokkummaan galmee jechootaa aftokkeefi galmee jechootaa aflamee barattootaa maal maal fa'i?

2. Garaagarummaan galmee jechootaa aftokkeefi galmee jechootaa aflamee barattootaa maal maal fa'i?

Cuunfaa

Barsiisaa/tuu! Barumsa kutaa kana keessatti hordofte sirriitti hubatteetta jedheen abdadha. Qabxiilee gurguddaan boqonnaa kana keessatti ilaaltes kanneen armaan gaditti ibsamanidha.

Inni duraa maalummaa gal mee jechootaa yommuu ta'u, kunis gal mee jechootaa jechuun kitaaba tarreeffama jechootaa afaan tokkoo tartiiba qubeetiin kaa'uun hiika yookiin jijiirraa isaanii afaanuma sanaan yookiin afaan biraan kaa'uudha. Akkasumas, galmeen jechootaa kitaaba wabii jechoota tartiibaan kaa'uun hiika kennudha.

Itti aansuun, immoo seenaa dhufaatii gal mee jechootaa yommuu ta'u, kunis jechi gal mee jechootaa jedhu jaarraa 13ffaa irraa eegalee maqaalee adda addaatiin moggaafamuun tajaajilaa ture. Innis maqaan jalqabaa bakka jecha gal mee jechootaa 'dictionary' jedhamuu 'Dictionarious' dhimma ba'amaa ture. Itti aansuun immoo, jecha 'dictionarim' jedhamutti tajaajilamaa ture. Dhumarrattis jecha 'dictionary' jedhamuu bakka bu'uun hanga har'aatti dhimma itti ba'amaa jira.

Akkasumas, galmeen jechootaa faayidaalee adda addaa kan akka odee effannoo akkaataa qubeessuu jechootaa, haala sagaleessuu, garee jechaa, akkaataa itti fayyadama jechootaa, uumama jechootaa, madda jechootaafi kkf kenna.

Itti dabalees, galmeen jechootaa caasaalee gurguddaafi xixiqqaa ofkeessaa kan qabu yommuu ta'u, caasaalee gurguddaa warri jedhaman jechoonni bu'uuraa maal akka ta'aniifi maal akka bakka bu'an,

akkasumas, akkaataa itti tartiibeffaman ilaallata. Caasaalee xixiqqaan immoo sagaleessuu, odeeffannoo seerlugaa, jecha bu'uuraa, hiika jechaa, madda jechaa, fakkiilee, fakkeenya kennuufi kkfdha.

Akkasumas, galmee jechootaas kutaalee gurguddaa sadii qaba. Isaanis: kutaa fuulduraa, qaamaafi dabaledha. Tokkoo tokkoon kutaalee kanaa odeeffannoo garaa garaa kennuuf gargaaru. Kunis kutaan fuulduraa odeeffannoo seerlugaa, qajeelfama haala itti fayyadama galmee jechootaa sanaa, mallattooleefi gabaaajeewwan galmee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba'amaniifi odeeffannoo caagochaa yommuu kenu, qaamni galmee jechootaa immoo haala sagaleessuu waalta'aa, jechoota bu'uuraafi haala uumama isaanii, hiika jechotaafi kkf kenna. Gama biroon dabaleen immoo odeeffannoo waa'ee xumuraa, gabaaajeewwan beekamoo ta'an, uumama jechootaa safartuuwwan wantoota garaa garaa, maqaalee biyyaafi kkf kenna.

Kana malees, galmeen jechootaa immoo gosoota garaa garaatu jiru. Isaanis: galmee jechootaa aftokkee yookiin afaan dhalootaa, galmee jechootaa aflamee, afsadee, galmee jechootaa dhimma murtaa'aa, galmee jechootaa waliigalaa, galmee jechootaa waahundaafi xiinqooqaa, galmee jechoota hiikaafi walitti dhufeenyaa, galmee jechootaa seenaafi maddaafi kkf yommuu ta'an, isaa kunis gosoota garaa garaa of jalaa qabu. Fakkeenyaaf galmeen jechootaa dhimma murtaa'aa galmeewwan jechootaa kanneen akka galmee jechootaa loogaa, moggaasaa, galmee jechoota haala dhiyeneen kutaalee jechaa, haala hiikaafi walitti dhufeenyaa, galmee jechootaa jechoota waliin deemanii, galmee jechootaa kutaalee /garee afaanii yommuu ta'an, galmeen jechootaa garee immoo galmee jechootaa qubeessuu, haala sagaleessuu, uumamtee, hiika kallattii, seerluga, tartiiba qubeefi gabaaajeewwaniiti. Galmeen jechootaa walitti dhufeenyaa immoo galmee jechootaa faalaa, jechoota irra deddeebiin mul'atanii, jechoota waliin deemanifi galmee

jechoota addaa ofkeessatti hammata. Gosoонни galmee jechootaa kunis улаагаалеे каннеен akka бал'ина jechoota бу'урaa, баay'ина афаанота иттиин qophaa'uu, haala yeroo tartiiba jechoonni иттиин dhiyaatan, kaayyoofi haala fayyadamtootaa irratti hundaa'uun qoodamu.

Tokkoon tokkoo galmee jechootaa kanneenisakkuma tokkummaa qaban garaa garummaas ni qabu. Fakkeenyaaf, qabxiileen galmee jechootaa aftokkeefi aflamee barattootaa adda taasisan jechoota бу'урaaфи уумама jechootaa, qoodinsa seerlugaa, haala итти fayyadamaarratti fakkeenya kennuufi kkfdha.

Mirkaneeffannoo

Barsiisaa/tuu! Amma boqonnaa lamaffaa koorsii kanaa xumurtee jirta. Kanaaf, boqonnaa itti aanutti osoo hindarbiin barnoota boqonnaa lamaffaa kana keessatti hordofaa turte sirriitti hubachuu kee mirkaneeffachuu qabda. Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatanis hubannoo ga'aa argachuufi dhiisuu kee mirkaneeffachuu si gargaaru. Kanaaf, hubannoo argachuufi dhiisuu kee mirkaneeffachuu, yoo hubatteetta ta'e, deebii **Eeyyee** jedhu jalatti mallattoo (**✓**), yoo hinhubanne ta'e immoo deebii **Lakkii** jedhu jalatti mallattoo (**X**) kaa'uun erga agarsiistee booda kan hinhubanne haalaan hubachuuf duubatti deebi'uun sirriitti dubbisi. Erga sirriitti irra deddeebitee dubbistee booda, ammas gara gaaffichaatti deebi'uun hubachuu kee mirkaneeffadhu.

Lakk.	Gaaffilee	Deebii	
		Eyyee	Lakki
1.	Maalummaa gal mee jechootaa hubattee?		
2.	Seenaa dhufaatii gal mee jechootaa hubattee?		
3.	Faayidaa galmeen jechootaa qabu hubattee?		
4.	Caaasaalee gurguddaafi xixiqqaa gal mee jechootaa hubattee?		
5.	Kutaalee gal mee jechootaa adda baafattee?		
6.	Ulaagaalee gal mee jechootaa qooduuf gargaaran adda baafattee?		
7.	Gosoota gal mee jechootaa adda baafattee?		

Gaaffilee of Madaallii

Gaaffilee armaan gadiif deebii kenni.

1. Faayidaa galmeen jechootaa kallattii garaa garaa qabu ibsi.

2. Ulaagaalee galmee jechootaa quoduuf barbaachisan yoo xiqqaate afur tarreessuun jecha mataa keetiin ibsi.

3. Gosoota gal mee jeechootaa yoo xi qqaate ja'a tarreessuun ibsi.

4. Galmee jechootaa gosa garaa garaa qopheessuun maaliif akka barbaachise ibsi.

5. Galmeewan jechootaa amma yoonaatti Afaan Oromootiin qophaa'an yoo xiqqaate shan tarreessuun gosoota gal mee jechootaatti qoodi.

6. Kutaalee gal mee jechootaa tarreessuun ibsi.

BOQONNAA SADII

QABIYYEE GALMEE JECHOOTAA

Seensa

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan barnoota boqonnaa lammaffaa koorsii kanaa xumurtee gara barnoota boqonnaa sadaffaa koorsii kanaatti dhufte. Boqonnaa lammaffaa koorsii kanaa keessatti maalummaa galmee jechootaa, seenaa dhufaatii galmee jechootaa, seenaa guddina galmee jechootaa Afaan Oromoo, faayidaa galmee jechootaa, kutaalee galmee jechootaa, tokkummaafi garaagarummaa galmee jechootaa afaan dhalootaafi galmee jechootaa barattootaa barattee jirta. Kanaaf, waa'ee qabxiilee kanneenii hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Boqonnaa sadaffaa koorsii kanaa keessatti immoo qabiyyee galmee jechootaa baratta. Kunis sagaleessuu, qubeessuu, madda jechootaa, seerluga galmee jechootaa keessatti, odeeffannoo seerlugaa galmee jechootaa keessatti hammatamuu qabanii (hormaata jechootaa, garee jechootaa, haala itti fayyadama jechoota afaanichaa, amala caasimaa), uumama jechootaa, rakkolee uumama jechaa leeksiigiraafii, jechoota waliin deemaniifi jechamoota, odeeffannoo waliigalaa galmee jechootaarraa argamuu qabaniifi odeeffannoo biroo galmee jechootaa irraa argamanidha.

Barsiisaa/tuu! Gidduu gidduu barnoota boqonnaa kanaatti immoo gilgaalonni adda addaa siif kennameeru. Gilgaalonni siif kennaman kunneenis hubannoo ati boqonnaa kana keessatti argattu baay'ee waan siif cimsaniif sirriitti hojjechuutu sirraa eegama. Kana malees, xumura boqonnaa kanaatti gaaffileen of madaallii adda addaa siif kennamaniiru. Gaaffilee kanneenis haalaan hojjechuutu sirra jira. Deebiwwan

gilgaalota kanneeniif kennaman immoo xumura koorsii kanaa irratti kennamanii jiru. Kanaafuu, osoo deebiwwan kanneenii hinilaaliin gaaffilee siif kennaman hojjechuuf yaali. Sanaan booda deebiin kee siirrii ta'uu mirkaneeffachuuuf deebiwwan gaaffilee boqonnaa kanaaf kennamaniin wal bira qabii ilaali. Deebii ati kenniteefi kan xumura koorsii kanaarratti kennaman yoo wal hinsiman ta'e, gara mata duree gaaffichi keessaa ba'eetti deebi'ii sirriitti dubbisuun hubadhu. Yoo kana taasistes yaadni isaa siif galuu dide hiriyoota kee koorsii kana si duukaa fudhataa jiran yookiin kanneen kanaan dura fudhatanii darban yookiin kanneen dhimma kanarratti hubannoo qabu jettee yaaddu gaafadhu. Kana gootees ammayyuu yaadichatti yoo amanuu dadhabde yookiin deebiin hiriyooni kee siif kennanis si quubsuu yoo dide gaafficha yaadannoo kee irratti qabadhuu gaafa ganna itti aanu deebitee barnoota keef dhuftu na gaafachuu ni dandeessa.

Kaayyoo

Xumura boqonnaa kanaatti:

- Qabiyyeewan gal mee jechootaa ni tarreessita.
- Maalummaa uumamaafi hormaata jechaa ni ibsita.
- Maalummaa qubeessuu ni ibsita.
- Garee jechootaa ni tarreessita.
- Maalummaa qubeessuu ni ibsita
- Seerluga gal mee jechootaa keessatti hammatamuu qaban ni ibsita.
- Maalummaa madda jechootaa ni ibsita.
- Rakkoolee uumama jechaa leeksiikoogiraafii ni ibsita.
- Jechoota waliin deeman adda baasta.
- Jechamoota adda baasta.
- Odeeaffannoo waliigalaa gal mee jechootaarraa argamuu qabanii ni tarreessita.

- Odeeffannoo biroo gal mee jechootaarrraa argamuu qabanii ni tarreessita.

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan gara barnoota boqonnaa kanaatti dhufte. Boqonnaa kana jalatti qabiyyee gal mee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hinseeniin gaaffiilee armaan gaditti dhiyaatan deebisuuf carraaqi.

- Qabiyyee galmeen jechootaa tokko ofkeessatti qabachuu qabu maal jettee yaaddaa?
- Galmeewan jechootaa hundi qabiyyee walfakkaatu qabuu?

Galmeen jechootaa hundaa wantoota armaan gadii hunda yookiin muraasa of keessatti hammachuu danda'a. Isaanis: jechoota bu'uuraa afaan tokko keessatti argamanii yookiin afaan birooraa ergafatamanii, akkaataa qubeessuu, akkaataa sagaleessuu, garee jechaa galmee jechootaa sana keessatti hammatamanii, xiinjecha, xiinhima yookiin caashima, ibsa jechoota/gaaleewan galmee jechootaa sana keessatti hammatamanii, fakkeenya haala itti fayyadamaa, jechoota waliin deemanifi jechamoota garaa garaa, tarreeffama jechoota bu'uuraa ibsa barbaachisaa waliin, xiinhiika, akka yaadni tokko caalaatti ifa ta'uuf meeshaalee deeggarsaa tokko tokkotti dhimma ba'uu, ibsa madda jechoota afaan birooraa ergifatamanii galmee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba'amaniifi kkf ofkeessatti qabachuu danda'a.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee qabiyyee galmee jechootaa ilaalchisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 1

1. Qabiyyee galmee jechootaa tokko qabaachuu danda'u tarreessi.

2. ‘Galmeen jechootaa hundi qabiyyeewan armaan olitti tarreffaman hunda yookiin muraasa of keessatti hammachuu danda’a,’ yaada jedhu jecha mataa keetiin ibsi.

3.1. Qubeessuufi Sagaleessuu

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee qabiyee galmee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee qubeessuufi sagaleessuu baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kennname deebisuuf yaali.

- Galmeen jechootaa tokko qubeessuufi sagaleessuu qabaachuun isaa faayidaa maalii qaba jettee yaadda?

- Galmee jechootaa keessatti odeeffannoo qubeessuufi sagaleessuu qabaachuun dirqama jettee yaaddaa?

Qubeessuu

Galmeen jechootaa akkaataa jechoonni afaan ittiin itti qubeeffamu agarsiisuu qaba. Sababni isaas itti fayyadamtoonni galmee jechootaa akkaataa jechi afaan sanaa itti qubeeffamerratti odeeffannoo argachuu waan barbaadaniif.

Sagaleessuu

Galmeewwan jechootaa hundi odeeffannoo waa'ee sagaleessuu hinqaban. Fakkeenyaaaf, galmeen jechootaa 'Spanish' yookiin 'Finnish' odeeffannoo waa'ee sagaleessuu hinqaban. Sababni isaas haalli jechoota afaan kanaa itti sagaleessaman muraasa isaaniirra kan hafe qabee jecha sanaa irratti waan hundaa'aniif. Haata'u malee, Afaan Ingilizii afaan akkasii waan hintaaneef galmee jechootaa afaan kanaa inni xiqqaanillee odeeffannoo sagaleessuu of keessaa qaba.

Galmee jechootaa keessatti odeeffannoo sagaleessuu hammachisuun haala itti sagaleessamu yookiin itti dubbatamu fayyadamtoota hubachiisuuf gargaara.

Galmeewwan jechootaa afaanota akka barreeffamanitti hinsagaleeffamne irratti qophaa'an haala jechi tokko itti sagaleeffamu agarsiisuu qabu. Sababni isaas, itti fayyadamtoonni jecha barreeffame tokko maal jedhanii sagaleessuu akka qaban baruu waan qabaniif.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee qabiyyee gal mee jechootaa ilaalchisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala araan gaditti siif kennae hojjedhu.

Gilgaala 2

1. Faayidaa qubeessuufi sagaleessuun gal mee jechootaa keessatti qabu ibsi.

2. Galmeewwan jechootaa odeeffannoo sagaleessuu hinkennine kanneen akkamiitii? Maaliifi? Fakkeenya kennuun ibsi.

3.2. Madda Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee qubeessuufi sagaleessuu barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee madda jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hindeemiin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf yaali.

- Madda jechootaa yommuu jedhu maal jechuudha jettee yaaddaa?

- Ibsawan madda jechootaa keessatti hammatamuu danda'an maal maal fa'i jettee yaaddaa?

Jaarraa 17^{ffaa} boodaa kaasee galmeen jechootaa tajaajila waliigalaa kan dubbattoota afaan tokkoffaaf qophaa'u keessatti odeeffannoон waa'ee madda jechootaa hammamatuu eegale. Kaayyoон kutaa madda jechootaas jechi bu'uuraа gal mee jechootaa afaan kamirraa akka dhufe agarsiisuudha. Yoo jechi sunuumamuudhaan dhufe ta'e, fakkeenyaaaf, karaa uumamaa yookiin jechoota hiika garaa garaa qaban walitti makuun yoo uumame, miseensonni jecha sanaa maal akka ta'aniifi akkamitti akka walitti makaman ifaa miti yoo ta'e malee maddi jechichaa yeroo baay'ee hinkennamu. Walumaagalatti maddi jechaa hundee jechaaf kennama.

Hangi ibsa madda jechootaa bal'ina gal mee jechootaa sana irratti hundaa'a. Fakkeenyaaaf, gal mee jechootaa xiqqoo keessatti kallatumaan madda jecha sanaa qofatu kaa'ama. Gal mee jechootaa guddaa keessatti garuu waa'ee madda jechichaa odeeffannoо yookiin ibsa bal'aatu kennama. Madda jechaa ibsuu keessatti jechichi afaan kamirraa akka dhufe ibsuun dirqamadha. Akkasumas, galmeen jechootaa tokko tokko tilmaamaan yeroo jechi sun gara afaanichaatti dhufes ni ibsa.

Kana malees, odeeffannoон kun tajaajila jechi sun yeroo ammaafi duri kennaa ture gidduu guraagrummaa jiru maal akka fakkaatu mul'isee kaa'a. Kun immoo dubbisaan/barataa jecha sana adda baasee akka tajaajilamuuf gargaara.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee madda jechootaa ilaalchisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 3

1. Kaayyoon kutaa madda jechootaa maal akka ta'e ibsi.

2. Yaadni 'Hangi ibsa madda jechootaa bal'ina gal mee jechootaa sana irratti hundaa'a,' jedhu maal jechuu akka ta'e fakkeenya kenuun ibsi.

3. Madda jechootaa gal mee jechootaa keessatti hammachiisuun tajaajila maal maal qaba?

3.3. Odeeffannoo Seerlugaa Galmee Jechootaa Keessatti Hammamatamuu Qabuu

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee madda jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo odeeffannoo seerlugaa galmee jechootaa keessatti hammatamuu qabanii baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hinseeniin gaaffilee armaan gadiitti siif kenname deebisuuf carraaqi.

- Odeeffannoos seerlugaa galmee jechootaa keessatti hammatamuu qabuu maal maal jettee yaaddaa?

- Hormaata jechaa yommuu jedhu maal jechuudha jettee yaaddaa?

- Uumama jechaa yommuu jedhu maal jechuu isaatii?
- Garee jechaa jechuun maal jechuudha?
- Amala caasimaa jechuun maal jechuudha jettee yaaddaa?

Waa'ee odeeffannoo seerlugaa gal mee jechootaa keessatti hammatamuu qabanii ilaachisee Kadir (2007) Brumfit (1985)fi Amsalu (2006) wabeeffachuu yommuu ibsu,

- Hormaata (inflection) jechi tokko qabaachuu danda'u
- Uumama jechaa (derivation)
- Garee jechaa (parts of speech) isaa
- Haala itti fayyadama jechoota afaanichaa
- Amala caasimaa (syntactic nature), fakkeenyaaf, ceyaafi ceelaa (active and passive), darbeeyyiifi miti darbeeyyii (transitive and intransitive) kennamuu qaba.

3.3.1. Hormaata Jechootaa (Inflection)

Hormaanni jechaa damee saayinsii afaanii ta'ee kan haala jechoonni afaaan tokko itti horan kan qoratudha. Hormaanni jechaa dhamjechoota hortee maxxanfata. kunis, jechoonni afaan tokko keessatti argaman dhamjechoota adda addaa maxxanfachuun hiika jechichi duraan qabu jijiirrachuu danda'a. Kanaaf, galmeen jechootaa tokko jecha bu'uurarratti hundaa'ee jechoota jecha bu'uraa sanarraa dhalachuu danda'an hammachuu qaba.

Hormaata jechootaa Afaan Oromoo Keessatti

Gal mee jechootaa keessatti maqaa, xumuraafi addeessi haala armaan gadiin hormaata agarsiisu.

a. Danooma

Afaan Oromoo keessatti danooma mul'istuun maqaa, addeessaafi xumurarratti unkaa garaa garaatiin mul'atu. Fakkeenyaaf, maqaarratti, dhamjechoonni hirkatoon kanneen akka-oota (sangoota), -lee (jabbiilee), -wwan (haawwan), -een (manneen), -eeyyii (dureeyyii), an (gaallan) -oo (faradoo), -eetii (mukeetii), -ii (karommii) fi kan kana fakkaatan kan

maxxanfatan yoo ta'u, addeessonni immoo irra deddeebiin (reduplication) danummaa isaanii mul'isu (Abarraa, 1995).

Fakkeenyaaaf, diimaa-diddiimaa

Guddaa-guguddaa

Bareeda- babbareeda...kkf

Dhamjechoonni xumurarratti maxxanuudhaan danooma mul'isan immoo kanneen akka

-tan (deemtan)

-ne (deemne),

-an (deeman) dha.

Dhamjechoonni addeessarratti maxanuudhaan kornayaagarsiisan ni jiru.

Fkn.

-cha (gurraacha),

-ittii (gurraattii).

-aa (diimaa),

-tuu (diimtuu).

Gama birootiinimmoo addeessoonni gariin kornaya lachiifuu tajaajilu.

Fkn. Sa'a adii,

Sangaa adii (Tilahun, 1980:xi).

3.3.2. Uumama Jechootaa

Tajaajilli waliigalaa gal mee jechootaa afaanii tuuta jechoota afaan tokkoo ibsuudha. Tuutni jechootaa kunneen miseensa tokkoffaafi lammaffaa of keessa qabu. Miseensonni tokkoffaan mallattoolee xiinqooqaa kan qaamolee xiinqooqaa birootti caccabuu hindandeenye kan akka bu'uura miseensa lammaffaatti tajaajilanidha. Isaanis haala dhamjechoota ofdanda'oo fakkeenyaaaf, nama, barataa, ilkaan, kkf yookiin dhamjechoota hirkatoo fakkeenyaaaf, -oota, -een, -wwan, -lee, -olii

kkf argamuu danda'u. Miseensonni lammafaan immoo walitti qindaa'ina miseensota tokkoffaati. Fakkeenyaaaf, barattoota, namoota, jaarsolii, haawwan, jabbilee kkf. Haalli miseensota tokkoffaa kanneen walitti qindeessan garuu afaanii afaanitti garaagara. Dhamjechoonni hirkatoon akka dhamjechoota uumamtee yookiin horteetti tajaajiluu danda'u. Dhamjechoonni uumamteen jechoota uumuuf kan oolan yommuu ta'an, dhamjechoonni horteen immoo seerluga afaanii agarsiisuuuf tajaajilu.

Waa'ee uumama jechaa ilaachisee Marchand (1969) yommuu ibsu, “*Word-formation is that branch of the science of language which studies the patterns on which a language forms new lexical units, i.e. words,*” (Fuula 2) jedha. Akkuma ibsa kanarraa hubachuun danda'amu uumamni jechaa damee saayinsii afaanii ta'ee kan haala jechoonni haaraan afaan tokkoo itti uumaman qoratudha.

Jechoonni immoo maxxanfachuun yookiin walitti makamuun uumamuu danda'u.

Kanaaf, galmeen jechootaa akkaataa jechoonni afaan galmeen jechaa sun irratti qaphaa'ee itti uumaman agarsiisuu qaba.

Uumama Jechootaa Afaan Oromoo Keessatti

Jechoonni Afaan Oromoo karaalee gurguddaa lamaan uumamuu danda'u. Isaanis:

- i) Dhamjechoota maxxanfachuufi
- ii) Jechoota walitti makuudha.

i) Dhamjechoota Maxxanfachuun

Dhamjechoota

Dhamjecha jechuun qaama xiqqa hiika mataa isaa qabu ta'ee kan yoo adda goodame hiika hinqabnedha. Dhamjichi bakka lamatti goodama. Isaanis:

- a) Dhamjecha ofdanda'aafi
- b) Dhamjecha hirkataadha.

a) Dhamjecha Ofdanda'aa

Dhamjecha ofdanda'aa jechuun dhamjecha mataa isaa danda'ee dhaabbachuun hiika qabu ifatti dabarsudha. Fakkeenyaaaf, nama, loon, foon, lukkuu, laga, muka, sa'a, saree, harkaafi kkfdha.

b) Dhamjecha Hirkataa

Dhamjecha hirkataa jechuun immoo dhamjecha mataa isaa danda'ee dhaabbachuun hiika qabu ifatti dabarsuu hindandeenyedha. Fakkeenyaaaf, -oota, -een, -tii, -wwanfi kkfdha. Kanaaf, dhamjechi hirkataan hiika qabu kana ifaa ifatti dabarsuuf dhamjecha ofdanda'aa irratti hirkachuu qaba. Kana jechuun immoo dhamjechi kun hiika mataa isaa hinqabu jechuu miti.

Dhamjecha Ofdanda'aa	Dhamjecha Hirkataa	Jecha Uumame
diimaa	-ina	diimina
adii	-eenya	addeenya
saree	-ummaa	sarummaa...

ii) Jechoota Walitti Makuun

Jechoonni Afaan Oromoo gariin jechoota hiika adda addaa qaban lamaafi isaa ol walitti dabsuun kan uumamu.

Fakkeenyaaaf,

Jechoota Walitti Makaman	Jecha Uumame
saree + diida	sardiidaa
mataa + duree	mata duree
abbaa + mana	abbaa manaa
xiinxala + dhama + sagalee	xiindhamsaga
Awwala + diiguu	awwaldiigessa

Jechoonni haala kanaan uumaman jechoota walitti makaman sanarrraa sagaloota jechoota sanaa irraa hir'isuun, itti dabaluun yookiin gara sagaloota birootti jijiiruun yookiin jechoota sana akkuma jirutti walitti makuun uumamuu danda'u.

Kanaafuu, galmeen jechootaa tokko haala itti jechoonni afaan sanaa itti uumaman agarsiisuu qaba.

Rakkoolee Uumama Jechaa Leeksiikoogiraafii

Uumama jechaa hundumaaf miseensota xiinqooqaa dhimma itti ba'aman adeemsa uumama jechaafi dhumarratti jecha uumamu sana adda baasuu qabna. Kanaaf, jechoota galmee jechootaa tokko keessatti hammatamuu qaban filachuufi haalli dhiyeessa isaanii namoota galmee jechoota qopheessaniif rakkoo guddaadha. Filannoon jechootaa miseensota jecha sana uuman (dhamjecha hirkataa yookiin dhamjecha ofdanda'aa ta'uu); akkasumas, waa'ee jecha dhumarratti uumamuu kan ilaaludha.

Akkasumas, dhamjechoonni hirkatoon galmee jechootaa giddugaleessa keessatti xiyyeffannoo guddaa argachuu qabu. Kanaaf, dhamjechoonni hirkatoon galmee jechootaa keessatti akka jecha bu'uuraatti ilaalamu.

3.3.3. Garee Jechootaa

Galmeen jechootaa garee jechi tokko jalatti ramadamus mul'isuu qaba. Isaanis: maqaa, maqibsa, xumuraafi durduubeedha. Kunis galmee jechootaa keessatti gabaajeedhaan kaa'amuu qabu. Fakkeenyaaaf, maqaa (m), maqibsa (mi), xumura (X)fi durduubee (dd) jechuun agarsiifamuu qabu. Kanaaf, qopheessaan galmee jechootaa yeroo galmee jechootaa qopheessu, garee jechootaa kana galmee jechootaasaa keessatti agarsiisuun dirqamadha.

Kanaaf, qopheessaan galmeen jechootaa tokko jecha galmee jechootaa isaa keessatti gargaarame hundaaf jechi sun garee jechaa akkamii jalatti akka ramadamee tajaajila kenu agarsiisuu qaba. Kunimmoo, dubbisaan galmee jecha tajaajila jechi sun haala galma adda addaa keessatti qabu akka beekuuf gargaara.

3.3.4. Haala Itti Fayyadama Jechoota Afaanichaa

Galmeen jechootaa haala jechi afaan galmeen jechootaa sun ittiin qophaa'eefi tajaajiluu agarsiisuu qaba. Haalli itti fayyadama jecha tokkoo karaa inni galmee jechootaa keessatti mul'atu, jechi tokko hiika inni qofaatti qabuufi himoota adda addaa keessatti qabu agarsiisuun. Akkasumas, haala jechi tokko hiika kallattiin mul'atu alatti tajaajila addaaf qabu agarsiisu galmeen jechootaa tokko odeeffannoo kennuu qaba. Jechi tokko hiika addaa agarsiisuuf kan gargaaru jechama, dubbii qolaa ykn dubbii haalaa, mammaaksaafi haala tajaajila yeroo durii agarsiisuuf gargaara yoo ta'edha.

Fakkeenyaaaf,

- a) Inni harka qalleessa. (Jechama)

Hiika - kan qabeenya hin qabne.

- b) Inni harka akka sibiilaa jabaatu qaba. (Dubbii qolaa)

Hiika kan salphaatti hinlaafne.

- c) Haarka abbaatu xurii baasa. (Mammaaksa)

Hiika - Abbaatu tattaafata

Himoonni armaan olii a-c tarraa'an hiika jechi 'harka' jedhu kallattiin qabu ala ergaa adda addaa dabarsu. Kanaaf, galmeen jechaa tokko dhimmoota kanneen armaan oliifi kan biroo jechi bu'uuraa (head word) qabu agarsiisuun barbaachisadha.

3.4. Jechoota Waliin Deemanifi Jechamoota /collocation and idioms/

Jechoota waliin deeman jechuun garee jechootaa irra deddeebiin waliin mul'atan jechuudha. Jechoonni waliin deeman kunneen seerluga waliin deemanifi jecha waliin deeman jechuun qoodamuu danda'u.

i) Seerluga Waaliin Deeman /Grammatical collocation/

Seerlugni waliin deeman garee jechootaa waliin socho'an ta'anii kan jecha mataa ta'e (kan akka maqaa, xumura, maqisaa) fi jecha seerluga mul'isu (kan akka durduubee) of keessaa qabudha.

Fakkeenyaaaf,

garaa duuba
funyaan bira
mukarra
lafa jala...

ii) Jechoota Waaliin Deeman /Lexical collocation/

Jechoota waliin deeman jechuun jechoota walqixxee ta'an lamarraa kan ijaaramudha. Fakkeenyi guddaan jechoota waliin deemanii walitti qindaa'ina maqaafi maqibsaa, maqaafi xumuraadha.

Fakkeenyaaaf,

Gurra mure
Garaa nyaachuu
Gurra gatuu...

3.4.1. Jechama

Jechama jechuun haala dubbii kan hiikni isaa jechootaa walitti qindaa'aniirraa adda ta'e qabu yookiin walitti dhufeenya jechoota lamaafi isa olii ta'ee, kan hiikni isaa jechoota walitti qindaa'an irraa gargar ta'edha. kana jechuunis, hiikni jechamni tokko qabu hiika jechoota walitti dhufan waliin tokko hin ta'u jechuudha.

Fakkeenyaaf,

Jechama

Hiika

Harka qalleessa ----- Hiyyeessa

Afaaniifi funyaan -----Dhiphaa

Gurra mure ----- Dage

Fakkeenya armaan olitti mul'aturraa hubachuu akka danda'amutti, jechi harka jedhuufi qalleessa jedhu qofaa isaanitti hiika mataa isaanii qaama dhaqna namaafi wanta furdaa hin taane yoo qabaatani erga walitti dhufanii immoo hiikni isaan qaban hiika jechoota duraarra kan adda ta'e hiyyeessa ykn kan qabeenya hin qabne ta'uusaanii hubachuun ni danda'ama.

Kanaafuu, qopheessitoonni gal mee jechootaa guddina gal mee jechootaa isaaniirratti hundaa'uun jechamoota hedduu gal mee jechootaa isaanii keessatti hammachiisuu qabu.

Gilgaala 4

1. Odeeffanno seerlugaa gal mee jechootaa keessatti hammatamuu qabu maal maal akka ta'an tarreessi.

2. Haala jechoonni Afaan Oromoo itti uumaman fakkeenya kennuun ibsi.

3. Rakkoolee uumamaa jechaa leeksiikoogiraaffii ibsi.

4. Garee jechootaa walhoruu danda'an erga tarreessitee booda jechoota Afaan Oromoo keessaa fakkeenya kenni.

5. Haala jechi tokko galmee jechootaa keessatti hiika kallattiin qabu alatti kennuu danda'u jechoota Afaan Oromoo keessaa yoo xiqqaate lama filachuun fakkeenya kennuun agarsiisi.

6. Amaloota xumuraa xiinhima galmee jechootaa keessatti mul'achuu danda'an tarreessuun ibsii fakkeenya kenni.

7. Yaada seerluga waliin deemaniifi jechoota waliin deeman ibsuun tokkoo tokkoo isaaniif fakkeenya kenni.

8. Jechama jechuun maal jechuu akka ta'e fakkeenya kennuun ibsi.

3.5. Faayidaa Seerlugaa Galmee Jechootaa Keessatti

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee odeeffannoo seerlugaa galmee jechootaa keessatti hammatamuu qabanii barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo faayidaa seerlugni galmee jechootaa keessatti qabu baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hindeemiin gaaffii armaan gadiitti siif kenname deebisuuf carraaqi.

- Faayidaan seerluga galmee jechootaa keessatti hammachiisuu maal jettee yaaddaa?

Faayidaa seerlugni gal mee jechootaa keessatti barattootaaf yookiin itti fayyadamtootaaf qabu Kadir (2007) Brumfit (1985) wabeeffachuun yeroo ibsu,

How important to the foreign learner is the grammatical information in a dictionary? Inclusion of grammatical information to the dictionary implies that the learner is going to use the dictionary in order to comprehension. That indeed, is the point: the inclusion of grammatical information in the dictionary is contribution to making the language learner, to enabling the learner to produce for himself correct and appropriate sentence in the language he is learning, jedha (Fuula 20).

Akkuma ibsa kanarraa hubatamu, seerlugni gal mee jechootaa keessatti argamu nama afaan sana akka afaan alaatti baratuuf hagam barbaachisaa? Odeeffannoo seerlugaa gal mee jechootaa keessatti hammachiisuun barataan gal mee jechootaa sana akka hubatuuf gargaara jedhamee yaadameeti. Kana jechuun odeeffannoo seerlugaa gal mee jechootaa keessatti hammachiisuun barataan afaanii sun mataasaatiin afaan baratu sanaan hima sirriifi fudhatama qabu akka ijaaru isa gargaarufidha.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee seerluga galmee jechootaa keessatti hammatamuu qabanii ilaalchisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 5

1. Odeeffannoo seerluga galmee jechootaa keessatti hammachiisuun faayidaa maalii akka qabu ibsi.

3.6. Odeeffannoo Waliigalaa Galmee Jechootaarrraa Argamuu Qaban

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee faayidaa seerlugni galmee jechootaa keessatti qabu barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo odeeffannoo waliigalaa galmee jechootaarrraa argamuu qabuu baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hindeemiin gaaffii armaan gadiitti siif kenname deebisuuf carraaqi.

- Odeeffannoonaan waliigalaa galmee jechootaarrraa argamuu qabu maal maal sitti fakkaata?

i) Odeeffannoo Jecha Bu'uuraa

Jecha bu'uuraa jechuun jecha qopheessaan galmee jechaa tokko tartiiba qubeedhaanis ta'e kan biroon akka bu'uuraatti itti gargaaramudha. Kunis, jecha irratti hundaa'ame hiikni adda addaa jechoota irraa maddaniifi kennamudha.

Odeeffannoona jecha bu'uuraa galmee jechootaa keessatti hammatamuu qaban

- Haala qubeessuu jecha bu'uuraa
- Qoodinsa birsagaa
- Jecha haaraa ta'uufi dhiisuudha.

Galmeen jechootaa tokko akkaataa jechi bu'uuraa tokko qubeeffamuufi birsaga adda addaatti qoodamu agarsiisuu mala. Akkasumas, dhuftee (maddaa)fi jijiirama jecha sanarratti mul'ate ibsuun irraa eegama.

i) Odeeffannoo Xiinsagaa

Odeeffannoona xiinsagaa jechoonni galmee jechaa sana keessatti hammataman akkaataa isaan itti sagaleeffamaniifi caagochi (stress) bakka inni itti mul'atu agarsiisuun barbaachisaadha.

Caagochi bu'aa ba'ii sagalee haala jechi tokko itti dubbifamu keessatti mul'atu kan agarsiisudha.

ii) Hiika Kennuu.

Hiika jechootaa kenuun hojii galmee jechaa keessaa isa guddaadha. Galmee jechootaa keessatti hiikni karaa adda addaa kennamuu danda'a. Isaanis, ibsudhaan, jijiiruuun, hiika fallaa ykn walfakkaatu kenuu, fakkeenya kenuun ta'uu danda'a.

iii) Odeeffannoo Seerlugaa

Odeeffanoon kun immoo garee jechaa, haala itti fayyadama jechichaa, ennaa, heddumina, yoo xumura ta'e darboofi hindarbine ta'uufi kkf of keessatti hammata.

iv) Odeeffannoo Haala Dubbii

Odeeffannoonaan kun jechi tokko bakka adda addaatti hiika inni qabuufi dubbii afaaniifi barreeffamaa keessatti akkaataa inni tajaajilu agarsiisuu mala.

Barsiisaa/tuu! Mata duree waa'ee odeeffannoo waliigalaa galmee jechootaarrraa argamuu qabu ilaachisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 6

1. Odeeffannoo waliigalaa galmee jechootaarrraa argamuu qabuu tarreessi.

2. Odeeffannoo jecha bu'uraa galmee jechootaa keessatti
hammatamuu qabuu ibsi.

3.7. Odeeffannoo Kan Biroo Galmee Jechootaarrraa Argamu

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti waa'ee odeeffannoo waliigalaa galmee jechootaarrraa argamuu qabuu barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo odeeffannoo biroo galmee jechootaarrraa argamu baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hindeemiin gaaffii armaan gadiitti siif kenname deebisuuf carraaqi.

- Odeeffannoonaan biroo galmee jechootaarrraa argamu maal maal sitti fakkaata?

Qabiyyeen galmeen jechootaa tokko hammachuu qabu kanneen biroo dabaleewwan, odeeffannoo aadaa afaan ittiin barreeffamee, wabiilee seerlugaa adda addaa, gabateewwaniifi fakkiilee, akkaataa xalayaa, iyyata barreessuufi kkf dabalee dhiyeessuudha.

Akkasumas, galmeen jechootaa odeeffannoo seerlugaa biroo kanneen akka xumura darboo (xd.), xumura mitidarboo (xmd.), hedduu (hed.)fi qeentee (queen.)fi kkf ta'uu mul'isuudha.

Barsiisaa/tuu! Mata duree waa'ee odeeffannoo biroo galmee jechootaarrraa argamu ilaachisee hamma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 7

1. Odeeffannoonaan biroo galmee jechootaarrraa argamu tarreessi.

Cuunfaa

Barsiisaa/tuu! Barumsa kutaa kana keessatti hordofte sirriitti hubatteetta jedheen abdadha. Qabxiilee gurguddaan boqonnaa kanaas kanneen armaan gaditi.

Qabiyyeewan galmeen jechootaa tokko qabaachuu danda'u jechoota bu'uraa, akkaataa qubeessuu, akkaataa sagaleessuu, garee jechaa galmee jechootaa sana keessatti hammatamanii, xiinjecha, xiinhima yookiin caashima, ibsa jechoota/gaaleewan galmee jechootaa sana keessatti hammatamanii, fakkeenya haala itti fayyadamaa, jechoota waliin deemaniifi jechamoota garaa garaa, tarreeffama jechoota bu'uraa ibsa barbaachisaa waliin, xiinhiika, akka yaadni tokko caalaatti ifa ta'uuf meeshaalee deeggarsaa tokko tokkotti dhimma ba'uu, ibsa madda jechoota afaan biroorraa ergifatamanii galmee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba'amaniifi kkfdha. Haata'u malee, galmeen jechootaa tokko qabiyyeewan kanneen hunda yookiin muraasa of keessatti hammachuu danda'a.

Odeeaffanno seerlugaa galmee jechootaa keessatti hammatamuu qaban immoo

- Hormaata (inflection) jechi tokko qabaachuu danda'u
- Uumama jechaa
- Garee jechaa (parts of speech) isaa
- Haala itti fayyadama jechoota afaanichaa
- Amala caasimaa (syntactic nature), fakkeenyaaf, ceyaafi ceelaa (active and passive), darbeeyyiifi miti darbeeyyii (transitive and intransitive) kennamuu qaba.

Faayidaan odeeaffanno seerlugaa galmee jechootaa keessatti hammachiisuus barataan afaanii tokko mataasaatiin afaan baratu sanaan hima sirriifi fudhatama qabu akka ijaaru gargaara.

Odeeaffannoon waliigalaa gal mee jechootaarraa argamuu qabu immoo
odeeffannoo jecha bu'uuraa, odeeffannoo xiinsagaa, hiika kennuu,
odeeffannoo seerlugaafi odeeffannoo haala dubpii yommuu ta'u,
odeeffannoo biroon gal mee jechootaarraa argaman dabaleewwan,
odeeffannoo aadaa afaan ittiin barreeffamee, wabiilee seerlugaa adda
addaa, gabateewwaniifi fakkiilee, akkaataa xalayaa, akkaataa iyyata
barreessuu, akkasumas, odeeffannoo seerlugaa biroo kanneen akka
xumura darboo (xd.), xumura mitidarboo (xmd.), hedduu (hed.)fi qeentee
(queen.)fi kkfdha.

Mirkaneeffannoo

Barsiisaa/tuu! Amma boqonnaa sadaffaa koorsii kanaa xumurtee jirta. Kanaaf, boqonnaa itti aanutti osoo hindarbiin barnoota boqonnaa sadaffaa kana keessatti hordofaa turte sirriitti hubachuu kee mirkaneeffachuu qabda. Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatanis hubannoo ga'aa argachuufi dhiisuu kee mirkaneeffachuu si gargaaru. Waan kana ta'eef, hubannoo argachuufi dhiisuu kee mirkaneeffachuu yoo hubatteetta ta'e, deebii **Eeyyee** jalatti mallatoo (✓), yoo hinhubanne ta'e immoo deebii **Lakkii** jedhu jalatti (X) kaa'uun erga agarsiistee booda kan hinhubanne haalaan hubachuuf duubatti deebi'uun sirriitti dubbisi. Erga sirriitti irra deddeebitee dubbistee booda, ammas gara gaaffichaatti deebi'uun hubachuu kee mirkaneeffadhu.

Lakk.	Gaaffilee	Deebii	
		Eyyee	Lakki
1.	Qabiyyeewan gal mee jechootaa adda baafattee?		
2.	Maalummaa uumamaafi hormaata jechaa hubattee?		
3.	Garee jechootaa adda baafattee?		
4.	Seerluga gal mee jechootaa keessatti hammatamuu qaban adda baafattee?		
5.	Rakkoolee uumama jechaa leeksiikoogiraafii keessatti qopheessitoota gal mee jechootaa mudatan hubattee?		
6.	Odeeffannoo waliigalaa gal mee jechootaarraa argamuu qabanii adda baafattee?		
7.	Odeeffannoo biroo gal mee jechootaarraa argamuu qabanii hubattee?		
8.	Jechoota waliin deeman hubattee?		

Gaaffilee of Madaallii

Gaaffilee armaan gadiif deebii kenni.

1. Qabiyyee galmee jechootaa tokko qabaachuu danda'u tarreessi.

2. Odeeefanno seerlugaa galmee jechootaa keessatti hammatamuu qaban tarreessi.

3. Odeeffannoo waliigalaa galmee jechootaarrraa argamu qabu ibsi.

4. Odeeffannoobiroo galmee jechootaarrraa argamu ibsi.

5. Seerluga galmee jechootaa keessatti hammachiisuun faayidaa maalii akka qabu ibsi.

6. Odeeffannoo madda jechootaa galmee jechootaa keessatti hammachiisuun faayidaa maalii qaba?

BOQONNAA AFUR

GALMEE JECHOOTAA QOPHEESSUU

/COMPILING DICTIONARIES/

Seensa

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan barnoota boqonnaa sadaffaa koorsii kanaa xumurtee gara barnoota boqonnaa arfaffaa koorsii kanaatti dhufte. Boqonnaa sadaffaa koorsii kanaa keessatti qabiyee gal mee jechootaa barattee jirta. Kanaaf, waa'ee qabxiilee kanneenii hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Boqonnaa arfaffaa koorsii kanaa keessatti immoo gal mee jechootaa qupheessuu baratta.

Barsiisaa/tuu! Gidduu gidduu barnoota boqonnaa kanaatti immoo gilgaaloni adda addaa siif kennameeru. Gilgaaloni siif kennaman kunneenis hubannoo ati boqonnaa kana keessatti argattu baay'ee waan siif cimsaniif sirriitti hojjechuutu sirraa eegama. Kana malees, xumura boqonnaa kanaatti gaaffileen of madaallii adda addaa siif kennamaniiru. Gaaffilee kanneenis haalaan hojjechuutu sirra jira. Deebiwwan gilgaalota kanneeniif kennaman immoo xumura koorsii kanaa irratti kennamaniii jiru. Kanaafuu, osoo deebiwwan kanneenii hinilaaliin gaaffilee siif kennaman hojjechuuf yaali. Sanaan booda deebiin kee siirrii ta'uun mirkaneeffachuuuf deebiwwan gaaffilee boqonnaa kanaaf kennamaniin wal bira qabii ilaali. Deebii ati kenniteefi kan xumura koorsii kanaarratti kennaman yoo wal hinsiman ta'e, gara mata duree gaaffichi keessaa ba'eetti deebi'ii sirriitti dubbisuun hubadhu. Yoo kana taasistes yaadni isaa siif galuu dide hiriyoota kee koorsii kana si duukaa fudhataa jiran yookiin kanneen kanaan dura fudhatanii darban yookiin kanneen dhimma kanarratti hubannoo qabu jettee yaaddu

gaafadhu. Kana gootees ammayuu yaadichatti yoo amanuu dadhabde yookiin deebiin hiriyoonni kee siif kennanis si quubsuu yoo dide gaafficha yaadannoo kee irratti qabadhuu gaafa ganna itti aanu deebitee barnoota keef dhuftu na gaafachuu ni dandeessa.

Kaayyoo

Xumura boqonnaa kanaatti:

- Akkaataa galmeen jechootaa itti qophaa'u ni ibsita.
- Maddawan ragaa galmee jechootaa qopheessuu keessatti tajaajilan ni tarreessita.
- Haala galmeen jechootaa itti karoorfamu ni ibsita
- Murtiiwwan galmee jechootaa qopheessuu keessatti fudhatamuu qaban ni tarreessita.
- Rakkolee Galmee jechootaa qopheessuu keessatti nama mudatan ni ibsita

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan gara barnoota boqonnaa kanaatti dhufte. Boqonnaa kana jalatti gal mee jechootaa qopheessuu baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hinseeniin gaaffiilee armaan gaditti dhiyaatan deebisuuf yaali.

- Galmee jechootaa qopheessuu jechuun maal jechuudha jettee yaaddaa?

- Galmee jechootaa haala kamiin qophaa'a jettee yaaddaa?

Gal mee jechootaa qopheessuun baajeta guddaa, yeroo dheeraafi hirmaannaa namoota beekumsaafi dandeettii addaa qabanii barbaada. Kanaaf, gal mee jechootaa qopheessuun salphaa waan hintaaneef karoorfamuufi to'atamuu qaba.

4.1. Karoora

Galmeen jechootaa karoora malee qophaa'u hinjiru. Karoorri gal mee jechootaa tokko uummatatti beeksifamus beeksifamuu baatus gaaffilee barbaachisoo hedduu kan deebisuufi dhimmoota xumura gal mee jechootaa miidhan irratti murtii kenna.

Murtiin inni duraa kennamuu qabu waa'ee namoota gal mee jechootaa sanatti gargaaramaniiti. Murtiin kunis adeemsa karoorsuu dura raawwachuu danda'a. Fakkeenyaaaf, gal mee jechootaa daa'imman wagga 7 hanga 10tti jiraniif qopheessuu jechuun murteessuudha. Haala gabaa adda baasuunis faayidaa mataa isaa qaba. Bal'inni gal mee jechootaa akkuma itti fayyadamtootaa baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas lakkofsa wantoota/dhimmoota gal mee jechootaa keessatti hammatamanii irratti sadarkaa karooraatti murtii kennuuf waan qooda qabuuf. Bal'inni mataan isaa gatii gal mee jechootaa tokko ittiin gurguramu wajjin walitti dhufenya qaba. Akkasumas, bal'inni unkaa gal mee jechootaa maxxansamu irratti dhiibbaa qaba. Kunis gama bal'inaafi haala qoodinsa fuula isaa fakkeenyaaaf, fuulli tokko bakka meeqatti akka qoodamuuti. Fuulli gal mee jechootaa baay'een bakka lama lamatti kan qoodamu yommuu ta'u, kan gal mee jechootaa yeroo ammaa immoo bakka sadi sadiitti qoodama.

Bal'inniifi itti fayyadamtoonni gal mee jechootaa lamaanuu dhimma haguuggii (coverage) gal mee jechotaa irratti murtii kennuuf dhiibbaa taasisu. Fakkeenyaaaf, galmeen jechootaa barattootaa (learners

dictionary)� jechoota tajaajila addaa qabaniifi dhimma murtaa'aarra jechootaa bu'uuraa afaanichaa irrati xiyyeffata. Haata'u malee, galmeen jexchootaa tajaajila waliigalaa jechoota dirree qorannoo garaa garaa kanneen akka fayyaa, tekinoolojii, faayinaansiifi kkf of keessatti hammata. Haaluma walfakkaatuun galmeen jechootaa haala dubbiifi jechootaa garee (slang), akkasumas, jechoota safuu ofkeessatti hammachuu danda'a.

Murteewwan armaan olitti eeraman kunneen erga fudhatamanii booda, tarreeffamni jechoota bu'uuraa kan itti fayyadamtoota, ba'inna murteeffameefi hamma haguugamuun irra jiruu qabatu filatamuu qaba. Galmeen jechootaa hundumtuu jechoota bu'uuraa ofkeessatti hammachuu qabanii jechootuma afaanichaa keessaa filatu.

Sadarkaa karoora galmee jechootaatti caasaalee gurguddaafi caasaalee xixiqqaa gal mee jechootaa maal akka fakkaachuu qabu irratti murtiin kennamuu qaba. Caasaalee gurguddaa keessatti warri hammataman tarreeffama tartiiba qabee jechoota bu'uuraa kanneen akka makoo, hiika jechootaa uumamanii, maxxantootaafi akkamitti akka maxxanan kan ofkeessatti hammatee, akkasumas, gabaajeewwaniifi yoo galmeen jechichaa kan ofkeessatti hammachuu barbaadu ta'e kanneen akka maqaalee namootaafi bakkawwaniitu hammatama.

Caasaalee xixiqqaa keessatti immoo odeeffannoo jechoota bu'uuraa keessatti hammatamuu qabanii, akkasumas, unkaafi tartiiba isaa irratti murtiin kennamuu qaba. Fakkeenyaaaf, sagaleessuu jechoota bu'uuraa hundaaf kennamuu qabaa? Tooftaa sagaleessuu akkamiitus dhimma itti ba'amaa? Caagochi jechootaa haala kamiin agarsiifamaa? Gama itti fayyadama afaniin afanichi haala akkamiin dhimma itti ba'ama? Akkasumas, qajeelfamni biroon dhimma itti fayyadama afanichaa ilaachisee ni kennamaa? Fakkeenyaaaf, madda jechootaa irratti

odeeffannoo hangamiitu kennamaa? Agarsiistota jechichi yoom gara afaanichaa akka dhufe mul'isan ofkeessatti hammataa? fi kkf ta'uu danda'a.

Haala kanaan murteen kennamus galmaa'uu qaba. Sababni isaas namoonni qophii gal mee jechootaa sana keessatti qooda fudhatan yookiin namoonni erga qophiin gal mee jechootaa sun eegalee booda miseensa qophii gal mee jechootaa sanaa ta'an qajeelfamoota akkamiiitu dursee akka lafa kaa'amee jiru hubachuuf isaan gargaara.

Qophii gal mee jechootaa keessatti qarshiifi yeroo karoorsuun baay'ee barbaachisaadha. Haata'u malee, galmeen jechootaa haala karooraan raawwatamuu dhiisuu danda'a. Garuu, yoo kompiiteraan qopheessina ta'e yeroon xumuramuu danda'a.

Gal mee jechootaa qopheessuu keessatti bal'inni, baajetaafi haalli goodinsa isaa galmeen jechootaa irratti dhiibbaa guddaa qaba. Yoo yeroo, humniifi qarshii ramadame adeemsa qophii gal mee jechootaa gartokko qofa irratti kan xiyyeffatu ta'e qulqullina kutaa gal mee jechootaa biroorrati dhiibbaa guddaa qaba.

4.2. Ragaa

Erga murteen tarreeffama jecha bu'uuraafi dhimmoota barbaachisoo irratti sadarkaa karooraatti kennamee booda, dhimmi ragaa gal mee jechootaa eessaa akka argamuutu ilaalam. Maddi ragaa gurguddaan sadiitu jiru. Isaanis:

- Gal mee jechootaa duraan qophaa'anii
- Waan waraabamee jiruufi
- Kompiiteradha.

Kompiiterri akka madda ragaa galmee jechootaatti tajaajiluu qofa osoo hintaane yeroo ammaa galmee jechootaa qopheessuufis ni fayyada. Galmeen jechootaa kompiiteraan qophaa'u keessatti qopheessitoonni hojii qophii galmee jechootaa yeroo tokko keessatti hojjechuu danda'u. Fakkeenyaaaf, sagaleessuu, madda jechootaafi kkf. Akkasumas, qopheessitoonni kunneen osoo qophiin sun adeemsifamaa jiruu hojii walii isaanii ilaaluu akka danda'an isaan gargaara. Kana malees, qopheessitoonni kutaa qopheessaa galmee jechootaa sana irraa fagaatanii jiran bakka jiran taa'anii hojii kana akka hojjetan isaan gargaara. Adeemsi gulaallis akka saffisu taasisa. Itti dabalees, maxxansa haaraan haala salphaa ta'een akka raawwatamu taasisa.

Galmee jechootaa gabaarra oolchuu keessatti haalli qabiinsa isaa, haalli fuula isaa maal akka fakkaatu, haalli odeeffannoona isaa itti tartiibeffame gaarummaa qabiyee isaatti dabalamee iddo olaanaa qaba.

Haalli odeeffanno galmee jechootaa ittiin argatan ifa ta'uun barbaachisaadha. Rogni fuula galmee jechootaa tokkoo dubbisaan odeeffanno dafee akka argatu gochuu qaba. Jechoonni bu'uuraa, qubeessuu, makoo, uumamaafi jechamni gurraacha'anii barreeffamuu qabu. Jechi bu'uuraa gara harka bitaatti siqee gurraacha'ee barreeffamuu qaba. Garee jechootaafi ibsa haala itti fayyadamaa, fakkeenyaa kennamuufi madda jechootaa agarsiisuuuf barreeffama Ixaaliyaanii (Italics) barreeffamu.

Yoo jechi tokko garee jechaa tokkoo ol keessatti kan ramadamuu danda'u ta'e tokkoon tokkoo garee jechaa sun haala ifaa ta'een agarsiifamuu qaba.

4.3. Rakkoolee Galmee Jechootaa Qopheessuu

Keessatti Nama Mudatan

- Bakka: Galmee jechootaa kam keessattuu bakki rakkoo guddaadha. Sababni isaas hanga haguuggii jechoota galmee jechootaafi bal'ina hiikaa waan murteessuuf
- Jechoota tokko tokkoof hiika kenuun rakkisaa ta'u: galmee jechootaa qopheessuu keessatti jechoota tokko tokkoof hiika kenuun baay'ee ulfaata. Kun immoo qophii galmee jechootaarratti rakkoo uuma.
- Jechoota galmee jechootaa tokko keessatti hammatamuu qabanii filachuufi haalli dhiyeessa isaaniis namoota galmee jechootaa qopheessaniif rakkoo guddaadha.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee qophii galmee jechootaa amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 1

1. Wantoonni gurguddaan galmee jechootaa qopheessuuf barbaachisan maal maal fa'i?

2. Qophii galmee jechootaa keessatti maddi ragaa gurguddaan jechoota bu'uraa maal maal fa'i?

3. Galmee jechootaa dhuunfaan qopheessuurra gareen qopheessuun maaliif filatamaa?

Cuunfaa

Barsiisaa/tuu! Barumsa kutaa kana keessatti hordofte sirriitti hubatteetta jedheen abdadha. Qabxiilee gurguddaan boqonnaa kanaas kanneen armaan gaditi.

Galmee jechootaa qopheessuuf wantoota gurguddaa sadii beekuu qabna.

Isaanis:

1. Jechoota bu'uuraa filachuu
2. Madda ragaa jechoota bu'uuraa adda baafachuu
3. Jechoota bu'uuraa barreessuu

Galmeen jechootaa yeroo baay'ee lakkofsa jechoota bu'uuraa hinibsan.

Galmeen jechootaas baay'ina jechoota bu'uuraa of keessatti hammataniin adda addadha. Fakkeenyaaaf, galmeen jechootaa inni baay'ee guddaan hang a jechoota bu'uuraa 100,000 ofkeessaa qaba.

Ragaan jechoota bu'uuraa qopheessitoota galmee jechootaa maddawan garaa garaarraa argama. Isaanis:

- a) Galmee jechootaa duraan qophaa'an
- b) Faayila maxxansitoota galmee jechootaafi
- c) Kompiiteradha.

Ragaan jechoota bu'uuraa kompiterraa argamanii haala ga'umsa qabuufi si'aayinaan argamuu danda'u. Ragaan kun odeeffannoo mirkaneessuuf yookiin gaaffilee murtaa'oof deebii kennuuf gargaaruu danda'a. Haata'u malee, irra guddaa akka madda jechoota bu'uuraa galmee jechootaatti tajaajila.

Galmee jechootaa qopheessuu keessatti wantoota barbaachisoo keessa inni sadaffaan jechoota bu'uuraa barreessuudha. Galmee jechootaa nama dhuunfaan qopheessuun yeroo baay'ee hinmu'atu. Irra caalaa gareen qopheessuutu mul'ata. Gareen qopheessuu keessatti namoota

ibsa jechootaa gal mee jechootaa irratti leenjii garaa garaatu irratti hirmaata. Fakkeenyaaaf, qophii gal mee jechootaa baay'ee keessatti namoota sagaleessuu, madda jechootaa, jechoota dhimma murtaa'aafi kan biroo irratti leenjii addaa qabantu qooda fudhata. Gal mee jechootaa haala kanaan qophaa'u keessatti qopheessitoomni hiika gal mee jechootaa yommuu barreessan, gulaaltonni immoo hojii qopheessitootaa qindeessuudha. Yeroo ammaan kana galmeen jechootaa kompiiterarratti waan qophaa'uuf miseensi gal mee jechootaa qopheessan hundi utuu gal mee jechootaa kun qophaa'uu ilaaluu danda'u. kun immoo galmeen jechootaa tokko osoo hinmaxxansamiin hojii isaanii gulaaluuf gargaara.

Mirkaneeffannoo

Barsiisaa/tuu! Amma boqonnaa arfaffaa koorsii kanaa xumurtee jirta. Kanaaf, boqonnaa itti aanutti osoo hindarbiin barnoota boqonnaa arfaffaa kana keessatti hordofaa turte sirriitti hubachuu kee mirkaneeffachuu qabda. Gaaffileen armaan gaditti dhiyaatanis hubannoo ga'aa argachuufi dhiisuu kee mirkaneeffachuu si gargaaru. Waan kana ta'eef, hubannoo argachuufi dhiisuu kee mirkaneeffachuu yoo hubatteetta ta'e, deebii **Eeyyee** jalatti mallatoo (✓), yoo hinhubanne ta'e immoo deebii **Lakkii** jedhu jalatti (X) kaa'uun erga agarsiistee booda kan hinhubanne haalaan hubachuuf duubatti deebi'uun sirriitti dubbisi. Erga sirriitti irra deddeebitee dubbistee booda, ammas gara gaaffichaatti deebi'uun hubachuu kee mirkaneeffadhu.

Lakk.	Gaaffilee	Deebii	
		Eyyee	Lakki
1.	Wantoota gurguddaan gal mee jechootaa qopheessuuf barbaachisan hubattee?		
2	Qophii gal mee jechootaa keessatti madda ragaa jechoota bu'uuraa hubattee?		
3.	Gal mee jechootaa gareen qopheessuun maaliif akka filatamu hubattee?		
4.	Qophii gal mee jechootaa keessatti murtiwwan garaa garaa fudhatamuu qaban hubattee?		
5.	Rakkoolee gal mee jechootaa qopheessuu keessatti nama mudatan hubattee?		

Gaaffilee of Madaallii

Gaaffilee armaan gadiif deebii gabaabaa kenni.

1. Hojii qophii gal mee jechootaa keessatti murtiin karooraan dura fudhatamuu danda'u maal maali?

2. Qophii gal mee jechootaa keessatti murtiwwan yeroo karooraan fudhatamuu qaban maal maal fa'i?

3. Wantoonni gal mee jechootaa qopheessuuf barbaachisoo ta'an maal maal fa'i?

4. Rakkoleen gal mee jechootaa qopheessuu keessatti nama mudatan maal maal fa'i?

BOQONNAA SHAN

GALMEE JECHOOTAA QEEQUU

Seensa

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan barnoota boqonnaa arfaffaa koorsii kanaa xumurtee gara barnoota boqonnaa shanaffaa koorsii kanaatti dhufte. Boqonnaa arfaffaa koorsii kanaa keessatti gal mee jechootaa qopheessuu barattee jirta. Kanaaf, waa'ee qabxiilee kanneenii hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Boqonnaa shanaffaa koorsii kanaa keessatti immoo gal mee jechootaa qeequu baratta.

Basiisaa/tuu! Gidduu gidduu barnoota boqonnaa kanaatti immoo gilgaaloni adda addaa siif kennameeru. Gilgaaloni siif kennaman kunneenis hubannoo ati boqonnaa kana keessatti argattu baay'ee waan siif cimsaniif sirriitti hojjechuutu sirraa eegama. Kana malees, xumura boqonnaa kanaatti gaaffileen of madaallii adda addaa siif kennamaniiru. Gaaffilee kanneenis haalaan hojjechuutu sirra jira. Deebiwwan gilgaalota kanneeniif kennaman immoo xumura koorsii kanaa irratti kennamaniif jiru. Kanaafuu, osoo deebiwwan kanneenii hinilaaliin gaaffilee siif kennaman hojjechuuf yaali. Sanaan booda deebiin kee siirrii ta'u mirkaneeffachuuf deebiwwan gaaffilee boqonnaa kanaaf kennamaniin wal bira qabii ilaali. Deebii ati kenniteefi kan xumura koorsii kanaarratti kennaman yoo wal hinsiman ta'e, gara mata duree gaaffichi keessaa ba'eetti deebi'ii sirriitti dubbisuun hubadhu. Yoo kana taasistes yaadni isaa siif galuu dide hiriyoota kee koorsii kana si duukaa fudhataa jiran yookiin kanneen kanaan dura fudhatanii darban yookiin kanneen dhimma kanarratti hubannoo qabu jettee yaaddu gaafadhu. Kana gootees ammayyuu yaadichatti yoo amanuu dadhabde

yookiin deebiin hiriyoonni kee siif kennanis si quubsuu yoo dide gaafficha yaadannoo kee irratti qabadhuu gaafa ganna itti aanu deebitee barnoota keef dhuftu na gaafachuu ni dandeessa.

Kaayyoo

Xumura boqonnaa kanaatti:

- Maalummaa gal mee jechootaa qeequu ni ibsita.
- Haala itti galmeen jechootaa qeqamu ni ibsita.
- Ulaagaalee gal mee qeequu ni tarreessita.

5.1 Maalummaa Qeeqa Galmee Jechootaa

Barsiisaa/tuu! Baga nagaan gara barnoota boqonnaa kanaatti dhufte. Boqonnaa kana jalatti waa'ee qeeqa galmee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hinseeniin gaaffi armaan gaditti dhiyaate deebisuuf yaali.

- Leexikoograafiiin barnootaa (**Academic Lexicography**) maal kan dalagu sitti fakkaata? Mee yaada kee bakka duwwaa armaan gaditti siif kenname irratti barreessi.
- Gahee leeksikoograafiiin qabu eeruu dandeessaa?
- Maalummaa qeeqa galmee jechootaa ibsuu dandeessaa?

Akkaadaamiin Leksikoograafii qophii yookiin ijaarsa gal mee jechootaa qofaarratti kan xiyyeffatu miti. Yaa ta'u malee, dhimma qo'annoo fi barannoo gal mee jechootaa ilaallatu hundaa: kan akka seenaa gal mee jechootaa, taayipolojii gal mee jechootaa, caasaalee gal mee jechootaa fi itti fayyadama isaanii fi kkf hunda kan hammatudha malee (Hartmann, 2001).

Gaheen Leeksikoograafii inni biroon bu'aalee daldala Leeksikoograafii (commercial Lexicography) kan ilaalu yoo ta'u, kunis madaallii gad-fagoo (rigorous critiques) fi sakatta'a gal mee jechootaa kan hammatudha. Kunis hayyoota Leeksikograafiitiin kan gaggeeffamudha. Kana jechuun ammoo sakatta'aa fi madaallii gal mee jechootaa kan gaggeessu beektota (academics) qofaadha jechuu miti.

Adeemsa gal mee jechootaa madaaluufi sakatta'uu (reviewing)n gal mee jechootaa qeequu jedhama. Dhimmi inni guddaa gal mee jechootaa qeequu keessatti hubatamuu qabu qajeelfamootaa fi qabxiilee/ ulaagaa gal mee jechootaa qeequuf nugargaaran adda baasanii lafa kaa'uu danda'uudha (Hartmann, 2001). Haa taaa'u malee, qeqqa gal mee jechootaa irratti ulaagaaleen irratti waliigalamee lafa taa'e baayy'ee hinmul'atu. Yaada kanaan walqabsiisee, Hartmann(2001:49) akka armaan gadiitti lafa kaa'a:

Anyone who has ever read (or written) a review of a particular dictionary will know that generally agreed criteria and standards for the assessment of quality and performance are still rare, if they can be said to exist at all.

Ibsi armaan gadii taa'e jechuun jalmeen jechootaa ulaagaalee murtaa'oo ta'e bu'uureffachuun qeequun hindanda'amu jechuu akka hin taane beekuun barbaachisaadha. Dhimma kanas yaadota armaan gadii waliin walqabsiisuun hubachuun nidanda'ama.

Dhimmoota qeeqa gal mee jechootaatiin walqabsiisee Hartmann (1966) Jakson, M (2003) keessatti akka armaan gadiitti kaa'a:

- Galmee jechootaa qeequun gochaalee hojii gal mee jechootaa madaaluudha (Hartmann, 1966)
- Qorannooleen tokko tokko akka ibsanitti qeeqa gal mee jechootaa ilaachisee yaadiddamni (theory) jala muramee hundeffamuun lafa taa'e hinjiru. [No definite theory of dictionary criticism has been established].
- Yeroo dheeraatiif qeqni gal mee jechootaa seeraafi ulaagaalee tumamee lafa taa'e osoo hintaane muuxannoo fi hubannoo namoota dhuunfaan (personal prejudice) gaggeeffamaa kan turedha (Hausmann et al. 1989 wabeeffachuun).
- Haalli maxxansaa fi akkaataan maxxansa isaanii tokko ta'ullee dhiyaannaa (approach) fi bal'ina isaaniirraa (scope) kan ka'e akkaataan sakatta'a galmeewwan jechootaa garaa gara ta'uu nidanda'a.

Yaa barataa/barattuu! Madaallii yookiin sakatta'a gal mee jechootaa ilaachisee yaadiddamni namoonni hundi irratti waliigalanii lafa kaa'an akka hinjirre kutaa armaan olii keessatti ilaalle jirra. Yaa ta'u malee, qeeqa gal mee jechootaa irratti yaadota gara garaa jiranu ilaaluun hubannoo keenya waliigalaatiif baayyee nugargaara. Haaluma kanaan galmeewwan jechootaa qeequu irratti yaadonni gara garaa hayyootiin gara garaa ittiin dalagaa turan akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama.

- Qajeelfama Roger Steiner jechuun kan galmeen jechootaa af-lamee (Bilingual Dictionary) kan ittiin qeqamu (Roger Steiner, 1984 , (Jakson, 2003 keessatti).

- Galmee jechootaa aftokkee (monolingual Dictionary) qeequurratti ulaagaalee toorba (7) hayuu Henery Bejoint, 1978 kan tume (Gaaleewwan jechootaa Afaan Ingiliziirraa beekamoo ta'an kan akka OALD, COD fi LDOCE walbira qabuun kan agarsiise) [Bejoint, 1978, Jakson (2003) keessatti].
- Malleen gal mee jechootaa qeequurratti wixineewwan beekamoo afur (Champman, 1977, Jakson (2003) keessatti).
- Sakattaatota galmee jechootaaf ajajoota Wiegand 1994, Jakson (2003) keessatti).

Kana malees, akka qeqa ammayyaatti kan fudhatamuufi kaayyoo waliigalaa galmee jechootaa aflameeti jechuun Jery Thomas (1988) qeqaan tokko kan ilaaaluu qabu qabxiilee toorba (7) eeree jira. Isaanis:

- Walqixxummaa jechootaa (Equivalents)
- Kallattiin agarsiisuu danda'uu (Directionality)
- Tartiiba qabee (Alphabetisation)
- Irra deddeebii (Redundancy)
- Uffisa (coverage)
- Itti fayyadamummaa/hammayummaa (currency)
- Amanamummaa (reliability)

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti maalummaa qeeqa gal mee jechootaa amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 1

1. Gal mee jechootaa qeequu jechuun maal jechuudha?

2. Gal mee jechootaa qeequu keessatti dhimmi guddaan hubatamuu fi kan ha'uu qabu maali?

5.2 Qajeelfama Madaallii Gal mee Jechootaa

Akkuma kutaa armaan olitti ilaaluuf yaalletti gal mee jechootaa qeequu/madaaluu irratti yaadonni gara garaa hayyoota gara garaan eeramanii jiru. Yaa ta'u malee, gal mee jechootaa madaaluu ilaachisee, hayyuuleen baay'een bal'inaan kan irratti waliigalan qajeelfamooti (principles/guidelines) murtaa'oo ta'an ni jiru. Isaanis akka armaan gadiiitti ni dhiyaatu.

5.2.1 Mala (Method)

Gal mee jechootaa sakatta'uun kitaabolee biroo sakatta'uu tokko miti. Fakkeenyaaaf adeemsa kitaaba biro sakatta'uu keessatti sakatta'aan kitaabaa (*book reviewer*) tokko kitaaba sakatta'u sana fuula isaa hunda

dubbisa, yookiin ammoo, kutaalee kitaabichaa muraasa irra deddeebi'ee dubbisuun irraa ni'eegama ta'a. Sakatta'uun yookiin madaaluun gal mee jechootaa garuu jechootaa fi gaaleewan gal mee jechootaa tokko keessa jiranu hunda dubbisuu hindanda'u. Kana gochuun irraas hineegamu. Jakson, M (2003: 175) ulfaatummaa yaadichaa yeroo ibsu, “ ----- usually dictionaries contain too much text to make it a feasible undertaking ----- NODE, for example claims four million words of text, while CED estimates that it contains 3.6 million words” jedha.

Barsiisaa/tuu! Mata duree darbe jalatti maalummaa qeeqa gal mee gal mee jechootaa barattee jirta. Kanaafuu, yaada kanarratti hubannoo ga'aa ta'e argatteetta jedheen abdadha.

Mata duree kana jalatti immoo waa'ee qajeelfama madaallii gal mee jechootaa baratta. Mee osoo kallattiin gara barumsichaatti hindeemiin gaaffii armaan gadiitti siif kenname deebisuuf carraaqi.

- Qabiyyeen gal mee jechootaa gadfageenyaan akkamitti kan madaalaman sitti fakkaata?

- Tooftaa iddattoo taseen (*random sampling technique*) gargaaramuuun waa filachuu jechuu maal jechuu akka ta'e ni beektaa?

- Tooftaalee iddattoo tasetti gargaaramuuun gal mee jechootaa akkamitti madaaluu/sakatta'auun danda'amaa?

- Qabxiwwan isaan bu'uura ta'uu danda'an kanneen keessaa hanga tokko eeruuf ni yaaltaa?
- Jechoota bu'uuraa gal mee jechootaa filachuu keessatti faayidaan tooftaa iddattoo tasee maal akka ta'e eeruu dandeessaa?

Galmeen jechootaa Afaan Oromoo kan akka 'Oromoo Dictionary' [kan Mahaadii Hamiid Muddee, 1995], Elellee [kan Hinseenee Makuriyaa,2007], **Jaamboo** [kan Wasanee Bashaa--] fi Hirkoo [kan Laggasaa Galataa, 2008] jechoota kumaataman lakkaawaman kan ofkeessaa qabandha. Kanaafuu, baay'inni jechootaa fi gaaleewan gal mee jechootaa Afaan Oromoo kunis akka laayyootti kan ilalamu miti. Kanaaf jennaan, bal'ina gal mee jechootaa ilaachisee yaad-rimeen asiin olitti eerame galmeewwan jechootaa Afaan Oromootiifis kan hojjetandha.

Qeeqa gal mee jechootaan walqabatee qabxiin inni biroon qabiyyee gal mee jechootaa gad-fageenyaan sakatta'uu (reviwing) fi madaaluu (evaluation) dha.

Robert Chapman (1977) Jakson, M (2003) keessatti gal mee jechootaa tokko gad-fageenyaan sakatta'uuf mala iddattoo taseen (*random*

sampling technique) jechoota filachuun barbaachisaadha yaada jedhu eera.

Toofaa iddattoo taseen (random sampling technique) gargaramuu waa filuu jechuun miseensota filmaataaf dhiyaatan hundi carraa walqixa ta'e bifaa qabaniin miseensota bakka bu'oo ta'an qofaa filuu jechuudha (Kumar, 1996).

Adeemsa toofaa iddattoo taseetiin gal mee jechootaaa madaaluu keessatti Robert Chapman(1977) Jackson (2003) keessatti akka eerutti, garaa garummaa fuula 20 keessatti jecha bu'uuraa isa jalqabaa filuun sakatta'a gal mee jechootaa gad-fagoo gaggeessuun akka danda'amu ni'ibsa. Kana malees, jechoonni muraasni filatamanis loogii tokko malee qabxiwwan bu'uura ta'an 5 irratti hundaa'uun gad-fageenyaan akka ilalaman Robert Chapman (1977) dabalee ni'eera.

Jechooti bu'uuraa filatamanis qabxiilee xiyyeffannoo Robert Chapman (1977) eere irratti hundaa'uun kan ilaalamani yoo ta'u, isaanis:

- (a) Sirrummaa (accuracy)
- (b) Guutummaa (completeness)
- (c) Ifummaa (clearness)
- (d) Salphummaa(simplicity) fi
- (e) Ammayyummamaa (modernity) dha.

Xiyyeffannoo yaad-rimee waliigalaaraa ka'uun faayidaa toofaa iddattoo tasee hanga tokko lafa kaa'uun ni danda'ama.

Adeemsi gal mee jechootaa madaaluu ykn sakatta'uu keessatti jechoota bu'uuraa gal mee jechootaa toofaa iddattoo tasee filuun yoo xiqqaate faayidaalee lama qaba:

(1) Looga ni hambisa: Jechoota filatamuu qaban ofiin filuurraa bilisa nama godha.

“Random sampling of entries ensures that a reviewer does not look for a predetermined list of favorite items” (Jackson, 2003).

(2) Galmeen jechootaa tokko gadfageenyaan sakatta’amuu isaa nimirkaneessa.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa’ee qajeelfama madaallii galmee jechootaa amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala armaan gaditti siif kennname hojjedhu.

Gilgaala 2

1. Tooftaa iddattoo taseen (*random sampling technique*) gargaramuu waa filuu jechuun maal jechuudha?

2. Jechoonni bu’uraa galmee jechootaa tooftaa iddattoo taseen filataman muraasni qabxiilee isaan irratti hundaa’anii ilaalamuu qaban(Robert Chapman, 1977) barreessi:

5.2.2 Ulaagaa

Ulaagaa galmeen jechootaa ittiin madaalamu bakka lamarraa madda. Isaanis **ulaagaalee keessaa** (internal criteria) fi **ulaagaalee alaa** (external criteria) jedhamuun beekamu. Ulaagaalee keessaa ilaachisee tokkoffaa,

galmeen jechootaa tokko waa'een isaa akkaataatti ibsamerraan kan maddu yoo ta'u, inni biraaammoo yaada gulaaltonni galmee jechootaadhaaf qaban irratti kan hundaa'udha. Gama biraan ulaagaan alaamboo (external criteria) galmee jechootaa gama barnoota qorachuu, gama qorannoo xiinqooqaarrraa fi gama xiyyeffannoo bifaa fi maxxansa irraa kan maddudha.

Galmeen jechootaa yaada kutaa fuul-duree (*preface*) fi yaada kan qol-duubee (*blurb*) isaanii keessatti maxxansa kanneen duraarraa kan adda isaan godhuu fi akkasumas barbaachisummaa isaan maxxansa isaan duraa caalaatti qaban ni'ibsu. Namni galmee jechootaa sakatta'u yookiin madaalu tokko fuulduree fi qool-duubee galmee jechootaa kanarratti waanti jedhame kun qabatamaan galmee jechootaa sana keessatti hojiirra ooluufi dhiisuu isaa sakatta'uu danda'a. Kunis ulaagaa keessaa ta'uun beekama.

Yaa Barataa! Galmee jechootaa 'seensa' ykn qol-duubee irratti yaada kenname (blurb) kan yaaddattu qabdaa? Yookiin ammoo gara mana kitaabaa deemuudhaan galmee jechootaa ati salphaatti argattu nijiraa? Ta'uun baatus, namoota biroo ykn hiriyoota kee gaafachuun akka hubachuu dandeessu amantaa niqaba. Hunda isaafiyyuu, yaad-rimee ka'e kana ilalchisee mee fakkeenya armaan gadii gadfageenyaan qayyabadhu.

Galmee jechootaa NODE jedhamu keessaa kutaa fulduree, 'seensa' jedhu keessatti dhiyaanna (approach) galmee jechootichaa yoo ibsu:

Galmee jechootaa kana keessatti tokkoon tokkoon jechaa yoo xiqqaate hiika bu'uuraa tokko niqaba. Hiikawwan xixiqqaa isaan biroos (a number of subsenses) walwalitti hidhatanii nijiru. Hiikkaa inni bu'uuraas kan bakka bu'u Afaan Ingilizii jecha gidduu galaan sadarkaa afaan ammayyaa keessatti tajaajiludha.

Yaada armaan oliirraa akka hubannutti ergichi qabatamaan kan madaalamuu danda'udha. Dhiyaannaa 'seensa' galmee jechootaa NODE bu'uureffachuun hayyuun Sidney Landau, 1999 (Jackson, 2003 keessatti) madaalliisaa akka ibsetti, "tooftaan hiikkaa galmee jechootaa NODE darbee darbee ifa miti. Yeroo tokko tokkos dhimmoota muraasa irratti jalqabaa hanga dhumaatti bifa jedhamuu danda'amuun milkaa'oo miti. Yaa ta'u malee, bal'inaan yoo ilaalle tooftaan hiikkaa isaa kan hojjetuu fi fudhatama kan qabudha" jedha [*Ergaa isaarratti hundaa'uun Afaan Ingiliziirraa gara Afaan Oromootti kan jijiirame*].

Yaad-arimee armaan olirraa waanti hubatamuu danda'u madaallin barruuwanii baayyeen isaanii waa'ee isaanii ibsamerra ka'u. Kunis ammoo sakatta'a barruuwanii keessatti akka ka'umsa guddaatti tajaajiluu kan danda'udha.

5.2.3. *Dhiyaannaa(Presentation)*

Galmeen jechootaa tokko akkaataatti inni qabiyyeessaa dhiyeessu itti fayyadama odeeffannoo isaa irraan dhiibbaa geessisuu ni danda'a. Dhiyaannaatiin walqabatees dhimmoota sakatta'aan galmee jechootaa tokko hubannoo keessa galchuu qabu akka armaan gadiitti dhiyaatu:

(a) *Dhiyaannaa Fuulaa (page Layout)*

Bal'inni fuula galmee jechootaa bal'ina galmee jechootaa (Galmeen jechootaa guddaa, Galmeen jechootaa giddu-galeessaafi galmee jechootaa kan kiisii, kkf) irratti kan hundaa'udha. Rogni/yaa'i (column) galmee jechootaa yeroo baa'yee lama yoo ta'u darbee darbee sadiis (fakkeenyaaaf, galmee jechootaa NODE, ECED) nijiru. Dhiyaannaa fuulaa ilaachisee bal'ina bakka duwwaa (amount of white space) dhimma tokko yoo ta'u kunis cinee (margin) fuula waraqaatiin kan murtaa'u ta'a. Bakki duwwaa jechoota bu'uuraa gidduutti argamus agarsiistuu dhiyaannaa fuulaati.

Dhimmi biroo dhiyaannaa fuulaa jalatti ramadamu qabsiisa tokko xumuruun qabsiisa biroo fakkeenyaaaf, yaadannoo itti fayyadamaa, diyaagiraamii, fakkii, fi kkfdha. Isaan kun hundi bifa (appearance) fuula galmees jechootaa irratti dhiibbaa mataa isaanii kan qabandha.

(b) Bifa Jechoota Bu'uuraa (Layout of the entries)

Akka aadaatti galmeen jechootaa bakka quachuuuf jecha odeeffannoo jechoota bu'uuraa hunda keeyyata tokko keessatti hammachiisu. Maxxansoonni haaraa ammoo keeyyata adda addaatti dhimma bahuun odeeffannoo haaraa eegalu.

Jecha bu'uura tokkootiif Odeeffannoonaan toora ofdanda'een eegaluu danda'u kan akka garee jechootaa, uumamee jechootaa (derivatives), gaaleewan, ibsa madda jechootaa (etymology), kkf ta'u danda'u. Kunis faayidaa mataa isaa niqaba. Fakkeenyaaaf jechoota hiika hedduu qaban saffisaan adda baasuu nama dandeessisa.

(c) Dheerina Jechoota Bu'uuraa (Length of entries)

Dhimmi dheerina jechoota bu'uuraa irra caalaaatti raawwii mana shimbiraa (**practice of 'nesting'**) jedhuun kan murtaa'u yoo ta'u, fakkeenyaaaf, jechoota uumee (derivatives), jechoota makoo (compound words), dubbiawan haalawaa (idoms) fi kkf. Yerootti jecha bu'uuraa tokko jalatti hammachiisuun ibsudha. Fakkeenyaaaf, galmeen jechootaa '**Chambers Dictionary**' jedhu tooftaalee mana shimbiraa (nesting) jedhu kanaan kan ibsamedha. Kana malees, galmeen jechootaa afaan Ingilizii **COD** hanga maxxansa 7ffaa isaatti malleen ibsa mana shimbiraatti kan gargaaramedha.

Karaa biraan ammoo, qaamuma jecha bu'uuraa ta'uun uumeewwan (derivatives), jechoota makoo (compound words), fi kkf ofdanda'uun yerootti ibsamantu jira. Yeroo kanatti jechoota bu'uuraa ibsa qabatan hedduu fi gaggabaaboo (shorter and more numerous entries) kan ta'an niuumamu. Yeroo kanas bakkeewwan duwwaa (white space) hedduun kan jiraatan yoo ta'u kunis karaa biraan dhiyaannaa fuulaa kan saffisiisu

(enhancing page layout) dha.Haaluma walfakkaatuun tooftaan ibsa inni lammaffaa (*non nesting approach*) kun gabaajee (abbreviations), maxxantuu(affixes) fi bif a jechoota gara garaa akka jecha bu'uuraatti walittifiduun ibsa ofdanda'an hedduu himoota gaggabaaboon akka jiraatan taasisa.

(d) Gabaajee (abbreviation)

Qophii gal mee jechootaa keessatti gabaajeetti dhimma bahuun akkuma tooftaa mana shimbiraa (like nesting) bakka kan qusatudha. Yaa ta'u malee, galmeewwan jechootaa hammayyaa (fakkeenyaaaf, (**CED, NODE**) maqaalee fi dhimmoota gara garaa baayyee isaanii bif a guutuu (full forms)n barreessuu filatu. Sababnisaas, gabaajewwan barruu tokko xiqqaate jechuun hubannoo dubbistootaa ariifachiisuudha amantaa jedhu qabu “fewer abbreviations mean greater accessibility” Kanaaf jennaan, itti fayyadama gabaajeewwaniirratti ofeeggannoona taasifamuu qaba. Gabaajee hinfayyadamnu hinjennu. Hammanumas, jechootii fi gaaleewwan beekamoo ta'an hundi gabaajeen barreeffamuu qaba jechuus miti.

Barsiisaa/tuu! Sadarkaa kanatti waa'ee qajeelfama madaallii gal mee jechootaa keessaa ulaagaafi dhiyaannaa madaallii gal mee jechootaa irratti amma tokko hubannoo argatteetta jedheen abdadha. Mee amma immoo gilgaala araan gaditti siif kenname hojjedhu.

Gilgaala 3

1. Barruu gal mee jechootaa tokko keessatti faayidaa gabaajeen qabu barreessi:

2. Galmeewwan jechootaa tooftaa mana shimbirroon (nesting approach) dhiyeessan lama barreessi:
-
-
-
-

5.2.4 Qabiyyee (content)

Akka Hudson, 1988 Jaksoon (2003) keessatti ibsutti ulaagaan qabiyyee dhimmoota armaan gadii kan ofkeessatti hammatu ta'a:

(a) Hagamii Jechootaa (Range of vocabulary)

Galmeen jechootaa hammayyaa (modern Dictionaries) kan dirree qorannoo adda addaa ofkeessatti hammatoo ta'uun isaanii ibsu. Kana malees, loogota gara garaa bal'inaan kan ofkeessatti qabate (Fakkeenyaaaf, looga Tuulamaa, Looga Maccaa, kkf yookiin ammoo Afaan Ingilizii keessatti looga Amerikaa, Looga Ingilizii, kan Austiraaliyaa fi kkf) ta'uun qaba.

Kanarraa ka'uun sakatta'aan tokko (a reviewer) guddina (size) fi hammattee (scope) gal mee jechootaa irratti hundaa'uun haguuggii gahaa (adequate coverage), hammayummaa, teeknikaan (technical) guutuu ta'uun isaa, addunyummaa/biyoolesssummaa/ naanummaa murteessuun kan madaalu ta'a.

(b) Uumama jechootaa (word formation)

Uumamni jechootaa caalaatti waa'ee jechoota uumamtee (affixes) fi jechoota makoo (compound words) kan ilaallatudha. Bakka kanatti waanti hubatamuu qabus ibsooni jechoota uumamanii dubbisaan walitti dhufeensa jechoota gidduu jiranii akka mirkanoeffataniif kan gargarudha.

(c) Hiikkaa (Defining)

Hiikkaa jechootaaf kenuun qopheessaa galmee jechootaa (Lexicographer) tokkoof dhimma murteessaadha. Kunis akkaataan kiikkaan jechootaa itti mul'atan agarsiisa. Fakkeenyaaf galmeen jechootaa tokko tokko hiikkaa bifa odeeffannoo hunda kenuu (Encyclopedic information) qabu. Haaluma kanaan sakatta'aan galmee jechootaa tokkos dhimmoota lamarratti xiyyeefachuutu irraa eeggama: Inni tokko galmee jechootaa keessatti hiikkaan yookiin odeeffannoona jecha tokkoof kennamu gahaa (adequacy of information) ta'uusaa mirkaneessuu. Inni lammaffaa ammoo akkaataan itti ibsam an dubbisaa abdatameef galma ga'uu (stylistically appropriate for the intended reader) danda'uu isaa.

(d) Hiikkaa Addaa (Beyond Denotation)

Mata duree kana jalatti hiikni jechaa isa sirrii (fakkeenyaaf jecha walffakkaatuu fi jecha faallee yeroo ibsaman) ta'een alatti (connotative meaning) isa ibsamu kan agarsiisudha. Jechoonni akkasii darbee darbee akkuma waliigalaatti namootni “Hiikkaa (Defining) jalatti fudhatan/ramadan nimjiru. Yaa ta'u malee dhimmi kun hiikkaa jecha tokkoo bifa addaan (collocations and shared connotations) hubachiisuudha.

(e) Sagaleessuu (Pronunciation)

Dhimmi kun barreeffamaa (transcription) fi sagalee isa bakka bu'uu (the accent to be represented) agarsiisa. Dhimmi sagaleessuu kunis irra caalaatti afaan ingilizii keessatti kan hubatamu yoo ta'u, gama Afaan Oromootiin garuu loogota naannoo waliin bifa walqabateen irra caalaatti hubatamuu danda'a. Kanaafis fakkeenya kan ta'an jechoota hiriyee kan armaan gadii ilaali::

‘Osoo’ fi ‘Otoo’

‘attam’ fi ‘akkam’

‘eessaa fi ‘eecha’

'Baayyee' fi 'baa'ee'

'Hennaa' 'ennaan' fi 'yennaa'

'Ishii' 'isii' fi 'ishee' kkf bal'inaan afaan Oromoo keessatti nimul'atu.

(f) Seerlugaa (Grammar)

Amalli gal mee jechootaa hedduun (traditionally) birkilee jechootaa irratti hundaa'uun ibsa kennuudha. Galmeen jechootaa aftokkeen kan namoota afaan ittiin hiikkataniif (native speakers) qophaa'u ibsa seerlugaa irratti xiyyeefachuu dhiisuu danda'a. Haaluma kanaan sakatta'aan gal mee jechootaa tokko ibsi seerlugaa gal mee jechootaa tokko hamma barbaachisuu fi akkaataatti ibsamuu qabuun ibsamuu isaa irratti xiyyeefachuun madaaluun irraa eeggama.

(g) Itti-fayyadama (Usage)

Galmeen jechootaa tokko haala fayyadama jechootaa akkaataa tajaajila isaaniin agarsiisuu danda'uu qaba. Fakkeenyaaaf, yerootiin (isa durii, isa ammaa), Looga(kan Amerikaa, kan Ingilizii,kkf) [Afaan Oromoo keessattis looga maccaa, kan Tuulamaa, fi kan kana fakkaataniin agarsiisuu danda'a], idilummaa(kan idilee, al-idilee), madaallii (jecha gartuffee/slangy, jecha safuu, kan arrabsoo, kan qoosaa), mata duree (muuziqaa, astironoomii, teelekominikeeshiinii) agarsiisamuu qabu. Haluma kanaan qeeqaan tokko gal mee jechootaa keessatti itti fayyadama jechootaa bifa barbaachisaa ta'een hubannoo keessa galchuu qaba.

(h) Fakkeenyaa (Examples)

Galmeen jechootaa hundi bifa hiika jechootaa, seerlugaa fi itti fayyadama ibsuu danda'aniin himootaa fi gaaleewan gara garaa gargaaramuu fakkeenyaa ni kenu. Akkaataan itti ibsanis gal mee jechoota adda addaa keessatti garaa garummaa qabachuu nidanda'u. Bakka kanattis gaaffilee bu'uraa qeeqaan gal mee jechootaa tokko kaasuu qabu fakkeenyota hagam akka gargaramu (the extent of the use of the examples),

fakkeenyonni adda addaa kennaman hiika jechootaa ibsuurratti gahee isaan qaban, fakkeenyonni kun akkamitti akka fudhatamanii fi sirrii ta'uu isaanii, akkasumas gal mee jechootichaa keessatti jalqabaa hanga dhumaatti bifa walfakkaatuun (*consistently*) ibsamuu isaanii hundaa ilaaluun barbaachisaadha.

Cuunfaa

Barsiisaa/tuu! Barumsa kutaa kana keessatti hordofte sirriitti hubatteetta jedheen abdadha. Qabxiilee gurguddaan boqonnaa kanaas kanneen armaan gaditi.

Qeqni ykn madaalliin gal mee jechootaa dhimmoota Saayinsii Leeksikograafii ta'an waliin kan walitti hidhatedha. Isaan keessaa Akkaadaamiin Leeksikoograafii (Academic Lexicography) bakka guddaa qaba. Akkaadaamiin Leeksikoograafiis dhimmoota qo'annoo fi barannoo gal mee jechootaa ilaallatan hunda kan akka seenaa gal mee jechootaa, taayipollojii gal mee jechootaa, caasaalee gal mee jechootaa fi itti fayyadama isaanii fi kkf hunda kan hammatudha.

Galmeen jechootaa tokko irra caalaatti ogeeyyii barnootaan kan madaalamu yoo ta'u, madaallii gal mee jechootaa ilaalchisees ulaagaan namoonni hundi irratti waliigalan kan lafa taa'e hinjiru. Yaa ta'u malee hayyoonni baayyeen kan irratti waliigalaniifi akka qajeelfama madaallii gal mee jechootaatti kan fudhataman ni jiru. Isaan keessaas Mala, Ulaagaa, Dhiyaannaa, Qabiyyeefi Kaayyoonaan bu'uuraa yoo ta'an walumaa galatti, Adeemsi gal mee jechootaa madaaluu (*evaluation*) fi sakatta'uun (*surveing*) gal mee jechootaa qeequu jedhamuun beekama.

Gaaffilee Of Madaallii

I. Gaaffilee armaan gadiif deebii kenni.

1. Galmeen jechootaa tokko ittiin qeqamuu qaba jechuutiin qabxiilee Jery Thomas (1988) lafa kaa'e barreessi:

2. Galmee jechootaa sakatta'uuf mala/tooftaa iddattoo tasee (random sampling technique) fayyadamuun barbaachisaa akka ta'e ogeeyyiin galmee jechootaa ni'eeru. Kunis maaliif barbaachisaa ta'e? Ibsi.

3. Tooftaalee iddattoo tasee (*random sampling technique*)n gargaaramuutiin galmee jechootaa sakatta'uun faayidaa inni qabu barreessi:

4. Bifa jechoota bu'uuraa keessatti jecha bu'uuraa tokkoof toora of-danda'e irratti ibsuun/barreessuun faayidaa maalii qaba?

5. Jechootaaf hiikkaa kennuu (defining) ilaalchisee sakatta'aan/madaalaan gal mee jechootaa tokko dhimmoota irratti xiyyeffachuu qabu barreessi.

II. Gaaffilee armaan gaditti dhiyaatan ergaan isaanii sirrii yoo ta'e, 'Dhugaa' yoo dogoggora ta'e ammoo 'Soba' jechuutiin deebii kee kenni.

1. Galmee jechootaa qeequu keessatti ulaagaa hayyoonni hundi irratti waliigalanii kaa'an hinjiru.
2. Adeemsi gal mee jechootaa ittiin sakatta'amu saakatta'a kanneen kitaaba birooraa addadha.
3. Ogeessi gal mee jechootaa Afaa Oromoo sakatta'u tokko jechota gal mee jechoota sana keessatti argaman hunda dubbisuu fi beekuun irraa eegama.
4. Yaanni gulaaltota gal mee jechootaa ulaagaa alaa (external criteria) jalatti ramadama.
5. Yaanni fuulduree (preface) fi qol-duubbee (blurb) ulaagaa keessaa (internal criteria) jalatti ramadaamu.
6. Rogni/yaa'i (column) gal mee jechootaa yeroo baay'ee sadiidha.
7. Galmeen jechootaa hammayyaa jechoota bu'uuraa hunda (garee jechootaa, madda jechootaa [etymology], uumamee, kkf) keeyyata tokko keessatti hammachiisa.
8. Dheerina jechootaa ilaalchisee toofaan/dhiyaannaan mana shimbiraa (nesting approach) himoota gaggabaaboo hedduu kan uumsisu miti.

9. Galmee jechootaa keessatti hammuma gabaajeen baayyate hubannoonaan dubbisaa (reader) dabalaan deema.
10. Idilummaa (formality) fi mata duree (field/ topic)n qabiyyee hiika addaa jalatti ramadamu.

Wabii

- Abarraa Nafaafaa (1997). **Galmee Jechootaa Afaan Oromoo-Afaan Amaaraa-Afaan Ingilizii.** Adaamaa: Artistic Printing Enterprise.
- Gadsby, A. (2005). **Longman Dictionary of Contemporary English, New Edition.**
- Ilson, R. (1985) **Dictionaries, Lexicography and Language Learning.** Oxford: Pergamon press Ltd.
- Jackson, H. (2002). **Lexicography: An Introduction.** Rouledge an imprint of the Taylor and Francis Group.
- Kadir Ibraahim (2007). Afaan Oromoo Barachuu Keessatti Hanqina Galmee jechootaa Afaan Oromoo Aflameefi Afsadee. Yuuniversiitii Addis Ababaa (Waraqaa qorannoo hinmaxxaffamne).
- Kumar,R. (1996). **Research Methodology: A step-by -step Guide for Beginners.** London: Sage Publications.
- Marchand, H. (1969a). **“A Set of Criteria for Establishing of Derivational Relation between Words unmarked by derivational Morphemes”** in Indogermanische Forschungen.
- Mayor, M. (2002). **MACMILLAN English Dictionary For Advanced Learners.** Macmillan publishers Limited.
- Wehmeier, S. (Ed.) (2005). **Oxford Advanced Learners Dictionary, 7th Edition.** Oxford: Oxford University press.

Deebiwwan Gilgaalotaafi Gaaffilee Ofmadaallii

Boqonnaa 1

Gilgaala 1

1. Jechoonni leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhaman lamaanuu jecha Giriikii leeksiikoo (lexiko) jechuunis jecha kan jedhurraa dhufan. Gama biroon leeksiikooloojiin jecha ‘lexico’ jechuunis jechaafi ‘logos’ jechuunis barachuu ykn saayinsii jedhurraa dhufedha. Kana jechuunis leeksiikooloojiin saayinsii jechoota qoratu jechuudha. Leeksiikoogiraafiin immoo jecha ‘lexico’ jechuunis jechaafi ‘graph’ jechuunis barreessuu jedhurraa dhufe. Kana jechuunis leeksiikoogiraafiin waa’ee jechoota barreessuu qorata jechuudha.
2. Leeksiikoogiraafiin hojiirra oolmaa leeksiikooloojiiti yommuu jedhu, Leeksiikoogiraafiin yaaddiddama yoo of keessaa qabaate iyyuu hojiirra oolmaa irratti xiyyeffata jechuudha.

Gilgaala 2

1. Leeksiikooloojiin saayinsii jechoota qoratu yommuu ta’u, leeksiikoogiraafiin immoo ogummaa gal mee jechootaa qopheessuu dha.
2. Tokkummaan isaanii lamaanuu jechoota Giriikii leeksiikoo (lexiko) jechuunis jecha kan jedhurraa dhufan yommuu ta’an xiyyeffannoonaanisaanis jechadha. Garaagarummaan isaanii immoo leeksiikooloojiin saayinsii jechoota qoratu yommuu ta’u, leeksiikoogiraafiin immoo ogummaa gal mee jechootaa qopheessuu ti.

Deebiwwan Gaaffilee Ofmadaallii

1. Leeksiikooloojiin bu’uura yaaddiddama leeksiikoogiraafii kenna yommuu jedhu leeksiikooloojiin yaaddiddama leeksiikoogiraafii irratti hundaa’u jechuudha.

2. Namni hojii gal mee jechootaa hojjetu qopheessaa gal mee jechootaa jedhama.
3. Leeksiikoogiraafii keessatti hiikni baay'een yaada dhuunfaa irratti hundaa'a yommuu jedhu hiikni jechootaaf kennamu loogii qopheessaa gal mee jechootaarraa bilisa miti jechuudha.
4. Jechoota leeksiikooloojiifi leeksiikoogiraafii jedhaman keessaa caalaa kan yaaddiddama irratti xiyyeefatu leeksiikooloojiidha.

Boqonaa 2

Gilgaala 1

1. Kuusaa jechootaa yookiin guuboo jechootaa jechuun waamu.
2. Galmeen jechootaa kitaaba wabii jechoota afaan tokkoo yookiin afaan tokkoo olii ta'an tartiiba qubeetiin kaa'u, kan odeeffanno akkaataa itti fayyadama afaanii ofkeessaa qabu, akkasumas, kan odeeffanno kanneen akka hiika jechootaa, madda jechootaa, xiinqooqa, sagaleessuufi kan biroo kan kennudha.

Gilgaala 2

1. Galmee jechootaa inni jalqabaa Afaan Ingiliziitiin kan barreeffame yommuu ta'u, galmee jechootaa kunis 'Latin-English dictionary' jedhama. Namni kitaaba kana barreeses 'Sir Thomas Elyot' yommuu jedhamu, barri kitaabichi itti barreeffames akka lakkofsa Awurooppaatti 1538 keessa ture.
2. Faayidaan galmee jechootaa baroota giddugaleessaa inni tokko 'glossing text' fi hiika walfakkii kennuu ture.
3. Jechi galmee jechootaa jedhu dura jechoota 'dictionarius' fi 'dictionarim' jedhamutti tajaajilamaa turame.

Gilgaala 3

1. Afaan Oromoo afaanota ardi Afrikaa keessatti dubbataman keessaa sadarkaa 3ffaa irratti argama.

2. Sababiin Afaan Oromoo hanga yeroo dhihootti afaan ogbarruufi barnootaa ta'ee hinguddatiin hafe hacuuccaa siyaasaa mootota Itoophiyaa jala yeroo dheeraaf waan tureef guddinni eegame hin mul'anne.
3. _____

Gilgaala 4

1. Galmeen jechootaa dagaaginaafi babal'ina afaan tokkoof ga'ee olaanaa qaba. Akkasumas, barnoota babal'isuufi qunnamtii cimsuuf, hojii saayinsiifi qorannoo, qaroomina tamsaasuuf tajaajila. Itti dabalees, jechoota sirrii ta'anitti garagaaramuu dabala. Kana malees, galmeen jechootaa akka kitaaba wabiittii odeeffannoo kennuuf gargaara.
2. Galmeen jechootaa dagaaginaafi babal'ina afaan tokkoo keessatti shoora olaanaa qaba. Kunis, galmeen jechootaa guddinaa afaaniifi hojiwwan qormaataaf gargaara. Akkasumas, afaanichi dhaloota itti aanutti akka darbuuf tajaajila. Kana malees, barnoota babalisuufi qunnamtii cimsuuf gargaara.

Gilgaala 5

1. Adeemsa galmee jechootaatti fayyadamuu keessatti sadarkaaleen keessa darbamuu qaban, inni duraa jecha barbaadan adda baafachuudha. Inni itti aanu, hiika jechaa isa galmee jechootaa keessaa barbaadaniif jecha bu'uuraasaa adda baafachuu. Akkasumas jechi bu'uuraa sirriin isa kam akka ta'e agarsiisuufi odeeffannoo hiika jechaa argametti gargaaramuudha.
2. Kanneen caasaalee gurguddaa jalatti ramadaman jecha bu'uuraa adda baafachuufi itti fayyadamuu yoo ta'u, caasaaleen xixiqqaa immoo, garee jecha bu'uuraa kam akka ta'e agarsiisudha.

Gilgaala 6

1. Caasaaleen gurguddaan galmeen jechootaa jechi bu'uraa maal akka bakka bu'uufi jechoonni bu'uraa akkamitti akka tartiibeffaman ilaaluudha.
2. Galmeen jechootaa tokko galmee jechootaa jedhamuuf caasaalee gurguddoofi xixiqqoo galmee jechoota hunda of keessatti hammachuu qaba.

Gilgaala 7

1. Seera jechi bu'uraa ittiin barreeffamu
 1. Jechi bu'uraa gurraacha'uun ykn halluu adda ta'een barreeffamuu qaba.
 2. Gara bitaatti siiqee barreeffamuu qaba.
 3. Haala tartiiba qabee afaanichaan barreeffamuu mala.
 4. Maqaa dhuunfaarraa kan hafe qabee xiqqaan barreeffamuu qabu.
2. Faayyadamtoonni jecha barbaadan haala salphaa ta'een akka argataniif gargaara. Akkasumas, fayyadamtoonni guutummaa jechoota afaanichaa unka isaa guutummaan miiratti akka mul'atuuf tajaajila.
3. _____
4. Galmee jechootaa tartiiba qubeen kaa'uun miidhaa mataasaa qaba. Kunis, galmeen jechootaa tartiiba qubeen kaa'uun jechoota garee xiinjechaa jalatti ramadan gargar baasee kaa'a. Fakkeenyaaaf, jechi 'al iddilee' jedhuuifi 'idilee' jedhu garee jechaa tokko yoo ta'aniyyu yeroo tartiiba qubeetiin barreeffaman bakka adda addaatti dhufu.
5. Bu'aan galmeen jechootaa jechoota bu'uraa tariiba qubeetiin kaa'uu:
 1. Tartiiba qubeetiin kaa'uu gaariifi garii ta'uu dhiisuu isaa adda baafachuu.

2. Fayyadamtoonni tartiiba qubeetiin akka qophaa'ú barbaadaniifi hinbarbaadne jirraachuu isaanii adda baafachuu.

Gilgaala 8

1. Caasaalee xixiqqaa gal mee jechootaa jechuun odeeffannoo jecha bu'uuraa booda dhufan huda kan hammatudha.
2. Qabxiileen caasaalee xixiqqaa galmeen jechootaa qabaachuu qabu sagaleessuu, odeeffannoo seerlugaa, hiika jechootaa, hundee jichi irraa dhufe, jecha moggoo ykn fallaa, fakkii, ibsaa, walbira qabbiifi kkf.

Gilgaala 9.

1. Fayidaan kutaan fuulduuraa gal mee jechootaa haala itti fayyadama gal mee jechootaa sana itti fayyadamtootaaf qajeelfama kennuudha. Qajeelfamni kun baay'een isaa tokkoo tokkoo kutaa gal mee jechootaa kan akka jecha bu'uuraa, birsaga, sagaleessuu, unkaa horsiisaa, madda jechootaa, hiika walfakkaataafi yaadannoo haala itti fayyadamaafi kkf ibsa kenna
2. Faayidaan Qaama gal mee jechootaa odeeffannoон waa'ee haala qubeeffama sirrii jechoota bu'uuraa hundaa, sagaleessuu sirrii jechoota bu'uuraa, ga'ee tokkoo tokkoon jechoonni bu'uuraa hima kessatti qabaniifi uumama isaanii, hiikaafi kkf kenna.
3. Faayidaaleen dabalee gal mee jechootaa odeeffannoo waa'ee xumuraa, gabaajeeawan beekamoo, uumama jechootaa, wantoota lakkofsaan ibsamani, safartuuwwan, maqaalee biyyaa/bakkawwaniifi kkf kennuudha.

Gilgaala 10

1. Ulaagaleen gal mee jechootaa quoduuf barbaachisan keessaa muraasni.
 - a) Bal'ina jecha bu'uuraa -kunis, tarreeffamni jechoota qophaa'anii kan walii gala ykn murtaa'aanfi dhimma adda ta'uu ilaaluudha.

- b) Baay'ina Afaanota ittiin barreeffamee – innis galmeen jechaa sun aflame ykn afsadeen barreeffamuu isaa kan ilaallatudha.
 - c) Tartiiba jechoonni itti dhiyaatan – kun immoo galmeen jechootaa qophaa'u tartiiba qabee, hiikaan ykn sababaafi bu'aan ta'uusaa kan ilaallatudha.
2. Hirkoo – barreessaan galmeen jechootaa kanaa ulaagaalee galmee jecha qooduuf gargaaran keessaa bal'inaan jecha bu'uraa irratti hundaa'eeti. Kunis, jechoota waa hundaa bal'aa ta'an hedduutti waan gargaaramee fidha.
3. _____

Gilgaala 11

1. _____
2. Galmee jechootaa gosa garaagaraaa qopheessuun kan barbaachiseef fedhiin dhala namaa bal'aafi adda adda waan ta'eef, gosti galmee jechootaa tokko qofti fedhii dhala namaa hunda guutuu waan hindandenyeef galmeen jechootaa gosa adda addaatu qophaa'uuf barbaachise.
3. Sababni addaa addummaan kun hin hubatamiin ture galmeen jechootaa hundi faayidaa tokko yookiin walfakkaataa qabu jedhamee waan amanamaa tureef.

Gilgaala 12

1. Qabiyyeen galmee jechootaa xiinqooqaa odeeffannoo waa'ee jechootaafi sagaleessuu, hiika, maddafi garee jechaa dabalata.
2. Qabiyyeen galmee jechootaa waahundaa maqaa namootaa bakkawwaniifi gochaalee ogbarruu, dameewwan beekumsa dhala namaa maqaalee bineensotaa, biqilootaa, bakkawwan seenaafi kkf ibsuurratti xiyyeeffata.
3. _____
4. _____

Gilgaala 13

1. Tokkummaan gal mee jechootaa seenaafi maddaa lamaanuu dhufaatii ykn madda jechootaa dhiyeessu. Garaagarummaan isaanii immoo, galmeen jechoota seenaa haala dagaagina ykn guddina jechootaa, haala unkaafi hiikaan qaama jechaa adda ta'e galmeessee yoo kaa'u, galmeen jechootaa maddaa immoo, madda jechootaa ammayyaafi unka madda isaanii duraaniirratti xiyyeffannoo kenna.
2. Galmeen jechootaa seenaafi maddaa qooduuf ulaagaleen barbaachisoo ta'an bal'ina jecha bu'uraa, haala yeroofi kaayyoodha.

Gilgaala 14

1. Xiyyeffannoon gal mee jechootaa waliigalaa jechoota afaan tokkoo ykn saba tokkoo keessa jiru qofa ibsuurratti kan xiyyeffatu.
2. _____

Gilgaala 15

1. Galmeen jechootaa dhimma murtaa'aa jechuun gal mee jechootaa fayyadamaafi madaallii tajaajila afaan tokkoo dhimma murtaa'aaf qaburratti kan xiyyeffatudha. Kunis, gal mee jechoota looga naannoo tokkoo, gal mee jechootaa waliin deemanii, hiikaafi walitti dhufeenyaa gal mee jechoota murtaa'aa ofkeessatti dabalata.
2. _____
3. Fakkeenya gal mee jechootaa dhimma murtaa'aa: gal mee jechootaa fayyaa, qonnaafi ogummaadha.

Gilgaala 16

1. Galmeen jechootaa looga hawaasaafi naannoo jechuun gal mee jechootaa hawaasa naannoo tokko jiraatanii ykn afaan waalta'aa keessatti hinargamneef kan hiika kennudha.

2. Galmeen jechootaa amma yoonaatti Afaan oromoo qophaa'an keessaa kan galmeen jechootaa looga hawaasaa, naannoofi gochaalee dhala namaa ilaalan:
 - Galmeen jechoota aadaa 'Booranaa'
 - Galmee jechootaa 'Sirna Gadaa'
3. Galmee jechootaa lakk.2 keessatti ka'an kan aadaa, kan nyaataa, sirna amantaa dabalachuu danda'u.

Gilgaala 17

1. Galmeen jechoota garee jechuun galmee jechootaa jechoota hawaasni naannoo ykn bakka murtawaa tokko jiraatu itti fayyadamuuf kan hiika kennudha.
2. Gosooni galmee jechootaa garee ta'an galmee jechootaa qubeessuu, haala sagaleessuu jechoota uumamtee, hiika walfakkaatan qabanii, seerlugaa, jechoota qabee dhuma jechaarratti walfakkaataniin tarraa'aniifi galmee jechootaa gabaajewwaniidha.

Gilgaala 18

1. Galmeen jechootaa hiikaafi walitti dhufeenyaa kan jecha tokkoof hiika faallaa ykn walfakkaatan kaa'uu dha.
2. Galmeen jechootaa hiikaafi walitti dhufeenyaa gosa sadii ofkeessaa qaba.
 - 1) Galmee jechootaa hiika walfakkaatan qabanii. Kunis, galmee jechootaa jecha tokkoof hiika ta'uu danda'an kan tarreesee kaa'udha.
 - 2) Galmee jechoota fallaa, Galmeen jechootaa kun jechoota afaan tokko keessatti hiika faallaa waaliif ta'an dhiyeessa.
 - 3) Galmee jechootaa irra deddeebiin mul'atanii. Galmeen jechootaa kun kutaalee jechaa haasaa ykn barreffama keessatti irra deddeebiin mul'ataniif kan hiika kennudha.

Gilgaala 19

1. Galmeen jechootaa waliin deemanii jechuun galmee jechootaa jechoota jecha bu'uraa waliin deemanii hunda dhiyeessuun kan hiika kennudha.
Fakkeenyaaaf, jecha bu'uraa 'garaa' jedhuuf
garaa laafessa jechoonni laafessafi garaa dhabeettii
garaa dhabeetti kanneen jecha garaa jedhu waliin deemanidha.
2. Xiyyeeffannoon guddaan galmee jechootaa waliin deemanii garee jechoota yoo ta'u kunis, maqaa, xumuraafi maqibsaafi xumuribsaarratti qoffarratti xiyyeeffata.

Gilgaala 20

1. Galmee jechootaa addaa jechuun kan jechoota addaa ibsa gaaleewwanii, dubbii qolaa, jechoota haaraa afaan tokkoo kan ibsudha.
2. Xiyyeeffannoon galmee jechootaa addaa ibsa gaaleewwanii, dubbii qolaafi jechoota haaraa afaanicha keessatti argamaniidha.

Gilgaala 21

1. Gosooni galmee jechootaa haala guddina isaaniirratti hundaa'uun bakka sadiitti qoodamu. Isaanis:
 - a) Galmee jechootaa guddaa kan bakka tokkoo bakka birraatti baatamee hin deemnedha.
 - b) Galmee jechootaa gidduu galeessaa galmeen jechootaa kun baay'ina jechootaa gidduu galeessa ta'e kan ofkeessatti hammatu ta'ee kan baatamee deemamuu danda'udha.
 - c) Galmee jechootaa xiqqaa kun immoo kan xiqqaa t'eefi jechoota lakkofsaan muraasa ta'an kan qabatedha.
2. Galmee jechootaa guddaa -'Encyclopedia' galmee jechootaa gidduugaleessaa- 'Oxford advanced learners Dictionary.'

Gilgaala 22

1. Galmeen jechootaa afaan dhalootaa namoota afaan sanatti afaan hiikataniif kan qopha'u
2. Galmeen jechootaa barattootaa ykn afaan lammaffaa namoota afaan sana akka afaan lammaffaatti ykn afaan alaatti barataniif qophaa'a.
3. Tokkummaan galmee jechootaa afaan dhalootaafi galmeen jechootaa barattootaa lamaanuu waa'ee jechootaa odeeffannoo adda addaa kennuu isaanii yoo ta'u, garaagarummaan isaanii qabiyyeen isaanii garaagara ta'uu dha. Fakkeenyaaaf, sagaleessuun galmee jechootaa afaan dhalootaa keessatti hedduu barbaachisaa ta'uu dhiisuu danda'a. Akkasumas, galmeen jechootaa barattootaa namoota afaan sana akka afaan lammaffaatti barataniif kan tajaajiludha.
4. Galmeen jechootaa waahundaafi xiinqoqaa waagaalee galmee jechootaa qooduuf barbaachisan keessaa irra caalaatti bal'ina jechaa bu'uraa kaayyoofi haala fayyadamtootaarratti hundaa'uun.
5. Qabxiileen galmee jechootaa waahundaafi xiinqooqaa adda taasisan , galmeen jechootaa waahundaa, galmee jechootaa xiinqooqaa of keessatti hammachuu danda'a. Kana malees, galmeen jechootaa xiinqooqaa dhimma xiinqooqaa waliin wal qabatanirratti yoo xiyyeefatu, galmeen jechootaa waahundaa immoo wantoota adda addaa kanneen xiinqoqaa ala ta'anis ni dabalata.

Gilgaala 23

1. Tokkummaan galmeen jechootaa aflameefi aftokkee jechoota ykn gaaleewwan afaan tokko keessa jiraniif hiikaafi odeeffannoo adda addaa kennu yoo ta'u,

garaagarummaan isaanii immoo, galmeen jechootaa aftokkee jechoota afaan tokkoo afaanuma sanaan kan hiiku yoo ta'u galmeen jechootaa aflame immoo afaan tokkooraa gara afaan biraatti jijiiree hiika jechootaa kan kaa'udha.

2. **Bu'aa** galmee jechootaa aflamee hiika jechootaa haala salphaa hubachuu danda'amuun kaa'a; hiika jechoota hedduu dhiyeessa; nama afaan biraa baruuf tajaajila.

Miidhaan isaa immoo, hiikaa kallattiin waan kennuuf aadaa afaan hiikni itti kennamuu faallessuu danda'a.

3. **Bu'aan** galmee jechootaa aftokkee ibsaafi hiika haala salphaan kennuu. Akkasumaas, odeeffannoo gadifageenyaa fakkeenyota adda addaan mirkaneessee kenna. Itti dabalees,, afaan keessa liqinfamanii barachuuf afeera.

Midhaan isaa immoo, jechoota baay'ee ta'aniif hiika kennee hindhiyeessu. Akkasumas, dandeettii jechootatti fayyadamuu xiqqeessa.

4. Elellee, Jaamboo, Hirkoo, Oromoo, English Dictionary, English Oromo Dictionary

Aftokkee	Aflamee	Afsadée
Galmee jechoota Afaan	Oromoo English Dictionary	Elellee
Oromoo Afaan Oromo qophaa'e	English Oromo Dictionary	Hirkoo Jamboo

Gilgaala 24

1. **Tokkummaan** galmee jechootaa aftokkeefi aflame barattootaa akkaataa sagaaleessuu, qubeessuu, kennu. Akkasumas, lamaanuu afaan lammaaffaa ykn olaa itti barachuuf gargaaru. Itti dabalees, ibsa jechoota bu'uuraa kaa'u; xiinhima jechichaa kaa'uu; tarreeffama jecha bu'uuraafi ibsa ga'aa waliin kaa'u.

2. **Garaagarummaan** isaanii immoo galmeen jechootaa aflame jijjiirraa afaanii waan qabuuf, barattooni afaan lammaaffaa akka hubataniif odeeffannoo ga'aa kenna. Galmeen jechootaa aftokkee immoo, gama kanaan faayidaa xiqqaa qaba. Kanneen malees, galmeen jechootaa aftokkee fayyadamtotaaf hiika jechootaa gaarii yoo kenu, galmeen jechootaa aflame barattootaa immoo afaan tokkoo gara afaan birootti hiikuuf tajaajila guddaa kenna.

Gaaffilee of Madaallii

1. Namoonni adda addaa fedhii adda addaa waan qabaniif galmee jechootaa garaagaraa barbaadu. Kanaaf, galmee jechootaa garaagaraa qopheessuu fedhiifi barbaacha namootaa bakka ga'uuf gargaara. Akkasumaas, odeeffannoon galmee jechootaa tokko keessatti argamu galmee jechootaa kan biro keessatti waan hinargamneef inni tokko hanqina isa tokkoo guutuuf gargaara.
2. Ulaagaaleen galmee jechootaa quoduuf tajaajilan
 - a) Bal'ina jecha bu'uuraa
 - b) Baay'ina afaanota ittiin barreeffamee
 - c) Amaloota jechoota galmee jechootaa sanaa
 - d) Haala yeroo.
3. Gosoонни galmee jechootaa hedduudha. Kanneen keessaa muraasinii, galmee jechootaa waahundaafi xiinqoqaa, galmee jechootaa walii galalaa galmee jechootaa seenaafi maddaa, galmee jechootaa dhimma murtaa'aa, galmee jechootaa aftokkeefi aflame.
4. _____
5. Galmeen jechootaa Afaan Oromoofi gosni isaanii akka armaan gadiitti dhiyaataaniiru.

Galmee jechootaa

- Elellee
- Hirkoo
- Jaamboo

Gosa

- | | |
|-----------|-----------|
| ➤ Elellee | Waahundaa |
| ➤ Hirkoo | Waahundaa |
| ➤ Jaamboo | Waahundaa |

6. Kutaaleen galmee jechootaa sadiit jiru. Isaanis,
 - a) Kutaa fuulduraa :kan qajeelfama haala itti fayyadamaafi odeeffannoo adda addaa kennudha.
 - b) Qaama galmee jechootaa: kutaa kun odeeffannoo sagaleessuu, akkaataa caagochaa, garee jechaa kenna.

Boqonnaa 3

Gilgaala 1

1. Qabiyyeewan galmee jechootaa tokko qabaachuu danda'u:
 - jechoota bu'uraa
 - akkaataa qubeessuu
 - akkaataa sagaleessuu
 - garee jechaa
 - Xiinjecha
 - xiinhima yookiin caashima
 - ibsa jechootaa/gaaleewwanii
 - fakkeenya haala itti fayyadamaa
 - jechoota waliin deemanifi jechamoota garaa garaa xiinhiika
 - akka yaadni tokko caalaatti ifa ta'uuf meeshaalee deeggarsaa tokko tokkotti dhimma ba'uu
 - ibsa madda jechoota afaan birooraa ergifatamanii galmee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba'amaniifi kkfdha.
2. Galmeen jechootaa hundi qabiyyeewan gaaffii tokkoffaa irratti tarreeffaman hunda yookiin muraasa ofkeessatti hammachuu danda'a yommuu jedhu gosti galmee jechaa hunda isaa hammachuu danda'uakkuma jiru kan muraasa isaanii qofa hammatu ni jira jechuudha. Kanaaf, galmeen jechootaa hundi qabiyyeewan kanneen mara hammachuun dirqama miti.

Gilgaala 2

1. Faayidaa qubeessuufi sagaleessuun galmee jechootaa keessatti qabu fayyadamtoonni galmee jechootaa odeeffannoo haala

jechoonni afaanicha keessatti tajaajilan itti qubeffamaniifi itti sagaleeffaman akka argatan gargaara.

2. Galmeewan jechootaa odeeffannoo sagaleessuu hinkennine afaanota akka barreeffamanitti sagaleeffamanidha. Fakkeenyaaf, galmeen jechootaa ‘Spanish’ yookiin ‘Finnish’ fi Afaan Oromoo odeeffannoo sagaleessuu hinqaban. Sababni isaas haalli jechoota afaanota kanneenii itti sagaleeffaman muraasa isaaniirraa kan hafe akka barreeffamanitti waan ta’eef.

Gilgaala 3

1. Kaayyoon kutaa madda jechootaa jechi bu’uraa gal mee jechootaa tokko afaan kamirraa akka dhufe agarsiisuudha.
2. Hangi ibsa madda jechootaa bal’ina gal mee jechootaa sanarratti hundaa’ a yommuu jedhu baay’inni ibsa madda jechootaa guddina gal mee jechootaa sanarratti hundaa’ a jechuudha. Fakkeenyaaf, gal mee jechootaa xiqqa keessatti ibsi madda jechootaa muraasni yommuu hammatamu, gal mee jechootaa guddaa keessatti garuu ibsa madda jechootaa baay’eetu hammatama.
3. Faayidaan madda jechootaa gal mee jechootaa keessatti hammachiisuun jechi bu’uraa gal mee jechootaa tokko afaan kamirraa akka dhufe agarsiisuuf tajaajila.

Gilgaala 4

1. Odeeffanno seerlugaa gal mee jechootaa keessatti hammatamuu qabuu:
 - Hormaata jechi tokko qabaachuu danda’u
 - Uumama jechaa
 - Garee jechaa
 - Haala itti fayyadama jechoota afaanichaa
 - Amala caasimaa (syntactic nature), fakkeenyaaf, ceyaafi ceelaa (active and passive), darbeeyyiifi miti darbeeyyii (transitive and intransitive) kennamuu qaba.

2. Jechoonni Afaan Oromoo karaa lamaan uumamuu danda'u.

Isaanis:

- a) Maxxanfachuufi
- b) Walitti makuunidha.

a) Maxxanfachuuu: jechoonni Afaan Oromoo gariin isaanii dhamjechoota hirkatoo dhamjechoota ofdanda'ootti maxxansuun uumamu.

Fakkeenyaaf,

Dhamjecha ofdanda'aa Dhamjecha hirkataa Jecha uumame

Diim-	-ina	diimina
Nyaat-	-a	nyaata
Nama	-ummaa	namummaa

b) Walitti makuun: jechoota hiika adda addaa qaban lamaafi isaa ol walitti dabsuun kan uumamudha.

Fakkeenyaaf,

Jechoota walitti makaman

Xiinxala +sagalee	
Saree + diida	
Xiinxala + dhama + sagalee	
Haadha + biddeena	

Jecha uumame

xiinsaga
sardiida
xiindhamsaga
haadha biddeenaa

3. Rakkoleen uumama jechaa leeksiikoogiraafii jechoota galmee jechootaa tokko keessatti hammatamuu qaban filachuufi haala dhiyeessa jechoota kanneeniti.

4. Gareen jechootaa walhoruu danda'an

- Maqaa
- Maqibsaafi
- Xumuradha.

Maqaa

Fakkeenyaaf,

Dhamjecha ofdanda'aafi hirkataa

Jecha horame

Nama + -oota	namoota
Laga + -een	lageen
Maqibsa	
Fakkeenyaaf,	
Maqibsa	
Diimaa	diddiimaa
Gurraacha	gugurraacha
Xumura	
Fakkeenyaaf,	
Dhamjecha ofdanda'aafi hirkataa	
Nyaat- + -e	nyaate
Nyaat- + -an	nyaatan
Nyaat- + -tan	nyaattan
5. _____	
6. Amaloonni xumuraa xiinhima galmee jechootaa keessatti mul'achuu danda'an:	
➡ Ceyaafi ceelaafi	
➡ Dabareeyyiifi dabarmaleeyyiidha.	
Himni tokko yoo irraawwatama qabaate ceyaa yommuu jedhamu, yoo irraawwatama hinqabu ta'e immoo ceelaa jedhama.	
Fakkeenya,	
1. Inni buna dhuge. (Hima ceyaa)	
2. Inni du'e. (Hima ceelaa)	
Gama biroon immoo yoo gochi raawwatame irraawwatamarratti ta'e xumura darbaa yomuu ta'u, yoo mathimicharratti kan raawwatame ta'e immoo xumura mitidarbaa jedhama.	
Fakkeenyaaf,	
1. Isheen buna <u>tumte</u> . (darbaa)	
2. Isheen <u>duute</u> . (miti darbaa)	
7. Seerlugni waliin deeman garee jechootaa waliin socho'an ta'anii kan jecha mataa ta'e (kan akka maqaa, xumuraafi maqibsa) fi	

jecha seerluga agarsiisu (kan akka durduubee) ofkeessaa qabudha.

Fakkeenyaaf,

- Mana keessa
- Goorroo duuba...

Jechoonni waliin deeman immoo jechoota walqixxee ta'an lamarraa kan ijaaramudha.

Fakkeenyaaf,

- Gurra buusuu
- Miila gabaabbachuu
- Funyaan dhaabuu...

8. Jechama jechuun haala dubbii kan hiikni isaa jechoota walitti qindaa'an irraa adda ta'e qabu yookiin walitti dhufeenyaa jechoota lamaafi isaa ol ta'an kan hiikni isaa jechoota walitti qindaa'an irraa gargar ta'edha.

Fakkeenya,

- Gurra guddeessa
- Funyaan butuu
- Garaa raasuu...

Gilgaala 5

1. Faayidaan odeeffannoo seerlugaa gal mee jechootaa keessatti hammachiisuu barataan afaanii tokko mataasaatiin afaan baratu sanaan hima sirriifi fudhatama qabu akka ijaaru gargaara.
2. Odeeffannoona jecha bu'uuraa gal mee jechootaa keessatti hammatamuu qabuu:
 - Haala qubeessuu jecha bu'uuraa
 - Qoodinsa birsagaa
 - Jecha haaraa ta'uufi dhiisuudha.

Gilgaala 6

1. Odeeffannoona waliigalaa gal mee jechootaarraa argamuu qabu:

- Odeeffannoo jecha bu'uuraa
- Odeeffannoo xiinsagaa
- Hiika kennuu
- Odeeffannoo seerlugaa
- Odeeffannoo haala dubbii

Gilgaala 7

1. Odeeffannoo biroo gal mee jechootaarrraa argaman dabaleewwan, odeeffannoo aadaa afaan ittiin barreeffamee, wabiilee seerlugaa adda addaa, gabateewwaniifi fakkilee, akkaataa xalayaa, akkaataa iyyata barreessuu, akkasumas, odeeffannoo seerlugaa biroo kanneen akka xumura darboo (xd.), xumura mitidarboo (xmd.), hedduu (hed.)fi qeentee (queen.)fi kkfdha.

Deebiwwan Gaaffilee Ofmadaallii

1. Qabiyyeewwan gal mee jechootaa tokko qabaachuu danda'u:
 - jechoota bu'uuraa
 - akkaataa qubeessuu
 - akkaataa sagaleessuu
 - garee jechaa
 - Xiinjecha
 - xiinhima yookiin caashima
 - ibsa jechootaa/gaaleewwanii
 - fakkeenyaa haala itti fayyadamaa
 - jechoota waliin deemaniifi jechamoota garaa garaa xiinhiika
 - akka yaadni tokko caalaatti ifa ta'uuf meeshaalee deeggarsaa tokko tokkotti dhimma ba'uu
 - ibsa madda jechoota afaan birooraa ergifatamanii gal mee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba'amaniifi kkfdha.
2. Odeeffannoona seerlugaa gal mee jechootaa keessatti hammatamuun qabuu:
 - Hormaata jechi tokko qabaachuu danda'u

- Uumama jechaa
 - Garee jechaa
 - Haala itti fayyadama jechoota afaanichaa
 - Amala caasimaa (syntactic nature), fakkeenyaaaf, ceyaafi ceelaa (active and passive), darbeeyyiifi miti darbeeyyi (transitive and intransitive) kennamuu qaba.
3. Odeeaffannoon waliigalaa gal mee jechootaarrraa argamuu qabu:
- Odeeaffannoo jecha bu'uuraa
 - Odeeaffannoo xiinsagaa
 - Hiika kennuu
 - Odeeaffannoo seerlugaa
 - Odeeaffannoo haala dubbii
4. Odeeaffannoo biroo gal mee jechootaarrraa argaman dabaleewwan, odeeaffannoo aadaa afaan ittiin barreffamee, wabiilee seerlugaa adda addaa, gabateewwaniifi fakkilee, akkaataa xalayaa, akkaataa iyyata barreessuu, akkasumas, odeeaffannoo seerlugaa biroo kanneen akka xumura darboo (xd.), xumura mitidarboo (xmd.), hedduu (hed.)fi qeentee (queen.)fi kkfdha.
5. Faayidaan odeeaffannoo seerlugaa gal mee jechootaa keessatti hammachiisuu barataan afaanii tokko mataasaatiin afaan baratu sanaan hima sirriifi fudhatama qabu akka ijaaru gargaara.
6. Faayidaan odeeaffannoo madda jechootaa gal mee jechootaa keessatti hammachiisuun jechi bu'uuraa gal mee jechootaa tokko afaan kamirraa akka dhufe agarsiisuuf tajaajila.

Boqonnaa 4

Gilgaala 1.

1. Wantoonni gurguddaan gal mee jechootaa qopheessuuf barbaachisan:

- Jechoota bu'uuraa filachuu
 - Madda ragaa jechoota bu'uuraa adda baafachuu
 - Jechoota bu'uuraa barreessuu
2. Qophii gal mee jechootaa keessatti maddi raga gurguddaan jechoota bu'uuraa:
- Galmee jechootaa duraan qophaa'anii
 - Waan waraabamee jiruufi
 - Kompiiteradha.
3. Gal mee jechootaa dhuunfaan qopheessuurra gareen qopheessuun filatama. Sababni isaas gal mee jechootaa gareen qopheessuu keessatti namoota ibsa jechootaa gal mee jechootaa irratti leenjii garaa garaa qabantu irratti hirmaata. Fakkeenyaaaf, qophii gal mee jechootaa baay'ee keessatti namoota sagaleessuu, madda jechootaa, jechoota dhimma murtaa'aafi kan biroo irratti leenjii addaa qabantu qooda fudhata.

Deebiwwan Gaaffilee Ofmadaallii

1. Hojii qophii gal mee jechootaa keessatti murtiin karooraan dura fudhatamuu qabu
 - Waa'ee namoota gal mee jechootaa sanatti gargaaramaniiti. Fakkeenyaaaf, gal mee jechootaa daa'imman wagga 7 hanga 10tti jiraniif qopheessuu jechuun murteessuudha.
 - Haala gabaa adda baasuufi
 - Bal'ina gal mee jechootaa sana murteessuudha.
2. Qophii gal mee jechootaa keessatti murtiwwan yeroo karooraan fudhatamuu qaban:
 - Caasaalee gurguddaafi caasaalee xixiqqa gal mee jechootaa maal akka fakkaachuu qabu irratti murtiin kennamuu qaba. Caasaalee gurguddaa keessatti warri hammataman tarreeffama tartiiba qubee jechoota bu'uuraa kanneen akka makoo, hiika jechootaa uumamanii, maxxantootaafi

akkamitti akka maxxanan kan ofkeessatti hammatee, akkasumas, gabaajeewwaniifi yoo galmeen jechichaa kan ofkeessatti hammachuu barbaadu ta'e kanneen akka maqaalee namootaafi bakkawwaniitu hammatama.

Caasaalee xixiqqaa keessatti immoo odeeffannoo jechoota bu'uuraa keessatti hammatamuu qabanii, akkasumas, unkaafi tartiiba isaa irratti murtiin kennamuu qaba. Fakkeenyaaaf, sagaleessuun jechoota bu'uuraa hundaaf kennamuu qabaa? Tooftaa sagaleessuuakkamiitus dhimma itti ba'amaa? Caagochi jechootaa haala kamiin agarsiifamaa? Gama itti fayyadama afaniin afanichi haala akkamiin dhimma itti ba'ama? Akkasumas, qajeelfamni biroon dhimma itti fayyadama afanichaa ilaachisee ni kennamaa? Fakkeenyaaaf, madda jechootaa irratti odeeffannoo hangamiitu kennamaa? Agarsiistota jechichi yoom gara afanichaa akka dhufe mul'isan ofkeessatti hammataa? fi kkf ta'uu danda'a.

3. Wantoonni gal mee jechootaa qopheessuuf barbaachisoo ta'an:

- Jechoota bu'uuraa filachu
- Madda ragaa jechoota bu'uuraa adda baafachuufi
- Jechoota bu'uuraa barreessuudha.

4. Rakkoleen gal mee jechootaa qopheessuu keessatti nama mudatan:

- Bakka: Gal mee jechootaa kam keessattuu bakki rakkoo guddaadha. Sababni isaas hanga haguuggii jechoota gal mee jechootaafi bal'ina hiikaa waan murteessuuf
- Jechoota tokko tokkoof hiika kenuun rakkisaa ta'uu: gal mee jechootaa qopheessuu keessatti jechoota tokko tokkoof hiika kenuun baay'ee ulfaata. Kun immoo qophii gal mee jechootaarratti rakkoo uuma.

- Jechoota gal mee jechootaa tokko keessatti hammatamuu qabanii filachuufi haalli dhiyeessa isaaniis namoota gal mee jechootaa qopheessaniif rakkoo guddaadha.

Boqonnaa 5

Gilgaala 1

1. Adeemsa gal mee jechootaa madaaluufi sakatta'uu (reviewing)n gal mee jechootaa qeequu jedhama.
2. Dhimmi inni guddaa gal mee jechootaa qeequu keessatti hubatamuu qabu qajeelfamootaa fi qabxiilee/ ulaagaa gal mee jechootaa qeequuf nugargaaran adda baasanii lafa kaa'uu danda'uudha .

Gilgaala 2

1. Tooftaa iddattoo taseen (random sampling technique) gargaramuu waa filuu jechuun miseensota filmaataaf dhiyaatan hundi carraa walqixa ta'e bifaa qabaniin miseensota bakka bu'oo ta'an qofaa filuu jechuudha.
2. Jechooti bu'uuraa gal mee jechoota keessaa tooftaa iddattoo taseen edda filatamanii boodatti qabxiilee isaan ittiin madaalamuu qaba:
 - *Sirrummaa (accuracy)*
 - *Guutummaa (completeness)*
 - *Ifummaa (clearness)*
 - *Salphummaa(simplicity) fi*
 - *Ammayyummaa (modernity) dha.*

Gilgaala 3

1. Yaadota ammaa amma irra deddeebi'anii dhufan ittiin bakka buusuu fi akka waliigalaatti ammo bakka qusachuuf bayyee kan gargaarudha.

2. Galmeen jechootaa mala/tooftaa mana shimbirroon dhiyeessan
COD fi Chambers Dictionary dha.

Deebiwwan Of-madaallii- I

1.

- Walqixxummaa jechootaa (Equivalents)
- Kallattiin agarsiisuu danda'uu (Directionality)
- Tartiiba qabee (Alphabetisation)
- Irra deddeebii (Redundancy)
- Uffisa (coverage)
- Itti fayyadamummaa/hammayummaa (currency)
- Amanamummaa (reliability)

2. Hunda dura galmee jechootaa sakatta'uun adeemsa kitaabolee
biro sakatta'uurraa adda ta'uun isaa hubatamuu qaba.
Sababnisaas, namni galmee jechootaa sakatta'u tokko jechoota
galmee jechootaa keessatti argaman hunda qayyabachuuykn
dubbisee waliin gahuu hindanda'u. kunis, galmeewwan
jechootaas yeroo baayyee guguddoo fi babal'oo waan ta'aniifdha.
Kanaaf jennaan, sakatta'aan galmee jechootaa tokko iddattoo
jechoota bu'urraa fudhachuun jechoota murtaa'oo taa'an
kanarratti hundaa'uun akka madaalu taasifama.

3.

- Looga ni hambisa: Jechoota filatamuu qaban ofiin filuurraa
bilisa nama godha.

*“Random sampling of entries ensures that a reviewer does
not look for a Predetermined list of favorite items”*

- Galmeen jechootaa tokko gadfageenyaan sakatta'amuu isaa
nimirkaneessa.

4. Jechoota bu'uuraa gara garaa atattamaan baafachuu/ Yookiin jechoota hiika hedduu
qaban saffisaan adda baasuu nama dandeessisa.
5. **a.** Inni tokko gal mee jechootaa keessatti hiikkaan yookiin odeeffannoon jecha tokkoof
kennamu gahaa (*adequacy of information*) ta'uusaa mirkaneessuu.
- b.** Akkaataatti jechoonni ibsaman dubbisaa abdatameef galma ga'uu (*stylistically appropriate for the intended reader*) danda'uu

Of-madaallii- II

- | | |
|-----------|-----------|
| 1. Dhugaa | 6. Soba |
| 2. Dhugaa | 7. Soba |
| 3. Soba | 8. Dhugaa |
| 4. Soba | 9. Soba |
| 5. Dhugaa | 10. Soba |